

Yuniversiitii Jimmaa

Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Humaanitiitti

Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Sakatta'a Haala Itti Fayyadama Galme'e Jechootaa Afaan Oromoo

Qayyabannaa Barnoota Afaan Ingilizii Barattoota Manneen

Barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa

Anuwaar Mabraatuutiin

Jimma, Oromiyaa

Hagaya, 2021

**Sakatta'a Haala Itti Fayyadama Galmee Jechootaa Afaan Oromoo
Qayyabannaa Barnoota Afaan Ingilizii Barattoota Manneen Barnootaa
Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa Irratti Kan Xiyyeeffatedha.**

**Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa(MA) Barnoota Afaan
Oromoo fi Ogbarruu Barsiisuutiin Guuttachuuf Kolleejjii Saayinsii Hawaasaa
fi Humaanitiitti Damee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruutiif Dhiyaate.**

Gorsaa : Cimdii Waaqumaa(Asociate,Prof)

Gargaaraa Gorsaa :Taaddasaa Hirphaa

YUNIVARSIITII JIMMAATTI

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa(MA) Afaan Oromoo fi Ogbarruutiin gamisaan guuttachuuf Anuwaar Mabraatuutiin, mata duree: Sakatta'a Haala Itti fayyadama Galme'e Jechootaa Afaan Oromoo Qayyabannaa Barnoota Afaan Ingilizii Barattoota Manneen Barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa keessatti: jedhurratti xiyyeeffachuun qophaa'e kun sadarkaa ulaagaa Yuniversiitiin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallataa _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamtoota Muummee ykn Walitti qabaa Sagantaa Digirii Lammaffaa(MA)

Waraqaa Mirkaneeffannaa

A) Ani qorataan maqaafi mallatoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan duras yuniversiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan dhiyaanne ta'uusaa, akkasumas, wabiilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhadhee, wabii keessatti kaa'uu koo nan mirkaneessa

Maqaa Anuwaar Mabraatuu

Mallatoo_____

Guyyaa_____.

Gorsaa :Cimdii Waaqumaa(Ass. Prof.)

Mallatoo_____

Guyyaa_____

Gorsaa Gargaara: Taaddasaa Hirphaa

Mallatoo_____

Guyyaa_____

Axareeraa

Kaayyoon waraqaa qorannoo kanaa,haala itti fayyadama Galmee Jechoota Afaan Oromoo qayyabanna Barnoota Afaan Ingilizii barattoota manneen barnoota Saqqaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa'inaa keessa jiru,sakattaa'uun ibsuudha. Qorannoon kun,mala makaa (akkamtaafi hammamtaa)tiin geggeeffame.Kayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf,meeshaalee odeeffannoowwan ittiin funaanaman keessaa kanneen akka bargaaffii,afgaaffii fi daawwannaan daree hojiirra oolanii jiru. Kanamalees,bargaaffilee yaanni isaanii walfakkaatan barattoota 112 fi barsiisota 10f raabsuun hundaisaanii harkaa funaanee deebii isaan kennan lakkoofsa deebistootaa gabateerratti ,dhibeentaatti erga jijjiireen booda, yaanni waliigalaa deebii isaanii maal akka fakkaatu madaallii qabxii olaanaatti fayyadamuun hiika ittikenneera. Akkasumas,qoratichi afgaaffileedhaf immoo,odeeffannowwan daawwannaa dareefi bargaaffiiitiin argame qulqulleffachuuf barattoota 6 gaafatee mirkaneeffateera. Walumaagalatti,odeeffannoon qorannoo kanaa,malleen hammamtaafi akkamtaan(makaan)tiin ibsame. Argannoon qorannoo kanaas,barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti argaman keessaa baayyeen isaanii yeroo baayyeef qabiyyeen Barnoota A/ Ingiliii gara A/Oromootti hiikamee akka dhiyaatuuf gaafachuun isaanii qabatama argateera, Kanamalees,rakkoon barattoota baayyee manneen barnoota kanaa akka qabiyyeen barnootichaa gara afaan dhalootaa isaaniitti akka hiikamuuf kan gaafataniif sababa ulfaatina hiika jechootaa qabiyyee barnootichaatiif akka ta'e argannoon qorannoo kanaa ni ibsa. Gamabirootiin,Barattoonni manneen barnoota kanaa rokkoo isaanii kana,ofirraa maksuuf, baayyeen isaanii yeroo baayyeef G/ Jechoota A/ Oromoo aflameetti fayyadamuu akka jalqaban ragaa sassaabame irraa hubachuun danda'aameera. Dabalataanis,Barsiisonni A/ Ingilizii manneen barnootichaa,faayidaa G/ jechootaatti fayyadamuun qabuufi haala galumsa himaatiin fayyadamuun gahumsa ittifayyadamummaa hiika jechootaa barattoota kanaa dabaluuuf, darbee darbee carraaqaa akka jiran hubachuun danda'aamera.Akkasumas, Barattoonni manneen barnoota kanaas,baayyeen isaanii qayyabannaa qabiyyee Barnoota A/ Ingilizii keessatti faayidaa G/ jechootaatti fayyadamuun qabu hubachuun, galmee jechootaatti haalaan fayyadamuuf carraaquu akka jalqaban, ragaaa argame irraa hubachuun danda'aameera. Yaada furmaataa argannoo qorannoo kana keessatti kenname ilaachisee, barsiisonni A/ Ingilizii manneen barnootichaa barattoota komachuu qofa osoo hintaane,rakkoo barattoota kanaa adda baasuun,furmaata rakkoo kanaa ta'uu qabu. Kanamalees,Sababa barattoonni kun qabiyyeen barnoota Afaan Ingilizii gara A/Oromootti hiikamee akka dhiyaatuuf gaafatan kana adda baasuun rakkoo barattoota kanaa furuuf, xiffeffannoo guddaan irratti hojjachuu qabu. Akkasumas,Rakkoon barattoota baayyee manneen barnoota kanaa harki caalu rakkoo gahumsa hiika jechoota A/ Ingilizii ta'uun ragaa sassaabame irraa waan hubatameef, barsiisonni Afaan Ingilizii manneen barnoota kanaa rakkoo gama kanaa furuuf,cimsanii irratti hojjachuu qabu.Kanamalees,barsiisonni kun, barattoonni manneen barnoota kanaa G/ jechootaatti akka fayyadamanii fi gosoota G/ jechootaa barattoonni kun itti fayyadaman haala itti fayyadama isaatiin walqabatee qajeelfama barbaachisu kennuun barattoota kanaaf,kaka'umsa cimaa ta'e, uumuu qabu.

Galata

Waraqaa qorannoo kana jaqabaa kaasee hanga dhumaatti,keessumaayyuu,yeroo wixinee qorannichaa qopheessutti, yaadakoo naaf sirreessuun, yaada naafkennuufi karaa sirnaawaa naa agarsiisuun, yeroo isaanii aarsaa godhanii qorannoon kun sadarkaa kanarraa akka gahuuf kan na jajjabeessuun gorsa walirraa hincinne naaf kennuun na gargaaran, gorsitoota koo Cimdii Waqumaa(Associate Prof) fi Taddasaa Hirphaatiif, galannikoo guddaadha.

Ittiaansuun,carraa barumsaa kan naaf kenne,Yunivarsiitii Jimmaa,keessattuu,adeemsa baruufi barsiisuu keessatti na cinaa dhaabbatee haala naaf mijeessuun, kan na gargaare,Muummee Afaan Oromootiif galata guddaan qaba. Kanamalees,barreeffama qorannoo kanaarratti yaada naaf kennuufi najajjabeessuun kan na cinaa dhaabbate,hiriyaa koo B/Saa Taaddasaa Nugusee guddaan galateeffadha.

Dhumarrattis,manni barumsaa koo meeshalee qorannoo kana wayitan geggeessutti ,na barbaachisan ,hundumaa naaf gumaachuun na gargaareefi maatii koo galata isaanii tarreessee xumuruu hindandeenye,kan hojilee kamiinuu keessaatti haala naaf mijeessaniifi karaalee addaa addaatiin na gargaaruun na cinaa dhaabbatan hundaaf galata guddaan galchuufiin barbaada.

Qabiyyee	Baafata	Fuula
Axareeraa		1
Galata		ii
Baafata		ii
Baafata Gabateewwanii		v
Hiika Gabaajewwanii.....		vii
JIBSOO		vii
Boqonnaa Tokko: Seensa.....		1
1.1 Seenduubee Qorannichaa.....		1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa-----		10
1.3 Kaayyowwan Qorannichaa		11
1.3.1 Kaayyoon gooroo.....		11
1.4 Faayidaa Qorannichaa.....		12
1.5 Hanqina Qorannichaa.....		12
1.6 Daangaa Qorannichaa		13
2 Boqonnaa Lama Sakatta'a Barruuwwanii-----		14
2.1 Seenaa Barnoota A/I M/Barnootaa Sadarkaa 2 ^{ffaa} Biyya Keenyaa		13
2.2 Rakkoo Gahumsa H/J B/A/I barattootaa furuuf G/J n wal barsiisuufi odeeffanno kennuu-----		12
2.3 Maalummaa Galmee Jechootaa-----		12
2.4 Caasalee Gurguddoo Galmee Jechootaa		18
2.4.1 Jecha Bu'uuraa.....		19
2.5, Caasalee Xixiqqaa Galmee Jechootaa.....		20
2.5.1 Akkaataa sagaleessuu jechootaa		20
2.5.2 Odeeffannoo Caaslugaa-----		17
2.5.3 Hiika Jechootaa		21
2.5.4 Fufaa Darbaa		21
2.6 Kutaalee Galmee Jechootaa-----		18
2.6.1 Kutaa Duroo Galmee Jechootaa.....		22
2.6.1.1 Fuula Mata duree-----		19
2.6.1.2 Baafata-----		19
2.6.1.3 Duree-----		19
2.6.1.4 Galata-----		19

2.6.2. kutaa Gldduu Galmee Jechootaa-----	20
2.6.2.1 Dabalee-----	20
2.7 Ulaagaalee Galmee Jechootaa Qooduuf Gargaaran-----	21
2.7.1 Baayyina Jechoota Bu'uuraa of keessaa qabuun ittiin Qophahan-----	21
2.7.2 Baayyina Afaanota Ittiin Qophaa'u-----	21
2.7.3 Amala Jechoota Galmee Jechootaa Keessatti-----	21
2.7.4 Haala Yeroo-----	22
2.7.5 Tariiba Jechoonni itti Dhiyaatan-----	22
2.7.6 Kaayyoo-----	22
2.7.7 Haala Fayyadamtootaa-----	22
2.8 Gosoota Galmee Jechootaa-----	23
2.8.1 Galmee Jechootaa Waahundaafi Xiinqooqaa.....	27
2.8.2 Galmee Jechoota Seenaafi Maddaa.....	27
2.8.3 Galmee Jechootaa Waliigalaa	28
2.9 Galmee Jechootaa Aflameefi Aftokkee	30
2.9.1 Galmee Jechootaa Aflmee	30
2.9.2 Galmee Jechootaa Aftokkeefi Galmee Jechootaa Aflamee Barattootaa	30
2.10 Qabiyyee Galmee Jechootaa	33
2.10.1 Qubeessuufi Sagaleessuu	33
2.11 Faayidaa Galmee Jechootaatti fayyadamuun Qabu	34
2.12 Qajeelfama Haala Itti Fyyadama Galmee Jechootaa	37
2.13 Yaaxxina Qorannichaa-----	43
2.14 Sakatta'a Qorannoolee Walfakkii	41
3 Boqonnaa Sadii Saxaxaafi Mala Qorannichaa-----	44
3.1 Saxaxa Qorannichaa.....	43
3.2 Maddeen Odeeffannoo Qorannichaa.....	44
3.3 Iddattoo fi Malleen Iddatteessuu.....	44
3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman.....	45
3.5 Mala Qaaccessa Ragaalee	48
Boqonnaa 4: Dhiyeessafi Qaaccessa Ragaalee	489
4.1 Dhiyeessa Ragaalee	48
4.2 Qaaccessa Ibsa Bargaaffii,Afgaaffiifi Daawwannaa.....	50

4.2.1 Q/B/A/I Gara Afaan Oromootti Jijjiiranii Barsiisuu Irratti Yaada Jiru.....	50
4.2.2 Faayidaa Galmee Jechootaatti Fayyadamuun Barattoota Afaaniitiif qabu	57
4.2.3 Hubannoofi G/ H/J Qabaachuufi T/ B Ofdanda’anii H/ J/B Danda’ani Irratti Yaada Jiru.	60
4.2.4 Akkaakuu Galmee Jechootaa Barsiisuu	65
4.2.5 Qajeelfamafi Odeeffannoo Haala Itti Fayyadama G/J Irratti Hubannoo Laachuu.....	72
Boqonnaa Shan: Cuunfaa,Argannoofi Yaboo.....	76
5.1 Cuunfaa.....	76
5.2 Argannoo Qorannichaa	76
5.3 Yaboo(Yaada furmaataa)	77
Wabiilee	80
Dabalee A.....	86
Dabalee B.....	91
Dabalee C.....	96
Dabalee D.....	100

Baafata Gabateewwanii

Gabatee	Fuula
Gabatee 1: Ragaalee Duubee Barattoota Hirmaatanii-----	61
Gabatee 2: Ragaalee Duubee Barsiisota Hirmaatanii-----	61
Gabatee 3: Ragaalee Duubee Barsiisota Daawwatamanii-----	62
Gabatee 4: Qabiyyee B/A/I Gara A/O tti Hiikanii Barsiisuurratti yaada jir-----	63
Gabatee 5: Faayidaa G/ J tti Fayyadamuun Barattootaaf Qaburratti yaada Jiru-----	72
Gabatee 6: Hubannoofi Gahumsa Hiika Jechootaa Qabaachuufi Tooftaalee Barattoonni Ofiin hiika Jechootaa Barachuu Danda'an Barsiisuurratti Yaada Jiru-----	76
Gabatee 7: Gosoota Galmee Jechootaa Barattoota Barsiisuurratti Yaada Jiru-----	82
Gabatee 8: Qajeelfamaafi Odeeffannoo Haala Ittifayyadama Galmee Jechootaa ilaachisee, Hubannoo Kennuurratti Yaada Jiru-----	91

Hiika Gabaajewwanii

M.Q.O= Madaallii Qabxii Olaanaa

G.J= Galmee Jechootaa

B1= Barataa tokkoffaa,

B2= Barataa lammaffaa,

B3= Barataa sadaffaa,

B4= Barataa arfaffaa,

B5= Barataa shanaffaa

B6= Barataa ja'affaa

D.L= Deebii Lakkoofsaan

T.L= Tariiba Lakkoofsaa

D.T= Daawwannaa Tokkoffaa

D.L= Daawwannaa Lammaffaa

D,B.A.I= Daree Barnoota Afaan Ingiliffaa

Q.Q.B.A.I=Qayyabannoo Qabiyyee Barnoota Afaan Ingiliffaa

A.O=Afaan Oromoo

H.J= Hiika Jechootaa

JIBSOO

Afaan Oromoo

Afaan Ingilizii

Af heddee-----	Multi Lingual
Aflamee-----	Bilingual
Aftokkee-----	Monolingual
Akkamtaa-----	Qualitative
Baanuu-----	Qoutation
Barruu-----	Text
Ciicata-----	Input
Fufaa Darbaa-----	Cros-references
Giphiirraa-----	Pocket
Hammamtaa-----	Quantitative
Jamaa-----	Population
Od kennitoota-----	respondents
Yaadrimee-----	concept
Yaboo-----	recommendation

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1, Seenduubee Qorannichaa

Adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti afaan kamiiniyyuu taanaan wal quunnamtii gahaa gochuuf hiika jechootaa beekuun bakka guddaa qaba (Mc Carthy, 1990). Adeemsa hiika jechoota afaan tokko keessatti argaman barachuu keessatti, meeshaan faayidaa ol'aanaa qabu galmee jechootaati, Brown(1994). Akkaa Brown(1994) itti dabalee ibsetti, hiikni jechoota afaan tokko keessatti argamu kan baratamu galmee jechootaa afaan sanaa irraa akka ta'e yaada hayyoota garaa garaa wabeeffachuun ibsee jira.

Kanuma irraa ka'uun, hayyoonni adda addaa hiika galmee jechootaa akka armaan gadii kanatti kennaniiru. Akka hayyoonni hedduun. jedhanitti, galmee jechootaa Afaan Oromoo keessatti maqaa adda addaatiin waamama. Isaanis, namoonni hedduun kuusaa jechootaa yemmuu jedhan, harki caalaan immoo, galmee jechootaa jedhu. Kitaabni kun maqaa garaa garaatiin haa waamamu malee, yaadni bu'uuraa isaa tokkuma.

Bu'uura yaada armaan olii kanaatiin, galmee jechootaa kanas, hayyoonni addaa addaa haala garaa garaatiin hiiku. Galmeen jechootaa 'Oxford' jedhamu yemmuu hiiku, *Dictionary is a book that gives a list of the words of a language in alphabetical order and explains what they mean, or gives a word for them in a foreign language* jedha. Akkuma yaada baannu armaan olii kana irraa hubachuun danda'amutti, galmeen jechootaa kitaaba tarreeffama jechootaa afaan tokkoo tartiiba qubeetiin dhiyeessu ta'ee jecha afaan tokkoo afaanichumaan, afaan lammaffaa ykn afaan alaatiin kan hiiku jechuudha. Yaada kana deeggaruun galmeen jechootaa 'Longman'(2005) jedhu yemmuu hiiku, *Dictionary is a book that gives a list of the words of a language in alphabetical order and explains their meanings in the same language or another languages* jedha. Ibsa kana irraa hubachuun akkuma danda'amu, galmeen jechootaa kitaaba tarreeffama jechootaa tartiiba qubeetiin kaa'ufi hiika isaanii afaanuma sanaan ykn afaan birootiin ibsudha.

Kana malees, kitaabni 'The New Encyclopaedia Britannica' jedhamu galmee jechootaa yemmuu ibsu, *A reference book that lists words in order and gives their meanings* jedha. Ibsa kana irraa hubachuun akkuma danda'amutti, galmeen jechootaa kitaaba wabii jechoota tartiibaan kaa'ufi hiika isaanii kennudha. Kanamalees, kitaaba waa'ee afaaniiti jechuunis ni danda'ama.

Galmeen jechootaa hojii xumuraa kan oogummaa galmee jechootaati. Kunis haala armaan gadiitiin hayyootaan ibsameera:

A dictionary is only a finished product, the result of a complex proses. It is a reference book or list of words usually in an alphabetical order together with a guide to their meanings, pronounciations, spelling or equivalentents in other languages or in simple words in the same languages(Siyalifi Jindal, 2005:50).

Waraabbii armaan olii irraa akkuma hubatamu, galmeen jechootaa adeemsa walxaxaa sirna galmeen jechootaa ittiin qophaa’u mara darbuun bu’aa argamudha. Bu’aan argame(galmeen jechootaa) kunis, odeeffannoo namni afaan baratu barbaadu tokko of keessatti hammata. Odeeffannoon galmeen jechootaa hammatus, caasalee lama akka qabu hayyoonni akka Chamot (1994) fi Bejoint (1994) ibsaniiru. Isaanis: Caasaa gurguddaa fi Caasaa xixiqqaatti(Macro and Micro structure)tti qoodamu.

Walumaagalatti, galmeen jechootaa kitaaba jechoota afaan tokkoo yookiin kan afaan tokkoo olii ta’anii tartiiba qubeetiin ka’aaman, kan odeeffannoo kanneen akka hiika jechootaa madda jechootaa xiinqooqa, sagaleessuu fi kan biroos kan kennudha.

Seenaa dhufaatii galmee jechootaa ilaalchisee, maqaan galmee jechootaa(Dictionary) jedhu jecha Afaan Laatinii ‘Dictio’ jechuunis haala dubbannaa fi ‘dictionarius’ jechuunis walitti qabama jechootaa jedhu irraa dhufe. Maqaa galmee jechootaa ‘dictionary’ jedhamuttis jalqaba jaarraa 13^{ffaa} keessa akka ‘dictionarius’tti kan dhimma itti bahe nama lammii biyya Ingiliz kan ta’e ‘John Garland’ ture. maqaa ‘dictionarim’ jedhamutti immoo jaarraa 14^{ffaa} keessa dhimma itti bahame. Kitaabni jalqabaa galmee jechootaa Afaan Ingiliziin barreeffame galmee jechootaa ‘Latin- English dictionary’ jedhamu yemmuu ta’u, namni kitaaba kana barreesses ‘Sir Tomas Elyot’jedhama. Barri galmeen jechootaa kun itti barreeffames akka lakkoofsa Awurooppatti bara 15 38 ture. Akka hayyoota baroota giddu galeessatti(medival scholar) galmeen jechootaa namoota Afaan Laatinii barachuu barbaadaniif jechoota filatamoo ykn gaalewwan filatamoo walitti qabuu ture. Faayidaan galmee jechootaa baroota giddugaleessaa jechoota tarreeffaman (glossing text)’ fi hiika walfakkii isaanii kennuufii ture.

Walumaagalatti, maqaa galmee jechootaa jedhu jalqaba jaarraa 13^{ffaa} irraa eegalee maqaalee addaa addaatiin moggaafamuun tajaajilaa ture. Fakkeenyaaf, maqaan jalqabaa bakka maqaa

galmee jechootaa'dictionary' jedhamuun dhimma itti bahamaa ture 'dictionarius' kan jedhamu yemmuu ta'u, itti aanee immoo, jecha 'dictionarim'jedhamutti dhimma bahamaa ture.Sanaan booda,jecha 'dictionary'jedhamuun bakka bu'uun hanga har'aatti tajaajilaa jira.

Seenaa Guddina Galmee Jechoota Afaan Oromoo

Afaan Oromoo afaan dubbattoota hedduu qabu yoo ta'eyyuu , kan yeroo dheeraaf/ jaarraa tokko oliif / hacuuccaa jala ture ta'uun isaa ni beekama. Waa'ee bal'ina afaan kanaa ilaachisee Gadaa(1988) fi Gragg(1982) yemmuu ibsan, Afaan Oromoo afaanota ballinaan Afrikaa keessatti dubbataman keessaa isa tokko yemmuu ta'u, lafa bal'aa fi ummata baayyeen akka afaan jalqabaatti dubbatama jedhan. Warreen afaanichatti afaan hin hiikkatiin miiliyoona lamaa ol ta'an Afaan Oromoo akka afaan lammaffaatti akka dubbaatan hayyoonni hedduun eeraniiru. Dhugaan jiru kana haata'u malee, afaan kun hanga yeroo dhiyootti ifatti afaan ogbarruufi afaan barnootaa ta'uun carraa guddachuu hin argatiin tureera.

Sababoota beekamaa fi hin beekamiiniin Afaan Oromoo ta'e jedhamee jaarraa tokko oliif akka hinguddanne taasifameera. Guddina Afaan Oromootiif hojiin yeroo dhihoo asitti hojjetame jiraatus, barreeffamoonni qormaata afaanii, keessattuu hojiin qophii galmee jechootaa ilaalchisee maxxanfaman baayyee muraasa. Hojiiwwan hojjetaman kunneenis akka fakkeenyaatti akka armaan gadii kanatti ilaaluun ni danda'ama. Isaniis:

- ❖ Abarraa Nafaa (1987) *Galmee Jechoota Afaan Amaaraa-Afaan Oromoo*
- ❖ Mahaadii Hamiid Muddee(1988) *English Oromo- Dictionary*
- ❖ Hinseenee Makuriyaa (2007) *Galmee Jechoota Afaan Ingilizii- Afaan Oromoo- Afaan Amaaraa*
- ❖ Akkaadaamii Afaanota Saboota Itiyoophiyaa(1988) *Galmee Jechoota Afaan Oromoo: Afaan Oromoo Afaan Oromootiin hiiku.*
- ❖ Xilaahuun Gamtaa(1989) *Oromo-English Dictionary.*
- ❖ Abarraa Nafaa(1997) *Galmee Jechootaa Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa-Afaan Ingilizii*
- ❖ Hinseenee Makuriyaa(2006) *Galmee Jechootaa Afaan Oromoo- Afaan Amaaraa-Afaan Ingilizii.*
- ❖ Hinseenee Makuriyaa (2007) *Galmee jechootaa Afaan Ingilizii - Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa*

- ❖ Legese Geleta (2007) *Galmee Jechoota Afaan Ingilizii-Afaan Oromoo-Afaan Amaaraa*
- ❖ Philip (1839) *Oromoo- French Dictionary*
- ❖ Krapf (1842) *Vocabulary of Oromoo Language*
- ❖ Tutschek (1844) *Dictionary of Oromoo Language*
- ❖ Lawrence (1844) *Oromoo- English-Germany Dictinary*
- ❖ Jarousseau (1939) *The Ialian- Oromo Dictinary*
- ❖ Gragg (1982) *Oromo-Engilish Dicionary*
- ❖ Foot (1913) *Afaan Oromo-English: Engilsh-Afaan Oromo Dictionary*

Seenaa Barnoota Afaan Ingilizii Akka Biyya Keenyaatti

Yeroo adduunyaan sirna addunyummaa (Globalization) tiin biyyoonni hedduun akka hawaasa naannoo tokko keessa jiraatutti waliin jiraatamaa jiru kana keessatti, Afaan Ingilizii afaan addunyaa fi afaan waliigalaa toora midiyaalee quunnamtii garaa garaa ta'ee tajaajilaa akka jiru beekamaadha.

Gama biyya keenyaaiinis yoo ilaalle, afaan kun lammailee baratan hedduuf afaan lammaffaa ta'ee tajaajilaa jira. Keessumaayyuu, erga magaalaa Finfinnee teessoo gamtaa Afrikaa ta'uun filatamtee irraa jalqabee waajjiraaleen olaano mootummaa fi miti mootummaa afaan kanatti dhimma bahuun lammilee biyya keeyaa fi biyyoota alaa hedduu tajaajiluu erga jalqabe oolee buleera.

Kanumaan walqabatee lammileen biyya keenyaa hedduun isaanii faayidaa fi sadarkaa afaan kun qabu hubatanii afaan kanatti fayyadamuun sochii oolmaa guyyaa fi jiruuf jireenya yeroo dheeraa isaanii keessatti dhimmoota addaa addaatiif itti fayyadamaa akka jiran, Biranun (2009) Haregeweyni (2003) wabeeffachuun ibsee jira.

Akka Biraanuun(2009) itti dabalee ibsetti, Imaammanni barnoota afaanii yeroo ammaa bara 1994 A.L.A bahe hojirra oole akka ibsutti, barnoota bu'uuraa , barnoota sadarkaa tokkoffaa , sadarkaa lammaffaa fi dhaabbilee barnoota olaano ilaachisee qophaa'e keessatti, barnoonni bu'uuraa fi sadarkaa tokkoffaa afaan dhalootaa barattootaa fi barnoonni Afaan Ingilizii akka qabiyyee barnootaa tokkotti kan kennamuuf yemmuu ta'u, barnoota sadarkaa lammaffaa fi dhaabbilee barnoota olaano keessatti immoo, barnoota afaan biyyaalessaa fi afaan naannoo

irraan kan hafe gosoonni barnoota kamiyyuu Afaan Ingiliff kennamaa akka turee fi kennamaas akka jiru ibsa.

Kanumarraa ka'uun, Barnoonni Afaan Ingilizii imaammata barnoota biyya keenyaa keessatti bakka guddaa akka qabu hubachuun ni danda'aama jedha. Keessumaayyuu, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi dhaabbilee barnoota olaanoo biyya keenyaa keessatti seenaan barnoota kanaa bara mootii Minilik 2^{ffaa} keessa akka jalqabame Haregeweyni (2003) Tekle (2001) wabeeffachuun ibsiti.

Kanumaan walqabatee, Biraanuun (2009) Haregeweyni (2003) fi Silva(1967) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, imaammanni barnootaa bara mootii kanaa jalqabee hanga ammaatti itti fufee jiru kun, yeroo gara yerootti foyya'aa akka dhufe ibsa. Akka Biraanuun jedhutti, Hanqinaaleen rakkoolee gurguddoo imaammata barnootaa duraanii keessatti mul'atan hedduu akka ta'an ibsa. Isaanis:

Hanqina gahumsa barsiisota Afaan Ingilizii, hanqina daree barnootaa fi baayyina barattootaa daree barnootaa keessaa, hanqina kitaaba barnootaa, hanqina imaammata barnootichaa fi k.k.f akka ta'an ibsa. Biraanuun(2009) itti fufee akka ibsetti, rakkooleen gurguddaan armaan olii fi kanneen biroos , adeemsa keessa foyyaa'uun imaammata barnoota yeroo ammaatiif galtee guddaa akka ta'an ibsa. foyyaa'iinsi imaammata barnootaa yeroo ammaa keessatti taasifameen qabxileen gurguddoon armaan gaditti dhiyaate kun yeroo ammaa kana qabatamaan hojiirra oolaa akka jiru ibsa. Isaanis:

- ✓ Leenjiin barnootaa barsiisota Afaan Ingiliziin barnoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa barsiisaniif yeroo gara yeroon kennamuun jijjiiramni hamma tokko akka argame ibsa.
- ✓ Kitaaboleen Barnoota Afaan Ingilizii sad. Tokkoffaa fi lammaffaa yeroo gara yeroon foyya'aaniiru. Jedha.
- ✓ Silabasiin barnoota Afaan Ingilizii kitaabolee haaraa barnootichaa waliin walsimu bocamee akka qophaa'e ibsa.

Akkuma qabxilee armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, Barnoonni Afaan Ingilizii imaammata barnoota ammayyaa keessatti hojiirra oolaa jiru kun, bu'uurri isaa imaammata barnoota duraanii akkuma ta'ee jirutti, yeroo ammaa kanas, rakkooleen armaan gaditti eeraman kun hunderraan waan hin buqqaaneef hanqinoonni hedduun akka jiran ibsa. Isaanis

- Barsiisota Afaan Ingilizii sadarkaa jalqabaa barsiisan dorgommii gahaa tokko malee qacaruun akka jiru,
- Hanqina dhiheessii kitaabolee fi meeshaalee barnootaa biroo darbee darbee akka quunnamu,
- Rakkoo ilaalchaa fi fedhii barattootaa, dhibaahummaa barsiisotaa fi k.k.faatiin gahumsa barattoota gama barnoota kanaatiin yeroo gara yerootti foyya'aa kan dhufe yoo ta'ellee, sadarkaa bira gahamuu qabu bira akka hin gahamne ibsa.

Keessumaayyuu, barnoonni Afaan Ingilizii barattoota manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa baratan biratti bakka guddaa qaba. Kunis, akkuma beekamu barnoonni sadarkaa lammaffaa barnoota afaan biyyaalessaa fi afaan dhalootaa barattootaa irraan kan hafe, gosoonni barnootaa kamiyyuu, Afaan Ingiliziin kennama. Yaada kanaan walqabatee, Haregeweyni (2003) Gebremedin (1993) wabeeffachuun akka ibsitetti, *Currently, the English Language has been playing a major function in the Ethiopian secondary schools. The position of English in secondary schools has dual role to play. That is, English as the language of instruction for all subjects except Amharic. It is also a compulsory subject in the secondary schools.* Jetti.

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubachuun danda'amutti, barnoonni Afaan Ingilizii manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti tajaajila gurguddoo lama akka qabu ibsiti.. Isaanis:

- Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti barnoota Afaan Amaraa fi afaan dhalootaa kanneen biroo irraa kan hafe gosoonni barnootaa kamiyyuu Afaan Ingiliziin kennama.
- Barnoonni kun manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi qophaa'ina keessatti gosoota barnootaa kamiifuu giddugaleessummaan (compulsory subject) ta'ee waan tajaajiluuf barataan barnoota sadarkaa lammaffaa xumuree dorgommiif kaadhimmamu kamiyyuu , gososa barnoota kanaan yoo xiqqaate qabxii(C) fi sanaa ol fiduu qabu ibsiti .

Yaadolee armaan olitti dhiyaatan irraa hubachuun akkuma danda'amutti barattoonni manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi qophaa'ina keessatti baratan kamiyyuu, barnoota isaaniitiin firii gaarii galmeessuufi gahumsa afaanichaa guddifachuuf barnoota Afaan Ingiliziin kennamurratti cimoo ta'uu qabu. Barattoonni kun gosa barnoota kanarratti cimoo ta'uufi

qayyabatani hubachuuf immoo, gahumsa hiika jechootaa qabaachuu qabu. Gahumsa hiika jechootaatiif immoo,faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabufi haala itti fayyadama isaa irratti hubannoo horachuun isaan barbaachisa.

Haala Itti Fayyadamummaa Galmee Jechootaa

Haala itti fayyadama galmee jechootaa aftokkee,aflamee fi afsadee fayyadamuun hariiroo afaanonni woliin qaban cimsuu irra darbee, akka barattoonni barnoota afaan lammaffaan ykn afaan alaatiin kennamu fi yaadolee afaan lammaffaan dhiyaatan sirnaan hubatanii fi itti fayyadaman akka isaan taasisu (Chan,1999) Ronald,2003:285) wabeeffachuun ibsa.

Chan,(1999),Ronald,(2003:285) wabeeffacuun itti dabalee akka ibsetti, galmee jechootaa aflameetti fayyadamuun itti fayyadamtootaaf faayidaalee armaan gaditti dhiyaatan kana akka qabu ibsa. Isaanis:

- Ittifayyadamummaan afaan lammaffaa fi afaan alaa akka dabalaa deemu taasisaa.
- Hariiroo afaanonni woliin qaban barsiisuu keessatti bu'aa guddaa qaba.
- Barnoota afaan lammaffaan kennamu irraa hubannoo guddaa argachuuf nama gargaara.
- Tooftaalee jechoonni afaan lammaffaan barataman itti qubeeffamanii fi dubbifamanirratti hubannoo namaaf laata.
- Gaalewwan,jechoota fi kanneen biroo afaan lammaffaa beekuu keessatti faayidaalee guddaa akka qabu ibsa.

Kanaan walqabatee, Kadir (2007),Biniyaam(2008) wabeeffachuun akka ibsetti,"Itti fayyadamaan G/J tokko tokkoffaa, jechoota bu'uuraa fi uumama jechootaa adda baafachuu qabaa jedha. Kana jechuun,G/J aftokkee fi aflame haala dhiyaannaa jechootaa tarreessuu irraatti garaagarummaa qabuu jedha. Galmee jechootaa aftokkee keessatti jechoonni afaan tokko keessatti argaman hunduu barrreeffamuu hinqabanuu . Sababni isaas, barataan jechoota afaan sanaa yeroo baayyee dhimma itti bahaman yoo bare suuta suuta gara G/J afaan dhalootaatti darbuu danda'aa jedha. Gama birootiin, G/J aflameemmoo, tarreeffama jechootaa afaan lammaffaa fi tokkoffaa waluma faana tarreessaa jedha.

Lammaffaa,Qoodiinsa caaslugaafi haala inni jechoota bu'uuraa waliin qabu beekuu qaba. Kunis,galmeen jechaa tokko kan inni fudhatama argatu akka bu'uura qoodinsaatti, yoo caaslugni hiikarra dursa argateedha jedha.

Fakkeenya Haala itti Fayyadama Galme/Jechoota Aflamee Afaan Oromoo

Alert(n,adj.) alertii

1. Ofeeggannoo
2. Si'aawaa
3. Qophaawaa

Bad (adj.) baadii

1. Waan badaa
2. Hamaa
3. Gara jabeessa

Bang (vt) baangii

1. Walitti buusuu
2. Itti bu'uu
3. rukutuu

Fakkeenyota Galme Jechoota aflamee Afaan Oromoo armaan olii kanarratti, Kadir (2007) akka jedhutti, 'Jechoonni armaan olitti gurraacheffamuun barreeffaman kun jechoota bu'uuraa yemmuu ta'an kanneen hammattuu keessatti eeraman immoo, ramaddii jechoota bu'uuraa kanneen ibsuufi. Kanaaf, itti fayyadamaan G/J tokko jechoonni hiikaaf barbaadaman kun ramaddii garee jechootaa isaanii yoo beeke malee, jecha tokkoof hiika sirrii argachuu dhabuu danda'aa jedha. Gama birootiin, hiikni jechootaa lakkoofsaan (1-3) tti gadi tarreeffaman kunnneen immoo, jechi tokko hiika addaa addaa qabachuu waan danda'uuf, itti fayyadamaan G/J tooko hiika sirnaawaa jecha itti fayyadamuuf barbaade sanaa waliin walsimsiisuun akka itti fayyadamuuf filannoo jiru agarsiisuuf kan dhiyaatedhaa jechuun ibsa.

Haala Itti Fayyadama Galme Jechoota Aftokkee Afaan Oromoo

Adda (M) 1. Qaama ijaa olitti argamu

Inni **adda** ishee rukute.

Amalli ishee **adda** dha.

Kennaa (M) 1. Kan laatame

Inni **kennaa** naaf kenne

Kennaa koottumee!

Kadir (2007) fakkeenya haala itti fayyadama G/J A/Oromoo aftokkee armaan olii ilaachisee akka jedhutti, jechoota itti fayyadama keessatti nutti ulfaataniif kallattummaan G/J keessaa filannee itti fayyadamuu keenyaan duratti ramaddii jechootaa, hiika galumsaa, hiika faallaa, hiika kallatti jechootaa addaan baafnee beekuu qabnaa jedha. Kanaaf, galmee jechootaatti fayyadamuu keyaan duratti qajeelfamootafi odeeffannowwan haala itti fayyadamaaf nama qajeelchan fudhachuun barbaachisaa ta'a.

Haala itti fayyadama galmee jechootaa ilaalchisee, odeeffannowwanii fi qajeelfamoota adda addaa beektotaan kenname, dubbisuun barbaachisaa dha. Kana gochuuf immoo, kutaalee galmee jechootaa adda baasanii beekuun barbaachisaadha. Kunis, galmeen jechootaa tokko kutaalee gurguddoo sadii of keessaa qabaachuu danda'a. Isaanis:

Kutaa jalqabaa ,kutaa lammaffaa fi kutaa sadaffaa yemmuu ta'an, kutaan jalqabaa odeeffannowwan kutaa lammaffaa fi sadaffaa keessatti argamaniif qajeelfama fi kallattii qabsiisuun seenduubee kutaalee lammaffaafi sadaffaa ta'uun akka tajaajilu Chan,(1999) (Nation ,2001) wabeeffachuun ibse jira.

Akkasumas,Chan,(1999),(Nation,2001),wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, namni kamiyyuu galmee jechootaatiin fayyadamuu isaatiin duratti, qabxilee armaan gaditti dhiyaatan kana beekuu akka qabu ibsa. Isaanis:

- Ittifayyadamtoonni galmee jechootaa kamiyyuu gosoota galmee jechootaa kamiin irraa jechoota akkamiin argachuu akka qaban adda baasanii beekuu qabuu jedha.
- Galmee jechootaa keessaa jechoota xiyyeeffannoo isaanii haala salphaan yeroo gabaabaa keessatti akkamiin akka argatachuu danda'an irratti hubannoo qabaachuu qabuu.
- Galmeen jechootaa tokko jecha tokkoof hiika garaa garaa kennuu danda'a, kanaaf, akaakuu jechootaa fi gareewwan jechootaa afaan tokkoo adda baasanii beekuun barbaachisaa akka ta'e hima.

Dabalataanis, galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti wantoota raawwatamuu qaban ilaalchisee, Jackson (2002) Scholfield (1999) wabeeffachuun akka ibsetti, adeemsa galmee jechootaatti fayyadamuu keessatti sadarkaalee shan hojiirra ooluu akka qaban ibsa. Isaanis:

- Barattoonni jechoota ilaaluu barbaadan addan baafachuu. Kana jechuunis, jechoota ykn gaalewwan hiikni isaanii hinbeekamne adda baafachuuf isaan gargaara.
- Barattoonni galmee jechootaatti kan gargaaramaniif rakkoo isaaniif fala argachuuf akka ta'e murteessuu.
- Barattoonni jecha ykn gaalee hiika isaa galmee jechootaa keessaa barbaadaniif jecha bu'uuraa isaa adda baafachuu qabu.
- Barattoonni jechi bu'uuraa inni sirriin isa kam akka ta'e agarsiisuu qabu.
- Odeeffannoo hiika jechaa argametti gargaaramuudha.

Haaluma yaadolee armaan olitti dhiyaatan irraa hubachuun danda'aamutti, barattoonni ykn ittifayyadamtoonni galmee jechootaa, hiika jechootaa afaanota garaa garaa barachuuf galmee jechootaatti fayyadamuu fi haala itti fayyadama galmee jechootaa irratti hubannoo qabaachuun barbaachisaadha.

1.2, Ka'umsa Qorannichaa

Adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti beekumsafi gahumsa hiika jechootaa qabaachuun barbaachisaadha. Kunis, wantoota barreeffaman dhiyaatan tokko sirnaan dubbisuufi wantoota dubbatamanillee, addaan baafatanii hubachuuf bakka guddaa qaba,(Wilkins,1972:65). Yaada armaan oliitti dhiyaate kana bu,uura godhachuun, qoratichi miseensa manneen barnootaa qorannoon kun irratti adeemsifamaa jiru kana yemmuu ta,u, ka,umsi qorannoo qorataa kanaas, komii barsiisoonni Afaan Ingilizii manneen barnootichaa baayyeen isaanii yeroo baayyee irra deddeeniin kaasan “ Barattoonni keenya baayyeen isaanii qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromootti akka hiikamuuf nu gaafatu” jedhanii fi qorataan kun mataa isaatiinis, barsiisonni kun yeroo baayyeef qabiyyee barnoota Afaan Ingilizii Afaan Oromootiin hiikanii yemmuu barsiisan irra deddeebiin dhagahee teejjabaa ture, fi gaaffi barattoonni baayyeen yeroo baayyeef akka kaassanitti” Gadi bu'iinsa qabxii barnootaa keenyaaf barsiisonni baayyeen qabiyyee barnootaa gara Afaan Oromootti hiikanii nu barsiisanuu” jedhan bu'ura kan taasifatedha. Kanaaf, qoratichi barattoottoonni manneen barnoota kanaa qabiyyeen barnoota Afaan Ingilizii gara afaan dhalootaa isaaniitti akka hiikamuuf gaafachuun isaanii kun, ulfaatina qabiyyee barnootichaaf ta,uu fi ulfaatina hiika jechootaa qabiyyee barnootichaaf ta'uu adda baasee baruuf, dhimma dhokataa qorannoon irratti adeemsifamee hiika argachuu qabu fi yaada furmaataa rakkoo barattoota kanaatiif , qorannoo kana geggeessuuf kaka,umsa kan horatedha. Bu'uuruma Kanaan

qorataan kun,.Galma ga'iinsa qorannichaatiif gaaffilee bu,uuraa armaan gaditti dhiyaatan kana akka lafee dugdaa qorannichaatti fayyadamuun qorannoo kana kan hojiirra oolchedha. Isaanis;

- Barattoonni manneen barnoota kanaa daree barnoota Afaan Ingilizii keessatti qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromooti hiikamee akka isaanii ibsamuuf ni gaafatuu?
- Barattoonni kun qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromooti akka hiikamuuf kan gaafataniif maaliifii?
- Barattoonni manneen barnoota kanaa qayyabannaa B/A/I keessatti G/J A/Oromooti ni fayyadamuu?
- Barattoonni kun qayyabannaa B/A/I keessatti faayidaa faayidaa G/J tti fayyadamuun qaburratti hangam hubannaa qabuu?
- Barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti G/J tti sirnaan kan fayyadamuutti jiran hangam a'uu?
- Barattoonni kun Q/Q/B/A/I keessatti G/Jtti akka fayyadamaniif kaka'umsi gama barsiisotaatiin kennamuuf hangamii?

1.3, Kaayyowwan Qorannichaa

1.3.1,Kaayyoon gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa, Sakatta'a haala ittifayyadama galmee jechootaa Afaan Oromoo qayyabannaa barnoota Afaan Ingilizii barattoota manneen barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa irratti qorannaa geggeessuun ibsuu irratti xiyyeeffata.

1.3.2,Kaayyoo gooree.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee bu'uuraa qorannichaa fi kaayyoo gooroo qorannichaa bu'uura godhachuun, qabxilee armaan gaditti dhiyaatan irratti xiyyeeffachuun qoratichi qorannoo isaa kan geggeessedha. Isaanis:

- Barattoonni manneen barnootichaa qabiyyeen B/A/I gara A/Oromootti akka hiikamuuf gaafatan akka M/Barumsichaatti baayyinni isaanii hangam akka ta'e adda baasee xinxala.
- Barattoonni kun sababa qabiyyeen B/A/I gara A/Oromootti akka hiikamuuf gaafataniif adda baasee kan ibsu ni ta'a.
- Barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti G/J A/Oromootti hangam akka fayyadaman kan xinxalu ta'a. .
- Barattoonni kun Q/Q/B/A/I keessatti faayidaa G/Jtti fayyadamuun qaburraati hubannoo qabaachuuf dhabuu isaanii adda baasee kan ibsu ta'a.
- Barattoonni mannee barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti G/Jtti sirnaan fayyadamuu isaanii kan xinxalu ta'a.
- Barattoonni kun Q/Q/B/A/I keessatti G/J tti akka fayyadamaniif kaka'umsi gama barsiisotaatiin kennamuuf hangam akka ta'e adda baasee ibsa.

1.4, Faayidaa Qorannichaa

Faayidaan qorannoo kanaa inni guddaan mata duree qorannichaa irratti hundaa'uun yaada furmaataa fi tooftaa hojjimaata haala ittifayyadama G/J irratti bu'aawwan foyya'aa armaan gaditti dhiyaatan kana hawaasa manneen barnootichaa, keessayyuu barattoota fi barsiisota A/ Ingilizii manneen barnootichaaf buusuu ni danda'a jedhamee amanama. Isaanis:

- Barattoonni manneen barnootichaa qabiyyee B/A/I kennamu keessatti faayidaa G/Jtti fayyadamuun qabu fi haala itti fayyadama isaarratti hubannoo argatanii ofdanda'anii qayyabachuu fi waan baratan irraa hubannoo gaarii argachaa barachuu danda'u jedhamee abdatama. Kanamalees, barattoonni manneen barnoota kanaa faayidaa G/J tti fayyadamuun qabu irratti hubannoo guddaa argatanii ittifayyadamtoota galmee jechootaa ni ta'u jedhamee eegama.
- Barsiisonni A/ Ingilizii manneen barnoota kanaa gara fuunduraatti dhamaatii guddaa malee qabiyyee barnootichaa barattoota isaanii hubachiisuu ni danda'u jedhamee abdatama.

1.5, Hanqina Qorannichaa

Qoratiichi qorannoo kana yeroo geggeessetti hanqinaaleen addaa addaa isa mudataniiru. Isaanis: Tokkoffaan, qorannoowwan kanaaan duratti, sakatta'a haala itti fayyadama G/J

A/Oromoo irratti bal'inaan Afaan Oromootinis ta'ee afaanota birootiin kanneen hojjataman qixxaan sakatta'ee argachuun odeeffannowwan addaa addaa fi adeemsa raawwii qorannichaa irratti hubannoo gahaa argachuuf hin milkoofne. Kun immoo, qorataan kun wabiilee addaa addaa mata duree isaa waliin deeman akka barbaadetti argatee ittifayyadamuuf danqaa itti ta'eera.

Lammaffaan immoo, qoratichi hojii idilee mana barumsaa hojjachaa jiru keessatti wayitilee barnootaa hedduu qabatee barsisaa kan jirufi hojilee dabalataa manneen barnootichaa keessatti geggeeffaman keessatti akka koree qindeessaa ta'ee hojjachaa waan jiruuf, gorsitoota isaa waliin yeroo yeroon walquunnamuun gorsa isaaf barbaachisu argachuu dhabuun isaa qorannoo qoratichaa irratti dhiibbaa uumera. Haata'umalee, qoratichi hanqinaalee armaan olitti ibsaman kanneen akkuma jiratti hanqina jedhee bira hindarbine.

Qoratichi hojiilee mata duree qorannoo isaa waliin hariiroo qaban hamma argatteraa sakatta'uun, namoota dhimma kanarratti muuxxannoo qabaahuu danda'u jedhee itti amane gaafachuun ,deeggarsafi gorsa gorsitoota isaa fi qoraa isaa yeroo wixinee qorannoo isaa dhiyeessetti kennameef akka galtee guddaatti kan itti fayyadameefi muuxxannoo hanga tokko dhimma kanarratti odeeffannowwan adda addaa sakatta'uun horateetti gargaaramuun, hanqina mudate keessaa bahuuf hedduu dhama'eera.

1.6, Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun, Godina Jimmaa Aanaa Saqqaa Coqqorsaa keessatti manneen barnootaa sadarkaa lammaffaafi qophaa'inaa argaman keessaa M/B sadarkaa lammaffaa fi qophaa'ina kanneen Magaalaa Saqqaa keessatti argaman irratti xiyyeeffachuun, barattoota bara barnootaa 2013tti kutaa(9_12)barachaa jirankeessaa barattoota kutaa(10ffaa) daree barnootaa(A_K)keessatti barachaa jiraniifi kutaa(11ffaa) daree barnootaa(A_K)tti.barachaa jirani fi barsiisota Afaan Ingiliffaa manneen barnootichaa keessatti argama irratti kan daangeffamedha.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruuwwanii

2.1 Seenaa Barnoota Afaan Ingilizii Manneen Barnootaa Sad. 2^{ffaa} Biyya Keenyaa

Akkuma beekamu imaammata barnootaa biyyi keenyaa yeroo ammaa kana itti fayyadamaa jirtu keessatti, Barnoonni Afaan Ingilizii bakka guddaa qaba. Kunis, barnoonni kun manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessatti tajaajiloota gurguddaa lamaaf akka oolu Haregeweyni

(2003) Tesfaaye fi Taylor (1976) wabeeffachuun akka ibsitetti, barnoonni Afaan Ingilizii manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa keessatti faayidaalee gurguddoo lama akka qaban ibsiti. Isaanis:

- ❖ Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi qophaa'inaa keessatti barnoota afaan biyyalessaafi afaan naannoo irraan kan hafe gosoonni barnootaa kamiyyuu Afaan Ingiliziitiin kennamuu isaanii
- ❖ Manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa isaan olii keessatti barnoonni kun akka barannoo giddu galeessatti(compulsory subject) ta'ee waan tajaajiluuf gahumsi barnootaa barattoota kanaa gosa barnootaa kanaan akka madaalamu namatti agarsiisa.

Haregeweyni(2003) itti dabaluun akka ibsitetti,barnoonni kun barattoota manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa fi dhaabbilee barnoota olaanootiif baayyee murteessaa yoo ta'ellee ,gahumsi barattoonni keenya gama barnoota kanaan qaban baayyee gadaanaa akka ta'e ibsiti. Akkuma isheen jettutti barnoonni kun biyya keenyatti bara mootii Minilik 2^{ffaa} ykn bara 1963/4 keessa akka imaammata barnoota yeroo sanaatiin barattoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaatiif kennamuu kan jalqabe yemmuu ta'u, akka kaayyoo imaammata barnootichaattis,

Barattoonni sadarkaa bu'uuraa fi sadarkaa tokkoffaa akka jalqabdoota afaanichaatti kan ilaalaman waan ta'aniif xiyyeeffannoon olaanaan kan itti hin kennamne yoo ta'ellee, barattoota sadarkaa lammaffaa fi dhaabbilee barnoota olaanootiif garuu, xiyyeeffannoon guddaa itti kennuun hojirraa oolchuuf akka karaarfame ibsiti.

Akka Haregeweyni(2003) Gebremedin(1993) wabeeffachuun itti dabaluun ibsitetti, kitaabni barnoota Afaan Ingilizii sadarkaa biyya keenyaatiif yeroo jalqabaatiif barattoota sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaatiif bara 19 66 kan maxxanfame a'ullee , kitaabni maxxansa jalqabaa kun maqaan kan hin ibsamne yemmuu ta'u irra deebiin bara 1970 tti kitaabni barnootaa(Oxford English Book) jedhamu akka maxxanfame ibsiti. Akka Haregeweyni jetutti kitaabni kun hanqinaalee hedduu waan qabuuf baruma sana keessaa kitaabni haaraan(English for New Ethiopian) jedhamuun foyyaa'ee akka maxxanfame ibsiti.

Kitaabni barnootaa fi imaammanni barnootaa yeroo gara yeroon foyyaa'aa fi jijjiiramaa kan dhufe ta'ullee, gahumsa Afaan Ingilizii barattoota manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa sadarkaa gadaanaa irra akka ture ibsiti.

Haregeweyni (2003) Sisaay fi Biraanuu(1999) wabeeffachuun ibsitutti, imaammanii barnootaafi kitaabni barnootaa yeroo gara yerootti kan jijjiiramu ta'ulllee, rakkooleen gurguddoon irra deddeebiin mul'atan kanneen armaan gaditti eeraman kana akka ta'e ibsiti. Isaanis:

- Rakkoo gahumsa barsiisota Afaan Ingilizii
- Baayyina barattootaa fi hanqina daree barnootaa
- Hanqina kitaabolee barnootaa
- Hanqina imaammata barnootichaa fi k.k.f akka ta'an ibsiti.

Biraanuun(2009) Teklee(2001) wabeeffachuun akka ibsutti, imaammata barnootaa yeroo ammaa (1997)biyya keenya keessatti hojiirraa jiru ilaachisee, hanqinaaleen imaammata barnootaa fi kitaabolee barnootaa duraanii foyyaa'uun silabasiin haaraan bocamee ittiin hojjatamaa akka jiru ibsa. Kanumarraa ka'uun kitaabni haaraan imaammata haaraa keessatti maxxanfame(English For Ethiopia) jedhamuun maxxanfame hanqinaalee imaammattoota duraanii foyyeessuun sirna barataa giddugaleessa godhateen kan maxxanfame ta'ullee,barsiisonni Afaan Ingilizii sadarkaa tokkoffaa fi lammaffaa haala barsiisaa giddugaleessa godhateen fayyadamanii barsiisurra waan jiraniif gahumsi fi itti fayyadamummaan barnootichaa gama barattootaatiin jiru gadaanaa akka ta'e ibsa.

Kanaaf, kaayyoon qorannichaa haala itti fayyadama G/J A/Oromoo Q/B/A/I barattoota hubachiisuu waan ta'eef, barattoonni gahumsa hiika jechootaa barnoota Afaan Ingilizii akka horataniif, gahee hiikni jechootaa baruuf barsiisuufi qayyabannaa keessatti qabuufi tooftaalee hiika jechootaa itti baratan irraatti qabxilee armaan gadii dhiyeessee jira.

2.2 Rakkoo Gahumsa Hiika Jechootaa B/A/I Barattootaa Furuuf G/Jechootaan Wal Barsiisuufi Haala Ittifayyadamarratti Odeeffannoo Kennuu

Adeemsa afaan barachuu fi barsiisuu keessattis ta'ee walquunnamtii afaanii gaarii ta'e uumuuf, dandeettiin inni guddaan gahumsa itti fayyadamummaa hiika jechootaa qabaachuudha. Gahumsa ittifayyadamummaa hiika jechootaa qabaachuun, hiika caasaa jechootaa beekuudhaan olitti barbaachisaadha. Kanaafuu ,afaan barachuus ta'ee barsiisuu keessatti, dandeettii hiika jechootaa

qabaachuun baayyee murteessadha,(Sedita(2005:65). Seditaan(2005:65) Rupley fi Etal(1998) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, beekumsa hiika jechootaa qabaachuun barattoota afaaniitiif faayidaalee armaan gaditti dhiyaatan kana akka qabu ibsa.

Vocabulary knowledge is important because, it encompasses all of the words we must know to access our background knowledge, express our ideas and communicate effectively, and learn about new concepts. Vocabulary is the glue, that holds together ideas and concepts to gether...making comprehension accessible for children jedha.

Akkuma yaada hayyoota afaanii armaan olii kanairraa hubachuun danda'amutti, beekumsi hiika jechootaa, jechoota nuti beeknu fi dubbarree keenyan wantootatti akka dhimma baanu, yaada keenya akka ibsannu, sirriitti akka walquunnamtii afaanii gaarii ta'e raawwannu fi yaadrimee haaraa akka barannuuf nu gargaara jedha.

Gama birootiin, barattoonni afaan tokkoffaas ta'ee afaan lammaffaattiin walquunnamtii afaanii guyyaa guyyaattiin yaada wal jijjiiranii fi qayyabannaa qabiyyeefi barreeffama addaa addaa keessatti, afaanichatti hanga danda'aameen itti fayyadamuun irraa eegama. Kana raawwachuuf immoo, dandeetti hiika jechootaa gahaa ta'e qabaachuun barbaachisaadha. Kana waan ta'eef, barattoonni sababa hanqina jechootaatiin walquunnamtii uumuu keessatti akka hin rakkanneef hiika jechootaa barachuun murteessaa akka ta'e ibsa.

Adeemsa afaan barachuufi barsiisuu keessatti malleen hiika jechootaa itti barsiisan, bifaafi haala garaa garaa qabaatanillee, qoratichi qorannoo kana keessatti, mala barattoonni hiikajechootaa of danda'anii akka baratan barsiisuu irratti kan xiyyeeffatedha. Barattoonni hiika jechootaa ofiin barachuu ni danda'u. Kunis, ta'uu kan danda'u ,tooftaa hiika jechootaa ofiin argachuu danda'an irratti hunda'aniiti.

Malli barattoonni ofdanda'anii hiika jechootaa akka baratan gochuun kun, mala barsiisonni akka barattoonni ofiin ofdanda'anii hiika jechootaa haarawaa mana barumsaa keessatti fi mana barumsaatiin alattillee, barachuu akka danda'an taasisuudha (Allen,1983).

Kanaaf, qorataan kunis tooftaalee barattoonni ofdanda'anii hiika jechootaa itti barachuu danda'an lamaan armaan olitti dhiyaatanii fi kanneen biroos dabalatee, barreeffama isaa keessatti haala armaan gadii kanatti gadi fageenyaan dhiyeessee jira.

Akkuma mata duree qorannoo qorataa kanaa fi Kaayyoo gooroo qorannichaa irraa hubachuun danda'amutti, mata duree “ Sakatta'a haala itti fayyadama galmee jechootaa Afaan Oromoo qayyabannaa barnoota Afaan Ingiliffaa barattoota manneen barnootaa keessti” yaadrimee jedhu waliin wantoota walitti dhufeenya qaban odeeffannowwan isaanii waliin akka armaan gadii kanatti dhiyaateejira. Isaanis: , maalummaa galmee jechootaa, gosoota hiika jechootaa galmeen jechaa tokko ofkeessatti qabachuu danda'u, kutaalee galmee jechootaa, ulaagaalee galmee jechootaa qoqqooduuf gargaaran , gosoota galmee jechootaa, qabiyyee galmee jechootaa, faayidaalee galmee jechootaatti fayyadamuun qabu, qajeelfamootafi odeeffannowwan haala ittifayyadama galmee jechootaa irraa barachuuf tajaajilan.fi kanneen biroos ni argamu.

2.3 Maalummaa Galmee Jechootaa

Beektoonni garaa garaa maalummaa galmee jechootaa irratti yaada addaa addaa kan dhiyeessan ta'ullee, waa'ee galmee jechootaa irratti ibsi kenname gahaamitii, Kanaafimmoo, furmaanni isaa maalummaa galmee jechootaa gosuma galmee jechootaa sanaan hiika kennuutu barbaachisaadhaa (Sterkenberg,2003). (Sterkenberg,2003) itti dabalee akka ibsetti,” Beektoonni garaa garaas ibsa isaan galmee jechootaa addaa addaatiif kennan ,yaada mataa isaanii irraa ka'aniitii” jedha. Akkasumas, Akkaataan ibsa isaanis garaa garummaa kan qabaatuuf sababoota isaan dhiyeessan kanneen akka, fedhii fayyadamtootaa,dhimma galmee jechootaatti fayyadamuun barbaachisu, bu'aa galmee jechootaairraa argamu fi kanneen kana fakkaataan bu'uureffachuu isaanii irratti kan hundaa'eedha,jedha.

Akka waliigalaatti, ibsi maalummaa galmee jechootaaf kenname abbaa yaadiddama barreessuu fi gulaallii galmee jechootaa jaarraa 20^{ffaa} jedhamuun kan beekamu(Zgustaan,1971) akka ibsetti, “Galmeen jechootaa meeshaa wabii siraan qindaa'ee hawaasa afaanicha dubbatu kan tajaajiludhaa” jedha. Itti dabalees(Zgustaan,1971) akka ibsetti” Maddi jechootaa galmee jechootaa keessatti argaman hawaasa jechoota sanatti fayyadamu yemmuu ta'u, qaama hawaasaa keessaa kanneen dubbisuuf gahumsa qabuuf hiika jechootaa dhiyeeffaman kanneen kan ibsuudhaa” jedha. Kun immoo, dhugaa hawaasicha keessa jiru jechootan bakka buusee kan mul'isu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Ibsi biroo, maalummaa galmee jechootaaf kenname akka ibsutti, galmeen jechootaa kitaaba bu'uuraa odeeffannoo hiika jechootaa ofkeessatti qabatu ta'ee, dabalataanis, ittifayyadama hiika jechootaa waliin dubbii hawaasaa keessattis shoora olaanaa qabuudha (Svensen1993).

(Svensen,1993) itti dabalee akka ibsetti, galmeen jechootaa madden odeeffannoo biroo irraa kan adda isa taasisu,yaada walqabataa ta'een kan tartiibeffame osoo hintaane ,kutaalee hedduu kanneen yaaxxina barreessu fi gulaallii galmees jechootaa keessatti keeyyata keeyyataan oogummaan hiramee kan argamu jechuudhaa jedha. Keeyyanni kunis, jecha hundee waa'een isaanii ballinaan kitaabicha keessatti ibsaman jechuudha jedha.

2.3.1 Qophiifi sadarkaa Guddina Galmees Jechootaa Afaan Oromoo

Qophii galmees jechoota Afaan Oromoo irratti yeroo jalqabaaf yaalii kan taasise Philip(1839) yeroo a'u, hayyuun kun galmees jechoota aflamee(Oromo-French Dictionary) kan jedhamu bara(18 39) keessaa maxxansiise. Itti aansuudhaan Lammilee biyya Jarmanii kan ta'an Krapf bara (1842) 'V ocabulary of the Oromo Language' jedhamu kan barreesse yeroo ta'u, Tuschek bara(1844) tti " Dictionary of the Oromo Language" jedhu barreesse. Hayyuun Lawrence jedhamu immoo, bara (1844) galmees jechootaa afheddee (Oromo-English-Jerman Dictionary) jedhamu barreesse.

Hojiin hayyoota lammilee biyyoota alaa kun amantaa kiristaanaa baballisuuf kan karoorfame yoo ta'ellee, guddina Galmees Jechoota Afaan Oromootiif gumaacha olaanaa qaba. Galmeen Jechootaa hayyoota lammilee alaatiin barreeffaman keessaa kanneen armaan olitti eeraman isaan muraasa yeroo ta'an, galmeen jechootaa kunneen madda guddina barreeffama galmees jechootaa Afaan Oromoo tajaajia guddaa kennaa jirudha. Galmeen Jechootaa Afaan Oromoo lammilee biyya alaatiin qofa osoo hintaane, lammilee biyya keessaatiinis maxxanfamanii tajaajiaaf oolanii jiru. Kanneen keessaa muraasni hayyuun Oromoo Dafaan galmees jechootaa"Kuusaa sagalee Oromoo" kan jedhamu bara 1982tti maxxansiisee jira. Xilaahun(1989) galmees jechootaa "Oromo-English- Dictionary" kan jedhamu maxxansiise.

Hayyuun Hinseeneen bara 2009 galmees jechootaa"Elellee: English-Oromo -Dictionary" kan jedhamu maxxansiisee tajaajiaaf oolchee jira. Wiirtuun Qu'annoofi Qorannoo afaanota Itiyoophiyaa galmees jechoota Afaan Oromoo Afaan Oromooti hiiku bara 1996 maxxansiisee jira.

2.4 Caasalee Gurguddoo Galmees Jechootaa

Caasalee gurguddoo galmees jechootaa warren jedhaman qoodiinsa(kutaalee) galmees jechootaa keessatti argaman keessaa, jechoonni bu'uuraa maal akka ta'aniifi akkamitti akka tartiibeffaman

kan ilaallatudha. Galmeen jechootaa ka'umsi isaa caasaa gurguddaadha. Kana yoo hintaane ,galmee jechootaa jedhamuu hindanda'u,Kadir (2007), Bejoint (1994) wabeeffachuun kan ibsedha. Kadir(2007) Bejoint(1994) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, *"It is totally imposible to imagine a dictionary without a macro stricter: all dictionaries neceserly have a list of enty-words, and if the list is not structured at all the book is clearly not dictionary"* jedha. Kana jechuunis, Kitaabni tokko caasaa gurguddaa yoo hin qabu ta'e, galmee jechootaa jedhamuu hindanda'u. Kitaabichi galmee jechootaa jedhamuuf jechoonni bu'uuraa tartiiba qubee isaaniitiin tarreeffamanii taa'uu qabu, jedha. Kunis:

2.4.1,Jecha Bu'uuraa

Maalummaa jecha bu'uuraa galmee jechootaa keessatti argamu ilaalchisee, Kadir (2007) Landau (1984) wabeeffachuun akka ibsetti, *"Every word or phrase that is explicitly or implicit defind, so long as it is clearly identifiable usually by appearing in bold face type is an entry"* jedha. Yaanni baanuu armaan olii kanaan akka ibsutti, ,jechi ykn gaaleen gurraacha'ee barreeffamuun karaa ifaa ykn dhokataan hiikni kennamuuf jecha bu'uuraa jedhama. Haalli jechi bu'uuraa ittiin barreeffamus, seera mataa isaa qaba. Isaanis: gurraacha'uun barreeffamuu qaba, maqaa dhuunfaa irraa kan hafe kanneen biroo qubee xiqqaan barreeffamuu qaba, salphaatti akka mul'atuuf gara bitaatti siqee barreeffamuu qaba, jechoonni bu'uuraa haala tartiiba qubee afaanichaa eegee barreeffamuu qaba.

Kanamalees, Kadir(2007) Bejoint(1994) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, iechi bu'uuraa haala tartiiba qubee afaanichaa eegee barreeffamuun faayidaa mataa isaa akka qabu ibsa. Kunis; *"The alphabetical arrengment has several advanteges. One is that splitting up the information word by word,paragraph condenses subject matter of the dictionary into short texts that are easly digestible. Another advantage is the fact that it gives the dictionary user the impression that they master the totality of the lexis of the languages, in a form whose completeness is immediately apparent to the senses"*. Jechuun ibsee jira.

Akkuma banuu armaan oilitti dhiyaate kana irraa hubachuun danda'aamutti, Jechoota bu'uuraa tartiiba qubeetiin kaa'uun faayidaa hedduu qaba. isaan keessaa inni duraa, odeeffannoo jecha jechaan ykn keeyyata keeyyataan qoqqooduun haala salphaa ta'een akka hubatamu taasisa. Inni lammaffaa immoo, itti fayyadamtoonni guutummaa jechoota afaanichaa akka hubachuuf yaalan isaan gargaara.

Akkasumas, Jackson (2002) waa'ee jecha bu'uuraa tartiibaan kaa'uu ilaalchisee yemmuu ibsu, galmeen jechootaa akkuma kitaabilee wabii kanneen biroo kanneen akka ,galmee jechootaa bilbilaa, insaykilopidiyaafi indeksii jechoota tartiiba qubeetiin ka'an galmeen jechootaas, jechoota bu'uuraa tartiiba qubeetiin kaa'uutu irraa eegama jedha. Faayidaan isaas, itti fayyadamtoonni galme jechootaa waan barbaadan haala salphaa ta'een ,akka argatan isaan gargaara jechuun ibsa.

Jackson (2002) itti dabalee akka ibsetti, namni galme jechootaa qopheessu tokko jechoota bu'uuraa qindeessuuf ,dursa ibsa jechoota hunda tartiiba qubeetiin kaa'uun , gaarii ta'uufi dhiisuu ofgaafachuu qaba. Lammaffaa immoo, itti fayyadamtoonni galme jechootaa akka galmeen jechootaa kun haala kanaan qophaa'u barbaadan jiraachuufi dhiisuu isaanii mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Jedha.

2.5, Caasalee Xixiqqaa Galme Jechootaa

Caasaan xiqqaa galme jechootaa odeeffannoo jecha bu'uuraa booda dhufu hunda kan hammatudha. Yaada kana Kadir (2007:14) Bejoint (1994) wabeeffachuun akka ibsetti, "*Micro stricter is the set of piece of information, which are meant to be read horizontally after the entry word,*"jedha. Akkuma ibsa banuu kanarraa hubachuun danda'amu, caasaa xiqqaa galme jechootaa warri jedhaman, odeeffannoo jecha bu'uuraa booda dalga galuun dhiyaataniidhaa, jedha.

Kadir (2007) Bejoint (1994) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, Caasaan xiqqaa galme jechootaa qabxilee hedduu ofkeessaa qaba. Isaanis:, akkaataa sagaleessuu jechootaa, sirna qubeessuu jechootaa, odeeffannoo caaslugaa, hiika jechootaa, amala jechootaa, hundee jechootaa, jechoota moggoofi hiika walfakkaatoo qabani, ibsa fakkiin ykn himaan hiika jechootaa ifa gochuuf kennaman, fufaa darbaafi kanneen kana fakkaataniidha jedha. . Qabiyyeewwan armaan olii kunis, akkaataa armaan gadii kanatti dhiyaatani jiru. Isaanis:

2.5.1, Akkaataa Sagaleessuu Jechootaa

Akkaataan sagaleessuu jechootaa qabiyyee caasaa xiqqaa galme jechootaa keessaa isa tokko ta'ee, akkaataan sagaleessuu galme jechootaa keessatti ibsuun kan barbaachisu yoo akkaataan sagaleessuu fi akkaataan dubbisuu garaa garummaa qabaatedha, jechuun, Coward fi Grims(2000) Ibsanii jiru.

2.5.2, Odeeffannoo Caaslugaa

Odeeffannoon caaslugaa, odeeffannoo baayyee barbaachisaa ta'ee, itti fayyadamtoonni galmee jechootaa caasaa xiqqaa keessatti argachuu danda'aniidha. Kanajechuunis, galmeen jechootaa sadarkaa isaanii eeggatan odeeffannoo caaslugaa kanneen akka uunka jechootaa hiikaf dhiyaatee, caasluga jechaa , garee jechootaa, gabaajeewwan addaa addaa, odeeffannowwan horsiisa jechootaa (kanneen akka lakkoofsa, koorniyaa, ramaddii, henna, sababafi kkfdha, Landau(1984) Brumfit(1980) wabeeffachuun kan ibsedha.

Landau(1984) Brumfit(1980) wabeeffachuun itti dabalee akka ibsetti, Galmeewwan jechootaa tokko tokko odeeffannowwan armaan olii kana yoo of keessaa qabaatan, itti fayyadamtoota galmee jechootaa sanaaf faayidaawwan kanneen akka,ofiin of danda'anii afaan akka baratan gochuu, ofdanda'anii hima sirrii garee jechootaa qabuufi odeeffannoo caaslugaa biroo qabu,ijaaruu danda'a jedha.

Akkasumas, Barattoota afaanicha ,akka afaan lammaffaatti fayyadamaniif, odeeffannoo dhimma afaanichaa sirriitti akka horatan isaan taasisa. Dimshhaashumatti, odeeffannoo caaslugaa qabaachuun galmee jechootaa sadarkaa qulqullina isaafi faayidaa inni kennu gahaa taasisuu danda'a jechuun ibsa.

2.5.3, Hiika Jechootaa

Hiika jechootaa kennuun, galmee jechootaa gosa kamiyyuu keessatti akka qabxii ijootti ilaalama. Kunis, hiikni jecha sadarkaa jechaa ykn gaaleetti hiikaaf dhiyaate, garee jechaafi odeeffannoo caaslugaa waliin bakka bu'ee jechicha ibsuu danda'aa jechuudha, jechuun (Bartholomew fi Schoen hals,1983) ibsanii jiru.

2.5.4, Fufaa Darbaa

Akka Nelson (2003) ibsetti,jiraachuun fufaa darbaa itti fayyadamtoota galmee jechaa hiika jecha tokkoo baruufi hiika jechi sun jecha uunka addaan barreeffamu waliin tokko akka ta'e akka hubataniif isaan gargaaraa jedha. Kanumaan walqabatee, Caasaaleen gurguddaa fi xixiqqaan armaan olitti ibsamaniin alatti, wanti galmee jechootaa keessaa hafuu hinqabne keessaa kutaalee galmee jechootaa kanneen akka, kutaa fuulduraa,qaamaafi dabaleedha.

2.6, Kutaalee Galmee jechootaa

Akkuma beekamu hanga galmee jechootaa kanneen xixiqqoo giphii seenaan irraa kaasee hanga galmee jechootaa gurguddoo sadarkaa jildii baayyeen maxxanfaman akka jiran hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, namni galmee jechootaatti fayyadamu tokko isa kamitti akka dhimma bahu addaan baafachuu qabaa. Gama birootiin , galmeen jechootaa qabiyyee dhiheessii isaaniitiin garaa garummaa qabaachuu danda'u. Fakkeenyaaf, galmeewwan jechootaa kaayyoo waliigalaatiif, afaaniif,fayyaafi kanneen biroos jiraachuu malu.

Kanumaan walqabatee, (Swanepoel,2003) akka ibsetti, “Barreessitoonni baayyeen waa'ee qabiyyee galmee jechootaa irratti osoo yaada isaanii hin gumaachiin hindarbanu. Maalummaa galmee jechaa tokko addaan baafachuuf, caasaa xiqqaa ykn caasaa guddaa qabaachuu galmee jechootaa addaan baafachuun barbaachisaadha. Kunis, gosoonni galmee jechootaa garaa garaa kan wal dorgomsiifaman akkaataa tarreeffamafi hamma jechoota afaanicha keessaa fudhatamee galmee jechootaa sana keessatti hiikameen ta'a. Akkasumas, qajeeltoowwan tartiibessuu qubeelee, yaadrimewwanii ykn lamaan isaaniituu waliin qindeessuun dorgomsiisuun ni danda'aama. Kunis,Caasaa xiqqaa galmee jechootaa akka ka'umsa garaa garummaatti fudhachuun, galmee jechootaa odeeffannoo caas lugaa keeyyata keessatti kennaniifi tartiiba odeeffannowwan kana keeyyata keessatti qabaniin wal dorgomsiifna. Kanaafuu, Caasaa xiqqaa galmee jechootaa caasalee gurgudaattiin kan addaan baafnu qaamolee galmee jechootaa jedhaman saditu jiru” jedha. Isaanis; Kutaa duroo, kutaa gidduufi kutaa duubooti.

Akka (Swanepoel, 2003) itti dabalee ibsetti, Ballinaan dhiyaachuu odeeffannowwan kanneeniin garaa garummaan galmeewwan jechootaa hedduu gidduutti argamanillee, qaamoleen galmee jechootaa kun sadan akaakulee galmee jechootaa hundumaa keessatti argamuun dirqama akka ta'e ibsa. Akkasumas, yaada armaan olii kanaan kan walfakkaatu, (Gouws,2003), Jackson,2002) wabeeffachuun akka ibsetti, qaamolee galmee jechootaa armaan olitti ibsamaniin kan walfakkaatu sadanuu haala armaan gadii kanatti dhiyaachuu danda'aa jedha. Isaanis;

2.6.1, Kutaa Duroo Galmee Jechootaa

Kutaan duroo galmee jechootaa kuns, caasaalee galmee jechootaa keessaa isa jalqabaati.. Kaayyoon caasaa galmee jechootaa kanaas, odeeffannowwan galmee jechootaa sana keessatti argaman tartiiba qubee(A_ Z) tti tartiibaan argaman hundumaa irratti fayyadamtoota galmee jechootaatiif qajeelfama kennaa,(Kipfer fi Landau,1984),akka ibsanitti.

Akkasumas, (Kipfer fi Landau, 1984), (Bartholomewfi Schoenhals,1983) wabeeffachuun itti dabalani akka ibsanitti,” Qajeelfamoonni odeeffannowwan kunneen itti fayyadamtootaaf kennan kunis, itti fayyadamtoota galmee jechootaa dogoggora irraa bilisa akka ta’an isaan taasisa. Kanamalees, Kutaan duroo galmee jechootaa kuns, odeeffannowwan barbaachisoo galmee jechootaa sana keessatti argamaniifi kanneen hinargamne illee, addaan baasanii beekuuf , nama gargaaraa” jedhu.

Kutaan duroo galmee jechootaa kunis, yeroo baayyee kan of keessatti qabatu seenaa, ibsa argannoowwanii, amala maxxantoota galmee jechootaa sana keessatti argamanii, akkaataa itti fayyadama galmee jechaa sanaa fi kanneen biroos dabalatee fuula waraqaa muraasa irratti kan barreeffamee argamudha jedhu. Kipfer fi Landau(1984) itti dabaluun akka ibsanitti, kutaan duroo galmee jechootaa qabiyyeewwan armaan gadii of keessatti qabaachuu qabaa jedhu. Isaanis;

2.6.1.1, Fuula Mata Duree

Fuulli jalqabaa lamaan galmee jechootaa keessatti argaman fuula mata duree kan jedhaman yemmuu ta’u, kutaa kana keessattis, mata dureewwan galmee jechootaa sana keessatti argaman, qopheessitoota galmee jechootaa sanafi afaan galmeen jechootaa sun irraa qophaa’e ibsa.

2.6.1.2, Baafata

Baafanni galmee jechootaa keessatti qaama of danda’ee galmee jechootaa keessatti ibsamu yemmuu ta’u, faayidaan kutaa kanaas, odeeffannowwan galmee jechootaa sana keessatti argaman karaa salphaa ta’een argachuun akka danda’aamuuf kan haala mijeessudha.

2.6.1.3 Duree

Kutaan galmee jechootaa kun, kaayyoo qopheessitootaa of keessatti qabata. Kaayyowwan kunneenis, faayidaan isaanii akka ittifayyadamtoonni galmee jechootaa kaka’umsa argatan taasisuu, sadarkaa guddina saayinsii afaan galmeen jechootaa sun ittiin qophaa’e ibsuu, sadarkaa guddina saayinsii qophii galmee jechootaa sadarkaa idil addunyaatti jiru ibsuufi sadarkaa itti fayyadamummaa galmee jechootaa sanaa gabaabinaan ibsuu.

2.6.1.4 Galata

Kutaa galmee jechootaa kana keessatti, qopheessitoonni galmee jechootaa karaa dhuunfaan ykn, dhaabbata karaa oogummaafi maallaqaan deeggarsa taasisan kan keessatti galateeffatamanidha.

Dabalataanis, namoonni xiinqooqa irratti deeggarsa taasisan kutaa mata duree keessatti yoo hin ibsamneta'e, kutaan isaan keessatti ibsamaniidha.

2.6.1.5 Seensa

Kutaan kun dhimma afaanichaa, dhimma xiinqooqaafi dhimma namoota afaanicha dubbatanii ilaachisee qajeelfamnifi odeeffannoon keessatti kennamudha. Dabalataanis, Waa'ee kutaa fuulduraa galmee jechootaa kana ilaachisee Kadir(2007) yemmuu ibsu, kutaan fuunduraa kutaa jalqabaa galmee jechootaa yoo ta'u, faayidaan isaas, gaaffii galmee jechootaa kana keessa odeeffannoo maaltu jiraa? Maal jechuudhaa? Akkamittan odeeffannoo kana argadhaa? Kanneen jedhaniif deebii laata. Qabiyyeen ijoo kutaa kana keessatti argamus, galmee jechichaaf qajeelfama kennuudha.

2.6.2, Kutaa Gidduu(Qaama) Galmee Jechootaa

Kutaan lammaffaan galmee jechoota aftokkee qaama galmee jechootaa jedhama. Kutaan kun akkuma maqaan isaa ibsu kutaa guddaa ykn bu'uuraa galmee jechootaa ta'ee, bakka odeeffannoon waa'ee haala qubeeffama sirrii jechoota bu'uuraa hundaa, sagaleessuu sirrii jechoota bu'uuraa, gahee tokko tokkoon jechoonni bu'uuraa hima keessatti qabaniifi uumama isaanii, hiikaafi kkf jechoota bu'uuraa galmee jechootaa itti argamaniidha. Jechi bu'uuraa tokko kanneen akka hiikaa, uumamaa, sagaleessuu, fakkeenyawwan haala itti fayyadamaafi kkf waliin dhiyaachuu qaba. Kutaa galmee jechootaa kana keessatti jechoonni bu'uuraa galmee jechootaa gurraacha'uun gara harka bitaatti siqanii barreeffamaniidha,(Kadir,2007).

2.6.2.1, Dabalee(Appendex)

Kutaan kun immoo, gara dhuma galmee jechootaatti kan argamuudha. Akka (Bartholomewfi Schoen hals, 1983) ibsanitti, kutaan duuboo galmee jechootaa odeeffannowwan dimshaashaa waa'ee afaanichaa, aadaa, dhiibbaa naannoon caasaafi beekumsa afaanichaarratti taasisan, akkaataa haalonni kun barattoonni fedhiifi beekumsa isaanii afaanicha irratti guddifataniif onnachiisuu kan ibsudha. Dabalataanis, kutaan kun walitti qabama qajeelcha barreeffamaa, sirna tuqaalee, tarreeffama jechoota idilaawaa hin ta'iin, gabateewwan, safartuleefi ulfaatinaa, mallatoolee garaa garaa, tarreeffama gabaajeewwanii jechoota afaan alagaa, gaaleewwan, odeeffannoo haala teessuma lafaafi seenaa afaanichaati (Kipfer,1984).

2.7 Ulaagaalee Galmee Jechootaa Qooduuf Gargaaran

Akka Kadir(2007) kipfer(1984) wabeeffachuun ibsetti,Ulaagaaleen galmee jechootaa qooduuf gargaaran hedduudha. Isaan keessaas, muraasni isaanii akka armaan gadii kanatti kanneen tarreeffamanidha.jedha. Isaanis2.

7.1 Baay'ina jecha bu'uuraa ofkeessaa qabuu:

Jechoonni bu'uuraa tarreeffaman kuns, kanneen haalaan qophaa'anii akka waliigalaatti ykn dhimma murta'aaf kan dhiyaatan ta'uu isaanii adda baafachuudha. Akkasumas, jechoota looga naannoo tokkoo ykn hawaasaa, kan garee hawaasa tokkoofi bakka murta'aa ta'uu isaa adda baafachuudha. Fakkeenyaaf, galmeewwan jechoota 'Longman contemporary English Dictionary', Oxford Advanced Learners Dictionary,' Elelleefi kkf galmee jechootaa jechoota baayyee dhimma garaa garaarratti xiyyeeffatan hedduuf hiika addaa addaa waan kennaniif galmee jechootaa waliigalaa jalatti ramadamu.

Gama birootiin , galmeewwan jechootaa kanneen akka, saayinsii fayyaa, qonnaa, biqiltootaafi kkf jechoota dhimma murta'aa irratti xiyyeeffatanii hiika waan kennaniif galmee jechootaa dhimma murt'aa jalatti ramadamu (Kadir,2007).

2.7.2,Baay'ina afaanota ittiin qophaa'uu:

Galmee jechootaa kuns, kanneen haala aftokkeetiin ,aflame, afsadeefi kanneen kana fakkaataniin barreeffamuu isaanii beekuuf gargaara.. Fakkeenyaaf, galmeewwan jechootaa akka Elellee, Hirkoofi kkf afaanota sadiin waan qopha'aniif galmee jechootaa afsadee jedhamu. Galmewwan jechootaa kanneen akka 'Merit, Oromo-Engilish Dictionary, English-Oromo Dictionary,' Galmeewwan jechootaa Afaan Amaaraa-Afaan Oromoo immoo, afaan lamaan waan qopha'aniif galmee jechootaa aflame yemmuu jedhaman, galmeewwan jechootaa kanneen akka'Macmillan Enlish Dictionary, Longman Contemporary English Dictionary, Oxford Advanced Learners Dictionary,' Galmee Jechootaa Afaan Oromoofi kkf afaan tokkoon waan qopha'aniif galmee jechootaa aftokkee jedhamu (Kadir,2007) Landau,1984) wabeeffachuun kan ibsedha.

2.7.3,Amala Jechoota Galmee Jechootaa:

Hiika jechaa qofa ykn wantoota hundumaa kan of keessatti hammatu ta'uu isaa adda baafachuuf kan tajaajiludha..

2.7.4 Haala Yeroo:

Kana jechuunis, jechoonni galmee jechootaa keessatti dhiyaatan kan haala yeroorratti hunda'anii tajaajilaniifi kan yeroo hundumaa dhaabbatani tajaajilan ta'uu isaanii adda baafachuuf gargaaraa.. Fakkeenyaaf, galmeewwan jechootaa dhimma siyaasa mootummaa tokkoo galmee jechootaa haala yeroo jalatti ramadamu.

2.7.5 Tartiiiba jechoonni itti dhiyaatan:

Kun immoo, galmeen jechootaa tokko tartiiiba qubeen, hiikaan ykn sababaafi bu'aan, kan qophaa'u ta'uu isaa adda baafachuuf nama gargaara. Galmeewwan jechootaa yeroo ammaa qopha'aa jiran baay'een isaanii ulaagaalee kanneen keessaa ulaagaa tartiiiba qubeerratti hundaa'uun qophaa'u. Fakkeenyaaf, galmeewwan jechootaa kanneen akka 'Longman Contemporary English Dictionary, Oxford Advanced Learners Dictionary,' Elelleefi kkf tartiiiba qubeen waan qopha'aniif galmee jechootaa tartiiiba qubeetiin dhiyaatan jalatti ramadamu, Biniyaam (2008) Kadir (2007) wabeeffachuun kan ibsedha.

2.8 Gosoota Galmee Jechootaa

Fedhiin dhala namaa bal'aafi adda adda waan ta'eef, galmeen jechootaa gosti tokko fedhii nama hunda kanaa guutuu hindanda'u. Kanaaf, akka fedhii dhala namaa kana guutuuf galmee jechootaa gosoota adda addaatu qophaa'uu qaba. Haata'umalee, waa,een addadummaa galmee jechootaa kun yeroo dheeraaf hin hubatamiin ture. Sababni isaas, galmee jechootaa hundi faayidaa tokko ykn walfakkaataa qaba jedhamee waan itti amanamaa tureef.

Galmee jechootaa qopheessuun duras gosa galmee jechoota kam qopheessuuf akka yaadame adda baafachuun barbaachisaadha. Galmeen jechootaa immoo, gosa adda addaatti qoduuf dursa ulaagaalee barbaachisoo ta'an adda baafachuun qopheessaa galmee jechootaa tokkorraa eegama.

Galmee jechootaa gosa gosaan qooduun qophii galmee jechootaaf baayyee dhimma barbaachisaa ta'edha. Sababni isaas, hojii galmee jechootaa keessatti sadarkaa karoorsuu kaasee hanga maxxansisuutti meeshaalee barbaachisoo ta'an filachuuf, tartiiiba jechoota bu'uura kaa'uufi hiikni kan kennamu gosa galmee jecha sanarratti hundaa'eetu. Amala jecha bu'uuraafi dubbisa abdatamurratti hundoofnee galmee jechootaa gosa adda addaatti qooduun ni danda'aama (Almaaz,2010) Biniyam,2008) fi Kadir (2007) wabeeffachuun kan ibsitedha.

Akka Almaaz (2010) tti, Kadir (2007), Biniyam (2008) wabeeffachuun itti dabaltee ibsitetti, galmeewwan jechootaa haala gosa gosaan qoqqoddii galmee jechootaa armaan gaditti eeraman kanneenitti addaan qoodanii hubachuun akka danda'aamu ibsiti. Isaani:

2.8.1 Galmee Jechootaa Waahundaa fi Xiinqooqaa

Galmeen jechootaa kun uwwisa jechoota xiinqooqafi wantoota biroo irratti odeeffannoo galmee jechootaa keessatti mul'atan kan ilaallatudha. Galmeen jechoota xiinqooqaa odeeffannoo waa'ee jechootaafi akkaataa sagaleessuu, hiikaa, maddaa, garee jechaafi kkf dabalata. Gameen jechootaa waahundaa immo, amaloota armaan gaditti dhiyaatan kana of keessatti akka hammatu ibsiti, Isaanis:

a) maqaa namootaa, bakkaawwaniifi gochaalee og-barruu.

b) dameewwan beekumsa dhala namaa hunda

c) Maqaalee bineensotaa, biqilootaa, bakkeewwan seenaafi kkf ibsuurratti akka xiyyeeffatu ibsitee jirti.. Akkasumas, Galmeen jechootaa waahundaa yaadota galmee jechootaa xiinqooqaa illee ofkeessatti qabachuu akka danda'u ibsiti. Galmeen jechootaa xiinqooqaa dhimma/amaloota jechoonni qabanirratti xiyyeeffata. Kana jechuunis, jechoota dubbii ykn kitaaba jechaa akka jedhamullee ibsitee jirti. Akka, Almaaz (2010) itti dabaluun ibsitetti, Galmeen jechoota xiinqooqaa amala galmee jechootaa waa hundaa agarsiisuu ni danda'a, jetti. Isaanis:

A) yeroo hiikni xiinqooqa jecha sana ibsuuf barbaachisaa hintaanetti, fakkeenyaaf, dhimma addaa tokko ilaallatu yoo ta'e, qopheessitoonni galmee jechootaa odeeffannoo waa hundaa gargaaramu.

B) Hiika xiinqooqaa jecha tokkoo kennuuf, hiikni waa hundaa yeroo murteessu ni mul'ata.

C) Yoo hiikni jecha tokkoo bakka addaa addaatti gargar ta'e, garee beekumsa dhala namaa kan biroo keessatti hiika biroo keessatti hiika biroo akka qabu mullisuuf akka gargaaru ibsiti.

2.8.2 Galmee Jechoota Seenafi Maddaa

Galmeen jechootaa kun seenaafi madda jechootaa dhiyeessuu irratti xiyyeeffata. Adda addummaan isaaniis, haala dhiyaannaa isaanirratti xiyyeeffata. Kunis, galmeen jechoota seenaa haala dagaagina ykn guddina jechootaa haala uunkaafi hiikaan qaama jechaa adda ta'en yoo ka'u, galmeen jechoota maddaa immoo, madda jechoota jirani dhiyeessa. Kunis, madda

jechoota ammayyaa uunka maddi isaanii duraa qabanirratti xiyyeeffachuun kaa'a. Kana malees, galmeen jechoota seenaa jijjiirama qaama jechaarratti kanneen dhiibbaa fidan qo'ata (Kadir,2007). .

Akkasumas,Kadir(2007) qorannoo isaa keessatti akka ibsetti, galmeewwan jechootaa akkasii keessatti,hiika jechootaa kaa'uuf, qaama jechaa jijjiiramni irratti raawwataman akkuma jirutti, waraabamee taa'u akka qabu ibsa. Akkasumas,galmeen jechootaa madda jechootaafi haala seenaa jechoota afaan tokkoo duraan turan irratti akka xiyyeeffatu addeessa. Kunis, seenaan afaanichaa duraan maal akka ture addeessa. galmeen jechoota maddaa, jechoota ergifamanii afaan tokko keessatti mul'ataniif madda kaa'uun hiikaafi uunka jalqabaa walbira qabee akka dhiyeessu,ibsa.

2.8.3 Galmee Jechootaa Waliigalaa

Kadir (2007) qorannoo isaa keessatti akka ibsetti, Galmeen jechoota waliigalaa jechoota tajaajila afaan tokkoof oolanirratti kan xiyyeeffatu ta'ee dhimma afaan tokkoorratti ibsa kan kennudha,jedha.. Kana jechuunis, galmeen jechootaa kun jechoota afaan tokkoo ykn saba tokko ibsuurratti kan xiyyeeffatudha. Galmeen jechootaa kunis, bakka lamatti akka qoodamu ibsa. Galmee jechootaa kana keessattis, gosoota G/J xixiqqoon armaan gadii akka argaman ibsa.

2.8.3.1 Galmee Jechootaa Caaslugaa

Galmeen jechootaa caaslugaa kan qophaa'u dubbisaan tokko casluga sirrii afaan sanaa akka hubatuuf barbaachisaadha. keessumaayyuu, afaanota caaslugni isaanii walxaxaa ta'e hubachiisuuf dhiyaata. Galmee jechootaa caaslugaa keessatti caasaan afaanichaa seensa keessatti ibsama. Gareen caasluga addaa addaa bifa lakkoofsaatiin adda baafamee ta'

2.8.3.2 Galmee Jechootaa Dhuma Jechaarratti Hiika Walfakkaatoo Qabanii

Galmeen jechootaa kun akkaataa qubee dhuma jechaarraatti argamuun walfakkaataniin kan qinda'anidha. Galmeen jechootaa akkasii kitaabolee barnootaa qopheessuuf guddaa tajaajilu. Qophii galmee jechootaa kana keessatti yeedaloon sagaleessuu jechootaa keessatti mul'atu bakka olaanaa qaba.

2.8.3.3 Galmee jechootaa Gabaajewwani

Galmeen jechootaa kun gabaajewwaniifi kottoonfachiiftoota afaan okko keessatti argaman dhiyeessa.

2.8.4 Gosoota Galmee Jechootaa Haala Guddina Isaaniitiin

Galmeen jechootaa haala guddina isaaniitiin bakka saditti qoodamu. Isaanis:

2.8.4.1 Galmee Jechootaa Guddaa,

Galmeewwan jechootaa akkasii qabiyyeen isaanii baayyee bal'aa ta'ee, kan baatamee asiif achi hin deemamne ta'ee, kan mana kitaabaa keessatti qofa tajaajila kennudha. Fakkeenyaaf, Webster, Encyclopedia fi kkf dha.

2.8.4.2 Galmee Jechootaa Giddu Galeessaa,

Galmeen jechootaa kun bakka tokkoo bakka birootti kan baatamuu danda'udha. Akkasumas, hangi jechoota galmee jechootaa kana keessatti hammataman kan galmee jechootaa guddaa keessatti argamanii gadi. Fakkeenyaaf, Oxford fi Longman fi kkfdha.

2.8.4.3 Galmee Jechootaa Xiqqaa

Galmeen jechootaa kun kan baayyee xiqqoo ta'ee fi kan kiisii keessattillee, qabachuun danda'amuudha. Jechoonni galmee jechootaa kana keessatti argaman baayyee xiqqoo yoo ta'an, fakkeenya addaa addaatiin deegaramanii hin dhiyaatanu.

Galmeen jechootaa kamiyyuu jechoota afaan tokko keessatti tajaajilan hunda qabaachuu waan hindandeenyeef qopheessitoonni galmee jechootaa jechoota galmee jechootaa keessatti hammatamuu qaban filachuun fedhii fayyadamtootaarratti hundaa'uun galmee jechootaa addaa addaa qopheessutu irraa eegama. Akkasumas, dubbisaan tokko kaayyoo itti fayyadamuu barbaaderratti hundaa'uun galmee jechootaa gosa addaa addaatti dhimma ba'uun bu'aa qabeessadha.

2.8.5 Galmee Jechootaa Afaan Dhalootaafi Galmee Jechootaa Barattootaa

Galmeen jechootaa afaan dhalootaa galmee jechootaa barattootaa irraa adda. Kana jechuun, galmeen jechootaa afaan dhalootaa namoota afaan sanatti afaan hiikkataniif kan qophaa'u yemmuu ta'u, galmeen jechootaa barattootaa ykn afaan lammaffaa(afaan alaa) immoo, namoota afaan sana akka afaan lammaffaatti barataniif qopha'a.

Akkasumas, qabiyyeen isaaniiis garagara. Fakkeenyaaf, sagaleessuun galmee jechootaa afaan dhalootaa keessatti hammachiisuun baayyee barbaachisaa miti. Galmee jechootaa warra afaan sana akka afaan lammaffaa ykn afaan alaatti qophaa'uuf garuu baayyee barbaachisaadha. Sababni isaas, jechoonni afaan sanaa haala kamiin akka sagaleeffaman barsiisuuf waan

gargaaruufi. Jechoota galmee jechootaa afaan dhalootaa caalaa kan afaan lammaffaa keessatti gadifageenyaan ibsamuu qaban jiru.

Fakkeenyaaf, haala itti fayyadama galmee jechootaa irratti galmee jechootaa afaan dhalootaaf kennamuun baayyee barbaachisaa miti. Garuu, galmee jechootaa afaan lammaffaa keessatti, baayyee barbaachisaadha. Sababni isaas, namoonni afaan tokko akka afaan alaatti baratan carraa namoota afaan dhalootaa argachuu qaban waan hin qabneef fakkeenya galmee jechootaa keessatti kennamuuf akka isaan afaan sana, haala qabatamaatiin baratan isaan taasisa. Kadir (2007).

2.9 Galmee Jechootaa Aflameefi Aftokkee

2.9.1 Galmee Jechootaa Aflmee

Galmeen jechootaa aflmee jechoota ykn gaalewwan afaan tokkorraa gara afaan birootti jijjiiruuf kan tajaajiludha. Galmeen jechootaa kunis, akaakuu galmee jechootaa kallattii tokkoo jedhameetu beekama. Kana jechuunis, hiika jechootaa afaan tokkorraa gara afaan birootti jijjiiree kan agarsiisudha. Gamabirootiin, galmeen jechootaa kallattii lamaa jedhamuun beekamanis ni jiru. Kunis, afaanota lamaanii jijjiiree kan kaa'uu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, caasaan tokko Afaan Oromoorraa gara Afaan Ingiliziitti akkasumas, Afaan Ingiliz irraa Afaan Oromootti jijjiiree kaa'a yoo ta'e, kallattii jijjiiraa garlamee jechuu dandeenya.

Fakkeenya lammaffaa immoo, Afaan Oromoo irraa Afaan Ingiliziitti ykn Afaan Ingilizii irraa gara Afaan Oromootti kitaabuma tokko irratti jijjiiree kaa'a yoo ta'e, galmee jechootaa jijjiirraa kallattii lamaa jedhama (Biniyaam, 2008).

Akka Biniyam (2008) ibsetti, Galmeen jechootaa aflameen kutaalee addaa addaa qaba. Kanneenis, tokko tokkoon isaanii hiika jechootaafi gaalewwanii afaan tokkoo tartiiba qubeefi jijjiirraa hiikaa waliin kan kaa'udha. Itti dabalees, galmeen jechootaa kun kutaa garee jechaa (parts of speech), saala, seerluga, akkaataa sagaleessuufi kkf namoota afaanicha akka afaan lammaffaatti fayyadamaniif odeeffannoofi ibsa kennuuf kan tajaajilu akka ta'e ibsa.

2.9.2 Galmee Jechootaa Aftokkeefi Galmee Jechootaa Aflamee Barattootaa

Akka Biniyam (2008) Kadir (2007) wabeeffachuun ibsetti, Galmeen jechootaa hundi wantoota armaan gadii hunda ykn muraasa isaanii of keessaa qabaachuu danda'a jedha. Isaanis:

- ❖ Jechoota bu'uuraa afaan tokko keessatti argamanii ykn afaan biroorraa ergifatamanii
- ❖ Akaataa sagaleessuu jechootaa
- ❖ Akkaataa qubeessuu jechootaa
- ❖ Garee jechaa jechoota bu'uuraa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii
- ❖ Xiin jecha
- ❖ Xiin hima ykn caasima
- ❖ Ibsa jechoota bu'uuraa galmee jechootaa sana keessatti hammatamanii
- ❖ Fakkeenya haala itti fayyadamaa, jechoota waliin deemaniifi jechoota garaagaraa
- ❖ Tarreeffama jechoota bu'uuraa ibsa gahaa waliin ykn ibsa gahaa malee
- ❖ Walfakkeenya jechoonni bu'uuraa walii isaanii waliin qabanii
- ❖ Xiin hiika
- ❖ Akkaataa yaanni tokko caalatti ifa ta'uuf meeshaalee tokko tokkotti dhimma ba'uu
- ❖ Madda jechoota afaan biroo irraa ergifatamanii galmee jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amanii.

Akka Biniyam (2008) qorannoo isaa keessatti ifoomsetti,,qabxileen lakkoofsoota 2, 3, 4,fi 9 irratti kennaman galmee jechootaa aftokkeefi aflame irratti garaagarummaa baayyee hinqaban. Qabxileen lakkoofsa 12 irratti kenname immoo, galmee jechootaa yeroo ammaa qopha'aa jiran keessatti darbee darbee yoo ta'e malee ,hinmul'atu. Kanneen biroo hafan irratti garuu, galmeen jechootaa aftokkeefi aflameen garaagarummaa guddaa qabu jedha..Isaanis:

2.9.2.1 Jechoota bu'uuraa Uumama Jechootaa Irratti

Galmeen jechootaa aftokkeefi aflameen barattootaa haala dhiyaannaa jechootaa tarreessuu irratti garaagarummaa qabu. Galmee jechootaa aftokkee keessatti jechoonni afaan tokko keessatti argaman hundi barreeffamuu hin qaban. Sababni isaas barataan jechoota afaan sana yeroo baayyee dhimma itti ba'aman yoo bare suuta suuta gara galmee jechootaa afaan dhalootaatti darbuu danda'aa.

Galmeen jechootaa aflameen jechoota tarreessuurratti dhiyaannaa jijjiiramaa kan jechoota afaan tokkoo yeroo baayyee irra deddeebiin dhimma itti ba'amanii muraasa (kan namoota sadarkaa gadiitiif tajaajiluu) hanga galmeen jechootaa afaan dhalootaa qabaachuu qabu qabaachuu danda'a. Haata'u malee, galmeen jechootaa aflameen tarreeffama jechootaa afaan lammaffaafi tokkoffaa qabaachuu danda'aa.

2.9.2.2 Qoodinsa Caaslugaafi Haala Inni Jechoota Bu'uura Waliin Qabuurratti.

Galmeen jechaa tokko kan inni fudhatama qabaatu, akka bu'uura qoodinsaatti yoo caaslugni hiikarraa dursa argatedha. Kunis, galmee jechootaa baayyee keessatti dhiyaannaa waalta'aadha.

2.9.2.2.1 Ibsa isaanii Waliin Garee Hiikaatti Qoqqooduurratti.

Garaagarummaan bu'uura galmee jechootaa aftokkeefi galmee jechootaa aflame gidduu jiru, galmeen jechootaa aftokkeen hiika jechootaa afaanuma sanaan yemmuu kennu, galmeen jechootaa aflameen immoo, hiika jechootaa gara afaan birootti jijjiiruun kenna. Kanaaf, barattoonni galmee jechootaa aftokkee caalaa galmee jechootaa aflame filatu. Sababni isaas galmeen jechootaa kun kallattiin hiika jechootaa afaan lammaffarraa gara afaan isaan beekanitti yookiin afaan tokkoffaa isaaniitti jijjiiruun waan kaa'ufi.

2.9.2.2.2 Haala itti Fayyadamarratti Fakkeenya Kennuurratti.

Galmeen jechootaa tokko tokko akka dubbisaaf ifa ta'utti , haala itti fayyadamarratti fakkeenya kennuun beekama. Fakkeenya kennamu immoo, keessattuu warra afaan lammaffaa isaanii ta'eef ifaafi salphaa ta'uu qaba. Haala ittifayyadamarratti yeroo baayyee kan fakkeenya kennu galmee jechootaa aftokkee yoo ta'eyyuu, darbee darbee galmeen jechootaa aflameenis ni kenna.

2.9.2.2.3 Afaan Afaan Biroon Ibsuu(Metalanguage)irratti.

Itti fayyadama galmee jechootaa aftokkeef, odeeffannoon kennamu afaanuma sanaanidha. Gama galmee jechootaa aflame keessatti immoo, odeeffannoon itti fayyadamaa tokkoon barbaadamu, itti fayyadamaa biroon hin barbaadamu ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, galmeen jechootaa aflameen Afaan Oromoo gara Afaan Ingiliziitti hiiku nama Afaan Oromoo beekutu Afaan Ingiliziitiin maal akka jedhamu baruu barbaada malee, nama Afaan Ingilizii qofa beeku miti.

Gabaabumatti ,garaagarummaan galmee jechootaa aftokkeefi aflame barattootaa qabxilee armaan gadiitiin adda baasuun ni dandaa'ama.

2.9.2.2.4 Tarreeffama Jechootaa

Tarreeffamni jechootaa galmee jechootaa aftokkee keessatti gabaabaa yemmuu ta'u, kan aflame keessatti immoo, dheeraadha.

2.9.2.2.4.1 Ibsa Jechootaa

Galmee jechootaa aftokkee keessatti jecha afaan tokkoo afaanichumaan yemmuu hiikamu, kan galmee jechootaa aflame keessattimmoo, gara afaan itti hiikamuu barbaadametti jijjiirama.

2.9.2.2.4.2 Haala Itti Fayyadamarratti Fakkeenya Kennuu

Galmees jechootaa aftokkee keessatti fakkeenya haala itti fayyadamaa yemmuu kennamu, kan galmees jechootaa aflame keessatti immoo, yeroo baay'ee gara afaan itti hiikamutti jijjiirama.

2.9.2.2.4.3 Haala Jechoonni Waliin Deemaniifi Jechamoonni Galmees Jechootaa Ittin Ibsaman

Galmees jechootaa aftokkee barattootaa afaan lammaffaaf qophaa'e keessatti, jechoonni waliin deeman yookiin jechamoonni afaanuma sanaa yemmuu hiikaman kan aflamees keessatti garuu, yeroo hundaa ni jijjiirama. Darbaa darbee garuu, jechoota walgitu afaan itti hiikamu keessaa barbaaduun bakka bu'a.

2.10 Qabiyyee Galmees Jechootaa

Almaaz (2010)Kadir (2007) Wabeeffachuun akkaibsiteetti, galmeen jechootaa hundi wantoota armaan gadii hunda yookiin muraasa isaanii ofkeessatti hammachuu akka danda'aan ibsiti. Isaanis:.

jechoota bu'uura afaan tokko keessatti argaman yookiin afaan biroo irraa ergifatamanii, akkaataa qubeessuu, akkaataa sagaleessuu, garee jechootaa galmees jechootaa sana keessatti hammatamanii, xiinjecha, xiinhima ykn caasima (ibsa jechootaa gaalewwan galmees jechootaa sana keessatti hammatamanii,fakkeenya haala itti fayyadamaa, jechoota waliin deemaniifi jechamoota garaa garaa, tarreeffama jechoota bu'uura ibsa barbaachisaa waliin, xiinhiika, akka yaanni tokko caalmatti ifa ta'uuf meeshaalee deeggarsaa tokko tokkotti dhimma bahuu, madda jechoota afaan birraa ergifatamanii galmees jechootaa sana keessatti dhimma itti ba'amaniifi kkf ofkeessatti qabachuu danda'a. Isaanis:

2.10.1, Qubeessuufi Sagaleessuu

2.10. 1.1 Qubeessuu

Galmeen jechootaa akkaataa jechoonni ittiin qubeeffaman agarsiisuu qaba. Sababni isaas ittifayyadamtoonni galmees jechootaa akkaataa jechi afaan sanaa itti qubeeffamerratti odeeffannoo argachuu waan barbaadaniif.

2.10. 1.2 Sagaleessuu

Galmeewwan jechootaa hundi odeeffannoo waa'ee sagaleessuu hin qabanu. Fakkeenyaaf, galmeen jechootaa'Spanish ' yookiin ' Finnish'odeeffannoo waa'ee sagaleessuu hin qabanu. Sababni isaas haalli jechootaa afaan kanaa itti sagaleeffaman muraasa isaanirraa kan hafe qubee

jecha sanaa irratti waan hunda'aniif. Haata'umalee, Afaan Ingilizii afaan akkasii waan hin taaneef, galmee jechootaa afaan kanaa inni xiqqaanillee, odeeffannoo sagaleessuu of keessaa qaba.

Galmee jechootaa keessatti odeeffannoo sagaleessuu hammachiisuun haala itti sagaleeffamu yookiin itti dubbatamu fayyadamtoota hubachiisuuf gargaara. Galmeewwan jechootaa afaanota akka barreeffamanitti hin sagaleeffamne irratti qopha'an haala jechi tokko itti sagaleeffamu agarsiisuu qabu. Sababni isaas, ittifayyadamtoonni jecha barreeffame tokko maal jedhanii sagaleessuu akka qaban baruun waan qabaniif.

2.10.1.3 Madda Jechootaa

Jaarraa 17^{ffaa} boodaa kaasee galmeen jechootaa tajaajila waliigalaa kan dubbattoota afaan tokkoffaaf qophaa'u keessatti odeeffannoon waa'ee madda jechootaa hammatamuu eegale. Kaayyoon kutaa madda jechootaas jechi bu'uura galmee jechootaa afaan kamirraa akka dhufe kan agarsiisudha. Yoo jechi sun uumamuudhaan dhufe ta'e, fakkeenyaaf, karaa uumamaa yookiin jechoota hiika garaa garaa qaban walitti makuun yoo uumame, miseensoonni jecha sanaa maal akka ta'aniifi akkamitti akka waitti makaman ifaa miti yoo ta'e malee, maddi jechichaa yeroo baayyee hin kennamu.

Walumaagalatti, maddi jechaa hundee jechaaf kennama. Hangi ibsa madda jechootaa bal'ina galmee jechootaa sana irratti hunda'a. Fakkeenyaaf, galmee jechootaa xiqqoo keessatti kallattumaan madda jecha sanaa qofatu ka'ama. Galmee jechootaa guddaa keessatti garuu waa'ee madda jechichaa odeeffannoo yookiin ibsa bal'aatu kennama. Madda jechaa ibsuu keessatti jechichi afaan kamirraa akka dhufe ibsuun dirqamadha. Akkasumas, galmeen jechootaa tokko tokko tilmaamaan yeroo jechi sun gara afaanichaatti dhufes ni ibsu.

2.11 Faayidaa Galmee Jechootaatti fayyadamuu

Kanaan dura akka galmee jechootaatti fayyadamtanii beektan tilmaamuun ni danda'aama. Galmee jechootaatti yeroo akkamii fayyadamuu qabnaa? Fakkeenya armaan gadii keessatti jechi tokko jala sararameera yoo ta'e, Hiika jecha kanaa baruuf, carraaqqiin nuti gochuu qabnu maalii?, "Hiyyummaan gidiraa addaa addaatiif nama saaxila." Yoo hiika jechichaa akka galumsaatti tilmaamna jettan sirriidha. Akka waliigalaatti, jecha tokko yemmuu hiikuu barbaadnu galmee jechootaatti osoo hinfayyadamiin bakka inni faayidaairra oole qalbifachuun

akka galumsa isaatti hiikuuf yaalii gochuu qabna. Yoo irra deddeebinee yaallee milkaa'uu baanne garuu, galmee jechootaa fayyadamuutti deemuun barbaachisaa dha.

Galmeen jechootaa faayidaa hedduu qabaatullee, yeroo baay'ee barattoonnifi namoonni hedduun hiika jechootaa ilaaluuf itti fayyadamu. Kun sirrii yoo ta'ellee, galmeen jechootaa bu'aa kan biroo hedduu qaba. Akkuma armaan olitti ibsame, bu'aan inni ijoon hiika jechootaa irraa ilaaluufi. Tariiba odeeffannoo galmee jechootaa keessatti dhiyaate bu'ureffachuun odeeffannoo jechatti aanee dhufu sagaleessoo jechichaati.

Odeeffannoon kun mallatoon hammattuu keessatti agarsiifama. Karaa kanaan galmee jechootaatti fayyadamuun bu'aa lama qaba. Inni jalqabaa akkamitti jechi tokko akka sagaleeffamu baruufidha. Inni lammaffaan akka dogoggora irraa of eegnuuf nu gargaara. Jecha tokko yoo sirriitti hin sagaleessine jecha hin jirre uumuu dandeenya, ykn jecha hiika biraa kennuun nama dogoggoriisuu dandeenya. Odeeffannoon kan biraa galmee jechootaa keessaa argachuu dandeenyu qaama dubbii jechootaati. Kana jechuun jechi tokko maqaa, gochima, maqibsa fi kkf ta'uu isaa agarsiisa. Kana baruun keenya immoo, jecha sana hima keessatti akkamitti akka fayyadamnu qajeelcha nuuf kenna. Jechoonni tokko akka galumsa jaraatti qaama dubbii garaa garaatti ramadamuu danda'u. Fakkeenya gaarii kan ta'u jecha Afaan Ingiliz keessatti faayidaa irra oolanidha. Fakkeenyaaf jechi "play" jedhu maqaa ykn gochima ta'uu danda'a. As irratti wanti hubatamuu qabu galmeen jechootaa haalaan hin qophoofne odeeffannoo guutuu kennuu hin danda'an. Kana qalbii keessaa qabaachuun ibsa faayidaa galmee jechootaa irraa arganu itti fufuu dandeenya.

Kanamalees, akka Wallace(1983) ibsutti, dandeettii hiika jechootaa qabaachuun ergaa qabiyyee barnootichaan dhiyaatu hubachuu keessatti bu'aa guddaa akka qabu ibsa Akkasumas,. Kipfer (1984), Wallace,(1983) wabeeffachuun akka ibsetti, beekumsa hiika jechootaa wiirtuu barnoota afaanii akka ta'e ibsa. Kana malees, hiika jechootaa beekuun barnoota afaanii to'annoo ofii jala oolchuu fi fedhii barnootichaa guuttachuu keessatti shoorra olaanaa akka qabu ibsa. Akkasumas, Kipfer(1984) itti dabaluun akka ibsetti, barattoonni adeemsa baruufi barsiisuu barnoota afaanii fi qayyabannoo barnootichaa keessatti beekumsa itti fayyadamummaa galmee jechootaa yoo qabaatan faayidaalee armaan gadii galmee jechootaa irraa argachuu akka danda'an ibsa. Isaanis:

- Itti fayyadamtoonni galmee jechootaa akkaataa jechoonnifi gaalewwan addaa addaa itti qubeeffaman beekuuf nama gargaara.
- Kana malees, haala jechoonnifi gaalewwan itti dubbifaman nama gargaara.
- Akkasumas, gareewwan jechootaa jechoonni galmee jechootaa tokko keessatti argaman itti ramadaman beekuuf nama gargaara.
- Karaa birootiin, akka itti fayyadamtoonni hiika kallattiifi hiika faallaa jechootaa addaan baasanii barataniif isaan gargaara.

Akkasumas, (Gu,2003) Inilson,(1985:104) wabeeffachuun akka ibsetti, “ Itti fayyadamtoota galmee jechootaa buleeyyif (kanneen muuxxannoo qabaniif) immoo, akaakuu galmee jechootaa aftokkee fayyadamuun faayidaalee armaan gaditti dhiyaatan kana argachuun akka danda’amu ibsa. Isaanis:

- Jecha hiikaaf dhiyaate irratti ibsa bal’aa ta’e argachuuf nama gargaara.
- Odeeffannoo gadifageenya qabu dubbistootaaf kenna. Odeeffannowwan kanneenis fakkeeniyota garaa garaatiin deeggaree itti fayyadamtootaaf dhiyeessa.
- Dubbistoonni waa’ee afaan galmeen jechootaa itti qophaa’ee akka yaadan isaan taasisa.
- Afaan tokko keessa gadi seenanii odeeffannowwan afaanicha irraa argamu hunda barachuuf nama gargaara.
- Itti fayyadamtoonni galmee jechootaa barnoota afaanii keessatti qabxilee hedduu afaanichaan dhiyaatan of danda’anii akka dubbataniifi akka dubbisaniif isaan gargaaraa jedha.
- Itti fayyadamtoonni galmee jechootaa hiika garaa garaa jechi tokko qabu irratti hubannoo akka qabaataniif isaan gargaaraa jedha.
- Kanamalees, itti fayyadamtoonni galmee jechootaa hiikota garaa garaa jechi tokko qabu keessaa hiika xiyyeeffannoon itti kennamu addaan baasanii akka beekaniif isaan gargaaraa jedha.

Gamabirootiin, Alleen (1983),(Gairnisfi Redman1986) wabeeffachuun akka ibsetti, galmee jechootaatti fayyadamuun itti fayyadamtootaaf faayidaalee dabalataa armaan gadii kana irraa argachuun akka danda'aamu ibsa. Isaanis;

- Hiika jechoota haaraa gama biiroo aadaafi turizimiitiin yeroo yeroon uumaman waliin wal barsiisuuf faayidaa guddaa qaba.
- Jechootafi gaalewwan addaa addaa akkaataa dubbifamuu qabaniifi qubeelee jechi tokko ykn gaaleen tokko of keessatti qabatu adda baafatanii sirnaan itti fayyadamuu keessattis faayidaa guddaa akka qabu ibsa.
- Jechoota filatanii bakkaa fi haala barbachisummaa isaaniitiin itti fayyadamuu keessattis faayidaa guddaa qaba.

2.12 Qajeelfama Haala Itti Fyyadama Galmee Jechootaa

Akkuma beekamu meeshaa tokkotti fayyadamuun duratti akkaataa itti fayyadama meeshichaa irratti qajeelfama barbaachisu fudhachuun faayidaa guddaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, qajeelfamoota akkaataa itti fayyadama galmee jechootaaf odeeffannoo laataan qabiyyee galmee jechootaa keessaa kutaa duroo(front matter) galmeewwan jechootaa sadarkaa isaanii eeggatanii qopha'an keessaa argachuun akka danda'amu qopheessitoonni galmee jechootaa ni ibsu.

Kutaan qaama duroo galmee jechootaa keessatti argamu akkataa itti fayyadama kitaabichaarratti qajeelfama kennuudha. Kutaa kana keessatti, odeeffannowwan qabiyyee galmee jechootaa kanneen akka seensa jechaa, xiin jechaa, xiin hiikaa, odeeffannoo xiin himaa, qo'annoo afaanii, loqodaalee afaanicha keessatti argaman mara, itti fayyadama jechootaa, axereeraa, fufaa darbaa, caattooibsa, tarreeffama gabaajewwaniifi kkfdha,(Brumfit,1985)Hausmann fi Weigond, (2003) wabeeffachuun kan ibsedha.

Akkasumas, Kipfer(1984) fi Landau (1984) akka ibsanitti, kutaa kana keessatti gaaffiwwan kanneen akka, Odeeffannoo akkamiitu galmee jechootaa kana keessa jiraa?, isaanis maal jechuudhaa?, Odeeffannowwan kanneenis akkamiin argachuun danda'aamaa? Kanneen jedhaniifi kanneen biroos, deebisuuf akka gargaaru ibsu.

Gama birootiin, (Gu.Y,2002), Schoifild (1982:186) wabeeffachuu akka ibsetti, galmee jechootaatti fayyadamuun duratti qajeelfamoota armaan gadiitti dhiyaatan kana dubbisanii beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Isaanis:

- Galmee jechootaatti fayyadamuun duratti akaakuu galmee jechootaa filachuufi haala itti fayyadama qabiyyee kitaabichaa kutaalee jalqabaa kitaabichaa irraa qajeelfama fi odeeffannowwan kennaman sirnaan dubbisanii qalbifachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Kunis, haalli ittifayyadama galmee jechootaa haaluma sadarkaan beekumsa itti fayyadamtootaa dabalaa adeemuun galmee jechootaa sadarkaa isaanii eeggatan filatanii itti fayyadamuunis dabalaa kan deemu dha jedha.
- Galmee jechootaa filatanii itti fayyadamuun duratti kutaalee jalqabaa kitaaba galmee jechootaa sana keessatti qajeelfamootafi odeeffannoowwan dhiyaatan hundumaa dubbisanii hubachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Keessumaayyuu, qaamolee sadan galmee jechootaa keessatti argaman keessaa, qaama seensa kitaabichaa irratti xiyyeeffannoo dursaa kennuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.
- Qajeelfamoota kutaalee jalqabaa kitaaba galmee jechootaa keessatti kennaman keessaa isaan ijoon jechoota haala tartiiba qubee isaanii tarree galanii dhufan waliin, gabaajewwan fuullee jechoota kennaman hundarratti hammattuu keessatti kennaman gosoota garee jechootaa jechoota kanneen ibsuuf akka barreeffaman beekuun barbaachisaadha jedha.
- Kana malees, mallatooleen xiinsagaa bifa gabaajeetiin fuullee jechoota kanneen irratti kennaman olka'iinsa fi gadibu'iinsa sagaleewwanii jechoonni kun ittin dubbifaman ibsuuf waan tajaajilaniif jechota hiikaaf dhiyaatan kanneenniif hiika sirrii argachuu keessatti gahee guddaa qabu. Kanaaf, galmee jechootaa qabnutti fayyadamuun duratti gosoota gabaajewwaniifi mallatoolee garaa garaa jechoota tarreeffaman duratti argaman hundumaa haalaan itti fayyadamuun gahee isaanii beekuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.
- Akkasumas, (Gu.Y,2002) itti dabalee akka ibsetti, kitaaba guddaa galmee jechootaa keessaa tooftaan haala salphaa ta'een jechoota hiikaaf barbaadan itti argachuu danda'an irratti qajeelfamoota odeeffannoo laatan sirnaan dubbisanii itti fayyadamuun yeroo ofiitti fayyadamuu keessatti bakka guddaa akka qabu ibsa. Tooftaalee kanneen keessaas, akka fakkeenyaatti yemmuu ibsu, jechoota bu'uuraatti haalaan dhimma bahuun gamnummaa akka ta'e ibsa. Kanaaf, namni tokko jechoota hiikaaf barbaadu argachuuf jechoota

tarreeffaman hundumaa ilaaluu isaatiin dura qajeelfamoota kanneen irraa odeeffannoo akka argachuun danda'amu irratti hubannoo laata.

- Gama birootiin, Gu (2002) dabalataan akka ibsetti, jechoota hiikaaf barbaadan galmee jechootaa keessaa filatanii itti fayyadamuu keessatti kitaabni galmee jechootaa baayyeen isaanii jechoota hiikaaf tarreeffaman hiika isaanii haala garaa garaatiin ibsuu danda'uu. Kanaaf, jecha tokkoof hiikoonni addaa addaa kan kennaman yoo ta'ellee, hiika jecha jalqaba irratti dhiyaateef xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaa akka ta'e ibsa.

Akka waliigalaatti, gosoonni galmee jechootaa haala fi bifoote garaa garaatiin qophaa'uu ni danda'u. Isaanis; Galmeewwan jechootaa bifa kitaabaatiin, (hardcoppiin) kanneen maxxanfamaniifi kanneen sooftikoppiin maxxanfamanii meeshaalee elektrooniksii adda addaa keessatti bifa applikeeshiniitiin haala salphaa ta'een argachuun waan danda'aamuuf, dhalli nama akka filannoo isaa irratti hundaa'ee itti fayyadamuu akka danda'u ibsa.

2.12.1 Odeeffannoo haala itti fayyadama Hiika Jechootaa Galmee Jechootaa Aftokkeefi Aflamee Keessatti Hiikaaf Dhiyaatan Ilaachisee.

Odeeffannoon haala itti fayyadamaa galmee jechootaa aftokkee keessatti afaanuma sanaan kan kennamu yemmuu ta'u, galmee jechootaa aflame keessatti immoo, afaan dhalootaa barattootaatiin kennama. Kunis, galmeen jechootaa aftokkeefi aflameen barattoota afaan lammaffaa ykn afaan alaa barachuuf ni gargaaraa. Galmee jechootaa aftokkee keessatti barattoonni akka afaan lammaffaa ykn afaan alaa hubachuuf akka afaan lammaffaan dhimma bahaniif dirqamu. Galmee jechootaa aflame keessatti garuu, afaan lammaffaa ykn afaan alaa hubachuuf afaan tokkoffaa isaanitti dhimma bahuu. Yemmuu jijjiirraan afaan tokkoffaarraa gara afaan lammaffaatti taasifamu, galmeen jechootaa aflame haala gaariin qophaa'e, barattoonni akka isaan afaan lammaffaa hubataniif odeeffannoo gahaa kennaaf. Gama kanaan, galmeen jechootaa aftokkeen faayidaa xiqqoo qaba. Akkasumas, yemmuu barattoonni yaada isaanii barreeffamaan ykn dubbiin ibsachuu barbaadan, galmeen jechootaa aftokkeen faayidaa muraasa kennaaf.

Galmeen jechootaa aftokkee gaariin itti fayyadamtootaaf hiika jechootaa kennuuf karoofame caalee kan argamu ta'uu qaba. Akkasumas, galmeen jechootaa aflame gaariinis afaan tokkoffaa gara afaan lammaffaatti hiiku sana caalee argamuu akka qabu himama. Kana malees, galmeen jechootaa gaariin wantoota dubbisaan beekufi hinbeekne adda baasuun kan dubbisaan sun

barbaadu of keessatti hammachuu qaba. Waan hundumaa caalatti immoo , galmeen jechootaa kamiyyuu, dhugaa afaanichaa dhiyeessurratti amanamaa ta'uu akka qabu.Kadir (2007) Brumfit (1985) wabeeffachuun ibsa.

2.13 Yaaxxina Qorannichaa

Yaaxxina xiinqooqaa G/J A/I qopheessuu fi Haala Ittifayyadama Issarratti Hubannoo Kennuu (Linguistic Theory in the practical Lexicography of English Language)

Kaayyoon qorannoo kanaa haala ittifayyadama G/J A/Oromoo qayyabannaa B/A/I barattoota M/B sadarkaa lammaffaa ibsurratti xiyyeeffata. Xiyyeeffannoon yaaxxina kanaas,qabxilee gurguddoo lamaan armaan gadii ibsurratti xiyyeeffata. Isaanis:

A, Hariiroo yaaxxinni kun haala qophiifi ittifayyadama galmee jechootaa waliin qabu ibsuu.

B, Yaaxxina kana keessatti qabxii haala ittifayyadama galmee jechootaa ilaallatu.

A, Hariiroo yaaxxinni kun haala qophiifi ittifayyadama G/J waliin qabu ilaachisee, Landa'u (2001) akkas jedha,,*The dibate on the relationship b/n lexicography and linguistics or more specifically on the relevance or usefulness of theory based linguistic description to dictionary making is no new. In fact, the dibate could be as old as the stablishment oflexicography as a discipline.*

Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti, adeemsa qophii fi ittifayyadama G/J fiyaaxxina xiinqooqaa gidduutti yeroo dheeraan dura falmiin guddaan kan taasifamaa ture yoo ta'ellee, qorannoo yeroo dheeraa irratti geggeeffameen keessaayyuu, walakkaa jaarraa 20^{ffaa} booda falmiin taasifamaa ture kun deebii argatee jira. Hariiroo yaaxxina kanaa fi G/J gidduu jiru ilaachisee, Zgustan(1971) akkas jedha, *It is during the second hafe of the twentieth centuary that the interest of linguists in lexicography began to be noticed. Lexicographers also started to see linguistic theory as an important tools that they could use in improving their dictionary.*

Yaada barruu armaan oliirraa hubachuun akkuma danda'amutti, ittifayyadamaan G/J tokko ittifayyadamuun duratti tooftalee armaan gaditti dhiyaatan kanatti sirnaan fayyadamuu akka qabu ibsa. Isaanis:

1, Jechoota bu'uuraa(head word) fi jechoota biroo addaan baasee beekuu qaba.

2, Haala sagaleessuu jechootaa(tone marking) irratti hubannoo argachuu qaba.

3, Ramaddii galmee jechootaa(grammatical category of words) irratti hubannoo argachuu qaba

4, Hiika jechootaa(lexical meaning) fi kanneen biroos sirnaan itti fayyadamuuf kitaaba G/J kutaa jalqabaa kitaabichaarra sirnaan hubannoo argachuun galmee jechootaatti fayyadamuun ni danda'aamaa jedha. Kanaafuu, yaaxxinni kun qayyabannaa barnoota Afaan Ingiliffaa fi adeemsa Afaan Ingiliffaa barachuufi barsiisuu keessatti bu'aa guddaa kan qabuufi barattootaafis carraa gaarii kan uumu akka ta'e qorataan kun hubachiisuu barbaada.

Qorannoo kana keessattis, kan hojiirra oole haala itti fayyadama galmee jechootaa ilaachisee qabilee barbaachisoo ta'an itti fayyadamtootaaf odeeffannoo kennuu bu'uura godhachuun, barattoonni qayyabannoo fi adeemsa barachuufi barsiisuu Afaan Ingiliffaa keessatti qabxilee qorataan kun boqonnaa lammaffaa qorannichaa keessatti gadi fageenyaan dhiyaate irraa hubannoo gahaa ta'e argachuun, barattoonni manneen barnootichaafi itti fayyadamtoonni galmee jechootaa qorannoo kana argatanii dubbisan kamiyyuu hubannoo hamma tokko argachuu akka danda'an ni amanama.

2.14 Sakatta'a Qorannoolee Walfakkii

Qoratchi, iftoomina qorannoo isaatiif, qorannoolee kanaan duratti kanneen mataduree qorannoo kanaan hamma tokko hariiroo qaban kanneen Afaan Oromoo fi Afaan Ingiliffaatiin hojjataman sakatta'ee ilaalaaluuf yaaleera. Haata'u malee, qorannoolee qorannoo kanaan hamma tokko hariiroo qaban yoo ta'e malee, kallattumaan qorannoo mataduree qorannoo qorataa kanaan walfakkaatu irratti hojjataman sakatta'ee argachuu hindandeenye.

Qorannooleen kanaan duratti hojjataman kanneen qorannoo qorataa kanaan hamma tokko hariiroo qaban keessaa, qorannoo Afaan Oromootiin Almaaz(2010)tti Yuniversiitii Finfinneetti (Addis Ababaatti) itti guutiinsa digirii lammaffaatiin mataduree qorannoo,"Madaallii Galmee Jechoota Afaan Oromoo Wiirtuu Qorannoo Afaanota Itiyoophiyaatiin bara 1996 maxxanfame madaaluu, jedhu yemmuu ta'u, hariiroon qorannoo qoratichaa fi qorannoo Almaaziin(2010), hojjatame woliin dhimma mata duree galmee jechootaan walqabatan irratti hariiroo kan qaban ta'ullee, dhimma ka'umsa qorannichaafi kaayyoo qorannoo irratti garaa garummaa guddaatu jirachuu mala. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle,

kaayyoon qorannoo Almaaz(2010), Galmee Jechoota Afaan Oromoo Afaan Oromootti hiiku kan Wiirtuu Qorannoo Afaanota Itiyoophiyaatiin maxxanfame kana, ciminaafi hanqina galmeewwan jechootaa kanneen gidduutti mul'atan madaaluun cimina isaanii adda baasuun

beeksisuufi, hanqinoota gama kanaan mul'atan irratti qaamolee galmee jechootaa qopheessaniif beeksisuu irraatti kan xiyyeeffatedha. Isaanis: galmeen jechootaa xiyyeeffannoo qorannoo ishee ta'e kun, ulaagaa galmee jechootaa guutuufi dhiisuu isaa adda baasuu, cimina galmeen jechootaa kun gama uunkaatiin qabu adda baasuu, hanqina gama uunkaatiin,gama hiika jechootaa dhiyeessuu irratti maal akka fakkaatufi kanneen biroo adda baasuu,akkasumas, cimina galmeen jechootaa kun gama hiika dhiyeessuuttin qabu maal akka ta'e, adda baasuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Kaayyoon qorannoo qorataa kanaa immoo,,sakatta'a haala itti fayyadama galmee jechootaa Afaan Oromoo qayyabannaa barnoota Afaan Ingilizii barattoota manneen barnootaa sadarkaa lammaffa irratti xiyyeeffachuun akka armaan gadii kanatti kan dhiyaatedha. Isaanis: Komii barsiisota Afaan Ingilizii manneen barnootichaa qabiyyee barnootaa gara afaan dhalootaa barattootaatti hiikuun ibsuu irratti, gaaffilee barattoota manneen barnootichaa dhimma qabiyyeen barnootichaa gara afaan dhalootaa isaaniitti hiikamee akka dhiyaatuuf irradeddeebiin dhiyaate,kun gaaffii hiika jechootaafi ulfaatina qabiyyeetiif ta'uu adda baasee ibsuu, faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabiyyee barnoota Afaan Ingilizii keessatti qabu adda baasee ibsuu fi kanneen kana fakkaatanidha.

Kanamalees, Ka'umsi qorannoo qorataa kanaa, komii barsiisota Afaan Ingilizii manneen barnoota kanaa fi gaaffii barattoota manneen barnootichaarratti dhimma dhokataa qoratamee ifa bahuu qabu kanarratti qorannaa geggeessudha. Kanaaf ,kaayyoofi ka'umsi qorannoo qorataa kanaafi Almaaz(2010) gidduu gara garummaan guddaan akka jiru hubachuun ni danda'aama.

Kanamalees,qorataan kun qorannoo Kadir (2007) mata duree qorannoo”Afaan Oromoo barachuu keessatti hanqinaalee Galmee Jechootaa Afaan Oromoo Aflameefi Afsadee(A.A.U), itti guutiinsa digirii lammaffaaf hojjate sakatta'ee ilaaluuf yaalee jira. Kayyoon qorannoo Kadir, qabxilee armaan gaditti eeraman irratti kan xiyyeeffatedha. Isaanis:

- Gosoota hanqinaalee galmeewwan jechootaa Afaan Oromoo aflameefi afsadee keessatti mul'atan adda baasee ibsuu.
- Dhiibbaa hanqinaaleen kun barnoota afaanii irratti qaban adda baasanii beeksisuu.
- Qopheessitoota galmee jechootaa Afaan Oromoo aflameefi afsadeetiif yaada furmaataa kennuu.

- Itti fayyadamtoota galmee jechoota Afaan Oromoo aflame fi afsadeeta'aniif yaada furmaataafi qajeelfama kennuufi kanneen kana fakkaatanidha.

Ka'umsi qorannoo qorataa Kadir(2007), itti fayyadamtoonni galmee jechootaa Afaan Oromoo aflameefi afsadee, keessaayyuu barattoonni yeroo baayyee galmee jechootaa akkasitti waan fayyadamaniif, hubannoon isaan jecha tokkoof hiika garaa garaa kennuu irratti hanqinni guddaan waan jiruuf itti fayyadamtoonni galmee jechootaa kun yeroo tokko tokko gosoota galmee jechootaa aftokkee akka fayyadamaniif hubannoo laachuu irratti kan xiyyeeffatedha. Kanaaf qorannoon qorataa kanaafi Kadir(2007) gidduu hariiroon kan jiru ta'ullee, qabxilee armaan olitti ibsamaniifi kanneen iroos dabalatee garaa garummaa guddan gidduu isaanii akka jiru hubachuun ni danda'ama.

Boqonnaa 3: Saxaxaafi Mala Qorannichaa.

3.1, Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun gosa qorannoo addeessaatiin haala itti fayyadama galmee jechootaa Afaan Oromoo qayyabannaa barnoota Afaan Ingiliffaa barattoota manneen barnootaa Saqqaa sadarkaa lammaffaafi Qophaa'inaa, sadarkaa maalirra akka jiru ibsuu irratti kan hundaa'edha. Malli qorannoon kun itti qaaceffames, mala makaadha. Kunis, mala akkamtaafi hammamtaa ofkeessatti qabaachuu isaati. Akka Jonasson(1996) ibsutti, gosti qorannoo addeessaa mala qorannoo akkamtaafi hammamtaa of keessatti qabaachuu danda'a jedha. Kana malees, akka Jonason(1996) itti dabalee ibsetti, tooftaawwan ragaa funaanuuf gargaaran addaa addaatti fayyadamuun mala qorannoo tokko keessatti haala gaariin hojiirra oolchuuf akka fayyadu ibsa.

Akkasumas, gosti qorannoo addeessaa, haalli amma jiru tokko sadarkaan maal akka fakkaatu gadi fageenyaan xiinxalanii ilaaluuf bu'aa guddaa qaba (Baily,1994).

Dabalataanis, Gall (1996) akka ibsetti, mala qorannoo makaafi gosa qorannoo addeessaa keessatti, dimshaashumatti, qorattoonni waa'ee waan qoratani ilaachisee dhimmoota sadiirratti xiyyeeffachuu qabaa jedha. Isaanis: ,Taatewwan qorataman irratti gadifageenyaan hubannoo uumuu, taatewwan qorataman sakatta'uun madaaluu, taatewwan qorataman ibsuufi k.k.f,dha,

Jedha. Haaluma kanaan, malli qorannoo makaa akkaataa wantoonni addaa addaa itti argaman ilaachisee, odeeffannoo qabatamaa kennuuf gargaaraa jedha. Kanaafuu, qoratichi qorannoo kana geggeessuf mala qorannoo kana filatee jira.

3.2, Maddeen Odeeffannoo Qorannichaa

Qoratichi Ragaalee qorannoo isaatiif madden odeeffannoo sadarkaa tokkoffaa qofatti dhimma bahun qorannoo kana geggeessee jira. Jamaan qorannoo kana keessatti akka madden sadarkaa tokkoffatti tajaajilan barattoota kutaa 10^{ffaa} fi kutaa 11^{ffaa} bara 2013fi barsiisota Afaan Ingiliffaa manneen barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa keessatti bara 2013 hojii barsiisummaa irratti bobba'anii jiran irratti kan xiyyeeffatedha.

3.3 Iddattoo fi Malleen Iddatteessuu

Qoratichi jamaawwan manneen barnootaa iddatteeffaman lamaan keessatti argaman hundumaa irratti qorannoo geggeessuuf, hanqinni yeroo, rakkoon baajataa, hojii idilee qoratichaa waliin wal qabatee hanqinni waan jiruuf jamaawwan armaan olitti iddatteeffaman qofa irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana geggeesse.

Qoratichi qorannoo kana geggeessuuf iddattoo barattoota manneen barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaa fi Qophaa'inaa keessatti bara 2013tti kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} barachaa jiran 2184 keessaa barattoota 112 mala iddatteessuu miti carraa tooftaa iddatteessuu akkayyoo (pourp-sive sumpling) fayyadamuun filatee jira. Kanaan walqabatee, Gay (1981) akka jedhutti, qorataan qorannoo isaa geggeessuutti amanu tokko, jamaa jiru keessaa yoo xiqqaate %10, yoo baayyate immoo, %20 fudhatee qorannoo geggeessuu danda'aa jedha. Kanaaf, qorataan kun, Yaada kana irratti hundaa'uun, karaa salphaa ta'een qorannoo isaa geggeessuuf mala iddatteessuu akkayyootiin roostera seemisteera 1^{ffaa} bara 2013tti kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} keessaa barattoota kutaa 10^{ffaa} bara 2013tti daree(A_K) fi kutaa 11^{ffaa} keessaas daree(A_k) barachaa jiran kanneen firii qormaata isaaniitiin daree barnootaa isaanii keessaa sadarkaa (1^{ffaa} - 5^{ffaa}) bahan filachuun barattoota 2184 keessaa kutaa 10^{ffaa} keessaa barattoota 56, kutaa 11^{ffaa} keessaas barattoota 56 filachuun akka waliigalaatti, barattoota 112 iddattoon filatee bargaaffii A/Oromoo qopheessuun odeeffannoo funnaannateera.

Akkasumas, barattoota manneen barnootichaa keessatti kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} bara 2013tti barachaa jiran keessaa, kanneen firii qoraama isaaniitiin akka waliigalaatti, dareelee hunda keessaa

kanneen sadarkaa barnoota isaaniitiin($1^{ffaa}-3^{ffaa}$) bahan barattoota 3,3 filachuun akka waliigalaatti, barattoota manneen barnootaa lamaan keessatti kutaa 10^{ffaa} fi kutaa 11^{ffaa} barachaa jiran 2184 keessaa barattoota (6)f afgaaffii A/Oromoo dhiyeessuun odeeffannoo funaannateera.

Dabalataanis, qorataan kun barsiisota manneen barnootaa lamaan keessatti barnoota Afaan Ingilizii kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} barsiisaa jiran keessaa kanneen A/ Oromoo dubbachuu, dubbisuufi barreessuu danda'an 10 isaanii filachuun bargaaffii A/ Oromoo qopheessuun odeeffannoo sassaabateera.

Akkasumas, daawwannaa dareewwan barnootaa afur (kuta 10^{ffaa} daree 2 fi kutaa 11^{ffaa} daree 2) daawwii marsaa lamaan geggeessee jira. Walumaagalatti, qorataan kun jamaawwan manneen barnootichaa keessatti argaman keessaa iddattoo 132 irratti xiyyeeffachuun qorannoo kana geggeessee jira.

3.4 Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Funaanaman

Odeeffannoon qorannoo kanaa malleen hammamtaafi akkamtaa fayyadamuun adeemsifame. Malleen kana keessattis, meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname, bargaaffii, afgaaffii fi daawwannaa dareeti. Sababni meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaaname heddummaachuun barbaachiseefis, gosa meeshaa tokkoon ragaan argamuu hindanda'aamne, meeshaa birootiin immoo, bira gahuun ni danda'aama waan ta'eefi. Yaada kana, Moserfi Kalton (1972:126) yemmuu cimsan, "Meeshaaleen odeeffannoon ittiin funaanaman addaa addaatti fayyadamuun tarsiimoo qorannoon ittiin geggeeffamu tokkoof humna guddaa ta'aa" jedhu.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun akkuma danda'aamu, qorannoo kana keessatti ragaalee sassaabaman keessaa gaaffileen daangeffaman, malleen hammamtaan hojiira oolchuun kanneen geggeeffaman yemmuu ta'u, gaaffileen banaafi daawwannaan ammo, mala akkamtaan hojiirra oolchuun kan adeemsifamedha.

Bargaaffii

Meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun qoratichi barattootaafi barsiistoota iddatteeffaman irraa ragaa funaannateera. Tooftaan kunis, kan filatameef, baayyina barattoota 112 fi barsiisota 10, waliigalatti namoota 122 ta'an kana irraa tooftaalee birootiin waliin gahuun ulfaataa waan ta'eef, qoratichi karaa salphaa ta'een, yaada isaa sakatta'a haala itti fayyadama

galmee jechoota Afaan Oromoo qayyabannaa barnoota Afaan Ingilizii barattoota manneen barnoota kanaa ilaachisee, odeeffannoo gahaa argachuufidha.

Yaada armaan oliitti dhiyaate kana cimsuuf, Wiliksonfi Bhandrkar(1990:197) yeroo ibsan, “Faayidaan bargaaffiitti fayyadamuu inni guddaan, odeeffannoo garee lakkoofsaan baayyee bittinnaa’ee jirufi amala garaa garaa qabu irraa odeeffannoo funaanuuf mijjawaadhaa” jedhu. Yaanni kuns, barattootafi barsiistoota lakkoofsi isaanii hedduu ta’aniif bargaaffii dhiyeessuun barbaachisaa ta’uu isaa mul’isa. Kanaaf, gaaffileen odeeffannoo funaanuuf qopha’an gaaffilee bu’uuraa qorannichaa irratti kanneen hunda’an 26 yemmuu ta’an, hundumti isaaniituu dangeffamaadha. Bargaaffileen kunis ,kutaalee gurguddoo saditti qoodamanii kanneen qophaa’anidha. Isaanis: gaaffilee akka waliigalaatti, ulfaatina qabiyyee barnoota Afaan Ingilizii fi ulfaatina hiika jechootaa qabiyyee barnootichaatiin wal qabatan, gaaffilee qabiyyeen barnoota Afaan Ingilizii gara Afaan Oromootti hiikamee akka dhiyaatuuf gaafachuu waliin wal qabatanifi gaaffilee faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabufi haala itti fayyadama galmee jechootaa waliin wal qabataniidha.

Afgaaffii

Qoratichi meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun odeeffannoo barbaachisu barattoota manneen barnootaa Saqqaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa’inaa keessatti bara barnootaa 2013tti kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} barachaa jiran keessaa , manneen barnootaa lamaan irraa barattoota sadi sadi, waliigalatti, barattoota ja’a filachuun afgaaffiilee 26, ta’an gaaffilee banaa fi cufaatiin fayyadamuun odeeffannoo bilchina qabu sassaabachuu danda’eera. Sababni afgaaffilee kanneen banaafi cufaa taasisuun barbaachiseef, odeeffannoowwan bargaafileetiin deebii hin argannerratti odeeffannoo gadi fageenya fi bilchina qabu nan argadha jedhee waan itti amaneefi. Yaada kana deeggaruun Sarantakos(200:285) yeroo ibsu,”sagantaa afgaaffilee banaa hedduminan kan of keessaa qabu, akkaattan ijaarsaafi duraa duubni isaanii yeroo barbaadametti jijjiiruun danda’amutti fayyadamuun gaariidha. Kunis, qoratichi qabxilee qorannichaa irratti hundaa’ee bilisa ta’ee sochoo’uu ni danda’aa”. Jedha. Walumaagalatti, yaada armaan olii kana irraa kan hubatamu, afgaaffiin karaa kallattiifi al kalaattiin odeeffannoo bal’inafi bilchina qabu argachuun akka danda’amu nama hubachiisa.

Haata’umalee, qoratichi afgaaffii barsiisotaaf qopheessuuf kan karoofate yoo ta’ellee, sababa baayyina gaaffilee afgaafichaatiin deebiin barsiisota irraa argame addaan ciccitaa fi bilchina

dhabeef, barsiisonni kun yaada “Gaaffii afgaaffiin dhiyaate kana osoo gara bargaaffiitti nuuf jijjiirte yeroo boqonnaa qabnutti deebii bilchina qabu tasgabboofnee siif guutuu dandeenya” waan jedhaniif gaaffilee afgaaffii barsiisotaaf dhiyaate gara bargaaffiitti jijjiiree odeeffannoo bilchina qabu argachuuf danda’ee jira. Akkasumas, afgaaffilee barattootaafi daawwannaa daree barnootaa irraa odeeffannoo gahaa ta’e nan argadha jedhee waan itti amaneefi.

,Daawwannaa Daree

Qoratichi meeshaa funaansa ragaa kanatti dhimma bahuun, odeeffannowwan barbaachisan manneen barnootaa iddatteefaman lamaan keessatti daree barnoota Afaan Ingiliffaa barattoota kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} irratti xiyyeeffachuun barsiisota Afaan Ingiliffaa kanneen Afaan Oromoo dubbachuu danda’an mala iddattoo miti carraa tooftaa iddatteessuu akkayyootti dhimma bahuun, akaakuu daawwannaa cheklistii guutuufi yaadannoo qabachuutti gargaaramuun daree barnoota Afaan Ingiliffaa tokko marsaa lama daawwachuun manneen barnootaa lamaan kessaa daree lama lama daawwannaa marsaa lamaatiin daree barnoota Afaan Ingiliffaa afur keessatti, daawwii marsaa saddeet(8) geggeessuun, kallattiin madda ragaa tokkoffaa biratti qaamaan argamuun ,sakatta’a haala itti fayyadama galmees jechoota Afaan Oromoo adeemsa qayyabannaa fi baruuf barsiisuu Afaan Ingiliffaa keessatti barattoonni dhimma itti bahan daawwatee odeeffannoo barbaachisaafi bilchina qabu sassaabbatee jira.

Yaada armaan olii kana cimsuuf Kumar(1996) yeroo ibsu, “Daawwannaan odeeffannoo jalqabaa funaanuuf tooftaa tokkoffaafi tarsimoo dhimma qabeessafi filatatamaa ta’iinsoota ilaaluuf gargaaranidha”. Jedha. Akkasumas, Best(1981) yemmuu ibsu, “Daawwannan qorataan waan ifatti arge tokko irratti ragaa akka sassaabbatu kan isa taasisudhaa,” Jedha. Dabalataanis, Richard fi Rodgers(1995) akka ibsanitti, “Daawwannan daree keessaa adeemsa baruufi barsiisuu haala qabatamaan hojiitti hiikamuu isaa namatti agarsiisaa” jedhu.

Walumaagalatti, qoratichi mullistuu mala tilmaama duraa bu’uureffatee qabxilee 26 qopheeffatee wayitii daawwannaa daree seenetti mirkaneeffatee jiraa. Yaada kana cimsuuf, Baily(1994) akka ibsetti, “ Daawwataan tokko daawwannaa keessatti wantoota shakkaa ture irraa bilisa akka ta’u isa taasisaa”, Jedha. Kanaaf ,qorataan kun odeeffannowwan bargaafilee, afgaafiilee keessatti odeeffimtoota irraa haala shakkii qabuun sassabbate daawwannaa dareetiin qabatamummaa ragaalee kanneenii miraneeffachuu danda’era.

3.5, Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen bargaaffiin, afgaaffiin, daawwannaa dareetiin erga funaanamaniin booda gabatee irratti fayyadamuun bargaaffileen lakkoofsaafi dhibbeentaan, afgaaffileefi daawwannaan daree immoo, jechaan ykn himaan erga qindaafamanii booda odeeffannowwan qabxii madaallii olaanaa agarsiisaniin kan qaaceffamedha.

Qoratiichi ragaalee adeemsa armaan oliitti ibsaman kanaan walitti qabaman malleen qaaccessa ragaa makaa(akkamtaa fi hammamtaa) fayyadamee jira. Malli akkamtaa, karaa odeeffannoon hiikame sun jechaan ykn himaan kan ibsame yemmuu ta’u, malli hammamtaan immoo, odeeffannoon argame sun baayyinni isaa lakkoofsaanfi parsantaan kan ka’amedha. Dhuma irratt, yaadoleen furmaataa mul’atan irratti hiiknifi xinxalli erga irratti kennameen booda, yaanni cuunfaa, argannoon qorannichaafi yaanni furmaataa(yaboon) kennamee jira.

Boqonnaa 4: Dhiyeessa fi Qaaccessa Ragaalee

4.1, Dhiyeessa Ragaalee

Boqonnaa kana keessatti, qoratiichi kaayyoo qorannoo kanaa galmaan gahuuf ragaalee bargaaffiin, afgaaffiin, daawwannaa dareetti fayyadamuun xiinxalee jira. Ragaaleen sassaabaman kunneenis, malleen odeeffannoo funaanuu boqonnaa sadaffaa keessatti ibsaman irratti hundaa’uun kanneen walitti qabamaniidha. Sana boodas, argannoowwan odeeffannoo kana irraa funaanaman, kutaa itti aanu keessatti qaaceffamanii jiru. Isa dura garuu, ragaaleen barattoota fi barsiisotaa akka armaan gadii kanatti dhiyaatee jira.

Gabatee, 1, Ragaalee duubee barattoota hirmaatanii.

Ragaalee		Iddattoo Barattoota Manneen Barnoota Hirmaatanii								
		Mana Barumsaa Saqqaa Sad.2 ^{FFaa}			Mana Barumsaa Qopha’ina Saqqaa			Ida’aama Waliigalaa		
Saala		Dhi	Dha	Ida’aama	Dhi	Dha	Ida’aama	Dhi	Dha	Ida’aama
Umurii	17-18	26	25	51	26	24	50	52	49	101
	19 ol	3	2	5	5	1	6	8	3	11
Ida’aama		29	27	56	31	25	56	58	54	112

Gabateen 1, kan agarsiisu baayyina, saalaafi umurii barattoota iddattoon filatamanii hirmaataniiti

Gabatee 2, Ragaalee duubee barsiisota hirmaatanii

Ragaalee		Iddattoo Barsiisota Manneen Barnootaa Hirmaatanii								
		M/B Saqqaa Sad.2 ^{FFaa}			M/B Qophaa'ina Saqqaa			Ida'aama Waliigalaa		
Saala		Dhi	Dha	Ida'aama	Dhi	Dha	Ida'ama	Dhi	Dha	Ida'ama
Baayyina Hirmaattotaa		4	1	5	3	2	5	7	3	10
Umurii	26-30	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	31-35	-	1	1	-	1	1	-	2	2
	36-40	3	1	4	4	-	4	7	1	8
Bara Tajaajilaa	1-5	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	6-10	-	1	1	1	1	2	1	2	3
	11-15	2	1	3	1	1	2	3	2	5
	16-20	1	-	1	1	-	1	2	-	2
Sadarkaa Barumsaa	Dippiloomaa	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	Digirii Jalqabaa	3	1	4	1	1	2	4	2	6
	Digirii Lammaffaa	1	-	1	2	1	3	3	1	4
Gosa Barumsa Ittii	Ingiliffa Dip	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	Ingiliffa Digirii Jalqa	3	1	4	1	1	2	4	2	6
Lenji'an	Ingiliffa MA	1	-	1	2	1	3	3	1	4

Walumaagalatti, qoratichi barsiisota umurii, bara tajaajilaa, sadarkaa barnootaa, saalafi gosa barnootaa ittiin eebbifaman giddugaleessa godhachuun, hunduma isaanii hirmaachisuun, haala itti fayyadama G/J A/O adeemsa afaan barachuufi barsiisuu fi Q/Q/ B/A/I keessatti hangam xiyyeeffannoon hojiirra oolaa akka jirurratti, odeeffannoo irraa funaannachuun odeeffannowwan funaanaman immoo, qaaccessuuf itti gargaarameen jira.

Gabatee 3, Ragaalee Duubee Barsiisota Daawwatamanii

Ragaalee		Iddattoo Barsiisota Manneen Barnootichaa Keessatti Filatamuun Daawwatamanii								
		M/B Saqqaa Sad.2 ^{FFAA}			M/B Qophaa'ina Saqqaa			Ida'aama Waliigalaa		
Saala		Dhi	Dha	Ida'aama	Dhi	Dha	Ida'aama	Dhi	Dha	Ida'ama
Umurii	26-30	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	31-35	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	36-40	1	1	2	1	1	2	2	2	4
Bara Tajaaji	1-5	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	6-10	-	-	-	-	-	-	-	-	-
Laa	11-15	1	1	2	-	-	-	1	1	2
	16-20	-	-	-	1	1	2	1	1	2
Sad.B arumsaa	Dip.	-	-	-	-	-	-	-	-	-
	Digiri	-	1	1	1	-	1	1	1	2
	Digirii 2 ^{ffaa}	1	-	1	-	1	1	1	1	2

Gabateen 3, barsiisota manneen barnootaa filatamanii daawwatamanii baayyinaan, saalaan, umuriin, bara tajaajilaatiin, sadarkaa barumsaafi akaakuu barnoota ittiin eebbifamanii kan agarsiisudha.

4.2, Qaaccessa Ibsa Bargaaffii, Afgaaffii fi Daawwannaa D/Barnootaa

Akkuma boqonnaa sadaffaa keessatti ibsametti, bargaaffiin barattootaa fi barsiisotaa kanneen qabiyyeen isaanii wal fakkaatan iddoo tokkotti walitti fiduun kanneen wal hinfakkaanne immoo, kopha kophaatti akkaataa qabiyyee isaaniitiin mala hammamta fayyadamuun gabteerratti kan qaaceffaman yemmuu ta'u, daawwannaa fi afgaaffiin immoo, mala akkamtaatiin jechaa fi himaan fayyadamuun kan qaaceffamanidha. Akkasumas, xiinxalli waliigalaa qorannoo kanaa immoo, qabxii parsantii caalmaa qabu fayyadamuun kan qaaceffamanidha.

4.2.1, Qabiyyee Barnoota Afaan Ingilizii Gara Afaan Oromooti Jijjiiranii Barsiisuu Irratti Yaada Jiru.

Bargaaffiwwan barattootaa fi barsiisotaa lakkoofsi 1,2,3, 4,5, 6, 7, yaadrimee qabiyyee barnoota Afaan Ingilizii gara Afaan Oromooti jijjiiranii barsiisurratti yaada jiru qaaccessuuf kanneen wixineeffamanidha.

Gabatee, 4, Qabiyyee Barnoota Afaan Ingilizii Gara Afaan Oromooti Jijjiiranii Barsiisurratti Yaada jiru.

T.L	Qabxilee Ijoo Gaaffichaa	Filannoo Qabxii Iskeelii Kennamee	Deebistoota			
			Barattoota		Barsiisota	
			D.L	%	D. L	%
1	Daree Barnoota Afaan Ingiliffaa Keessatti qabiyyee barnootichaa gara Afaan Oromooti jijjiiranii barsiisuu.	A, Yeroo Mara	36	32.14	4	40
		B, Yeroo Bayyee	54	48.4	5	50
		C, Darbee Darbee	18	16.07	1	10
		D, Yeroo Muraasa	4	3.57	-	-
		E, Gonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	54	48.4	5	50
2	D/ B/ A/I keessatti qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti kan jijjiiramuuf osoo ulfatina qabiyyee fi hiika jechootaa addaan hin baasiin akka waliigalaatti gaafachuu.	A, Yeroo Mara	-	-	-	-
		B, Yeroo Bayyee	5	4.46	-	-
		C, Darbee Darbee	10	8.92	2	20
		D, Yeroo Muraasa	30	26.78	3	30
		E, Goonkumaa	67	59.82	5	50
		Ida'ama,	112	100	10	100

		M.Q.O,	67	59.82	5	50
3	D/B/A/I keessatti qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromootti kan jijjiramuuf sababa ulfaatina qabiyyeettif akka ta'e adda baasuun gaafachuu	A, Yeroo Mara	-	-	-	-
		B, Yeroo Baayyee	5	4.46	-	-
		C, Darbee Darbee	10	8.92	2	20
		D, Yeroo Muraasa	30	26.78	3	30
		E, Goonkumaa	67	59.82	5	50
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	67	59.82	5	50
4	D/B/A/I keessatti qabiyyee barnootichaa gara A.O tti jijjiiruun kan barbaadameef ulfaatina hiika jechootaatiif akka ta'e ibsuu.	A, Yeroo Mara	11	9.82	3	30
		B, Yeroo Baayyee	48	42	6	60
		C, Darbee Darbee	42	37.5	1	10
		D, Yeroo Muraasa	8	7.14	-	-
		E, Goonkumaa	3	2.67	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	48	42	6	60
5	D/B/A/I keessatti barattoonni qabyyeen barnootichaa gara A/ Oromootti yeroo hangamiif akka jijjiiramuf gaafachuu	A, Yeroo Mara	50	44.64	4	40
		B, Yeroo Baayyee	53	47.32	5	50
		C, Darbee Darbee	6	5.35	1	10
		D, Yeroo Muraasa	3	2.67	-	-
		E, Gonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	53	47.32	5	50
6	Daree Barnoota Afaan Ingilzii keessatti qabiyyee barnootichaa gara afaan dhalootaatti jijjiirani barsiisuun dhiibbaa akka qabu barsiisuu	A, Yeroo Mara	42	37.5	4	40
		B, Yeroo Baayyee	46	41.07	5	50
		C, Darbee Darbee	16	14.28	1	10
		D, Yeroo Muraasa	8	7.14	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	46	41.07	5	50
7	D/B/A/I keessatti qabiyyee barnootichaa gara afaan dhalootaatti jijjiirani barsiisuun osoo fedhii gama barataatiin jiru Afaan Ingiliffaa qofaan barsiisuu	A, Yeroo Mara	7	6.25	-	-
		B, Yeroo Baayyee	9	8.03	-	-
		C, Darbee Darbee	31	27.67	1	10
		D, Yeroo Muraasa	42	37.5	6	60
		E, Goonkumaa	23	20.53	3	30
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	42	37.5	6	60

Akka gabatee 4^{ffaa} Gaaffii1^{ffaa} irratti ibsametti, D/B/A/I keessatti qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromootti hiikamee barattootaaf akka dhiyaatuuf gaafachuun, walqabatee gaaffannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 36(%32.10) yeroo mara, 54(%48.21) yeroo baayyee, 18(%16.07) darbee darbee, 4(%3.57) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) yeroo mara. 5(%5) yeroo baayyee, 1(%10) yeroo muraasa jedhanii deebisaniiru.

Ragaa barattootafi barsiisota kanneen irraa argame madaallii qabxii ol'aanaa (54 fi5)tiin yemmuu xinxalamu, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessaa walakkaan isaanii qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti hiikamee akka dhiyaatuuf fedhii akka qaban ragaa argame irraa hubachuun ni danda'aama.

Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeesse keessatti barattoonni hammi tokko daree keessatti qabiyyeen barnootichaa gara A/ O tti hiikamee akka dhiyaatuuf yemmuu gaafatan argee jira. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaate keessaa barattoonni sadii akka jedhanitti” Q/ B/ A/I gara A/O tti hiikamee akka dhiyaatuuf ani gaafachuu baadhullee, barattoonni daree kootii hedduun isaanii yeroo baayyee yemmuu gaafatan argeen jiraa”. Jechuun deebisanii jiru

Walumaagalatti, bargaaaffii barattootaaf barsiisotaaf dhiyaateen,daawwannaa geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifame irraa ragaan argame akka agarsiisutti barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti argaman kunneen daree barnootaa keessatti baayyeen isaanii yeroo baayyee Q/B/A/I gara A/O tti hiikamee akka dhiyaatuuf kan gaafatan ta'uu namatti agarsiisa.

Akkuma gabatee 4^{ffaa} gaaffii 2^{ffaa} irratti ibsametti, D/B/A/I keessatti barattoonni hedduun yeroo baayyee qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti jijjiramee akka dhiyaatuuf gaafachuun osoo ulfaatina qabiyyee fi hiika jechootaa addaan hin baasiin dimshaashumatti gaafachuun walqabatee, gaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 5(%4.46) yeroo baayyee, 10(%8.92) darbee darbee,30(%26.78) yeroo muraasa, 67(%59.82) gonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) darbee darbee, 3(%30) yeroo muraasa,5(%50) goonkumaa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattoonni fi barsiisonni kennaan madaallii qabxii olaanaa (67 fi5) tiin yemmuu xinxalamu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti argaman keessaa hedduun isaanii Q/B/A/I gara A/ O tti akka hiikamuuf kan gaafataniif akka dimshaashaatti osoo hin taane harki caalu ulfaatina hiika jechootaaf yemmuu ta'u hammi tokko immoo, ulfaatina qabiyyee addaan baasanii akka gaafatan ragaa armaan olitti dhiyaate irraa mirkanessuun ni dandandeenya.

Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeesseen akka mirkaneeffatetti, daree barnoota daawwataman keessatti barattoonni hedduun qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti akka jijjiiramuuf kan gaafatan hedduminaan hiika jechootaa akka ta'e hubatee jira. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaate keessaa barattoonni afur akka ibsanitti,"Gaaffii qabiyyeen barnootaa gara A/O tti akka jijjiiramuuf barattoonni hedduun yeroo baayyee hiika jechootaa yemmuu gaafatan argeen jira" jechuun deebisanii jiru.(Dabalee Dilaali).

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffame fi afgaaffii barattootaa taasifame irraa ragaa sassaabameen barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti argaman keessaa, baayyee isaanii yeroo baayyee Q/B/A/I gara A/O tti akka jijjiramee dhiyaatuuf gaafachuun isaanii ulfaatina hiika jechootaatiif akka ta'e hubachuun ni danda'aama.

Gabateen 4^{ffaa} gaaffiin 3^{ffaa} kan agarsiisu , D/B/A/I keessatti barattoonni qabiyyeen barnootichaa sababa ulfaatina qabiyyeetiif gara A/O tti akka hiikamuuf gaafachuu waliin walqabatee,gaafannoobarattootafibarsiisotaafdhiyaateen, barattoonni2 (%1.78) yeroo baayyee, 40 (%35.71)darbee darbee,59(%52.67)yeroo muraasa,10(%8.9) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) darbee darbee, 4(%40) yeroo muraasa, 2(%20) gonkumaa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootafi barsiisota kanneen irraa argame kana madaallii qabxii olaanaa (59 fi4) yemmuu xinxallu, barattoonni daree barnootaafi manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti argaman keessaa irra jireessi isaanii yeroo muraasa sababa ulfaatina qabiyyeetiin qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromooti akka hiikamuuf gaafachaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeesseen barattoonni muraasni ulfaatina qabiyyee irratti barsiisota saanii yemmuu gaafatan hubachuu danda'eera. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif, dhiyaateen, barattoonni afur akka jedhanitti,"Ani ulfaatina qabiyyeetiif yeroo muraasa qofa barsiisota koo gaafadheen jira, garuu barattoonni daree keenyaa hedduun isaanii yemmuu barsiisota keenya darbee darbee gaafatan argeen jira" jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaффii barattootaafi barsisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffameefi afgaффii barattoota iddatteeffaman irraa ragaa funaaname kana irraa hubachuun akkuma danda'aamutti barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti argaman kanneen keessaa baayyeen isaanii darbee darbee ulfaatina qabiyyee barnootichaatiif qabiyyeen barnootich a gara A/O tti akka hiikamuuf gaafachaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

Gabateen 4^{ffaa} gaaffiin 4^{ffaa} akka agarsiisutti, D/B/A/I keessatti gaaffin gama barattootaatiin qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti jijjiiramee akka barsiifamuuf ulfaatina hiika jechootaa qabiyyee barnootichaatiin ta'uu adda baasuuf, gaafannoo barattootaafi barsiistotaaf dhiyaateen barattoonni 11(%9.82) yeroo mara, 48(%42.85) yeroo baayyee, 42(%37.5) darbee darbee, 8(%7.14) yeroo muraasa, 3(%2.1) gonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 3(%30) yeroo mara, 6(%60) yeroo baayyee, 1(%10) darbee darbee jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisota kanneen yemmuu madaallii qabxii olaanaa (48 fi6) tiin xinxalluu, barattoota manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti argaman keessaa irra jireessi isaanii yeroo baayyee qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromooti akka hiikamuuf kan gaafataniif ulfaatina hiika jechootaatiif ta'uu nama hubachiisa.

Gama birotiin, qoratiichi daawwannaa daree geggeesseen D/B/A/I keessatti hojii shaakala dubbisaa keessatti barattoota jechoota shaakala keessatti ifa isaaniif hintaane irratti barsiisota isaanii gaafatan argee jira. Akkasumas, afgaффii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, barattoonni sadii akka ibsanitti,"Nutu yemmuu gilgaalota garaa garaa shaakallufi qabiyyeewwan tokko tokko hojii daree hojjachuuf qayyabanutti, jechoota hiikaan haaraa ta'aniif yeroo baayyee barsiisota keenya ni gaafannaa" jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaффii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaatee fi, daawwannaa daree geggeeffamee fi afgaффii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaate irraa odeeffannoon argame irraa hubachuun akkuma danda'aamutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti argaman keessaa harkicaalu yeroo baayyee Q/B/A/I gara A/O tti hiikamee akka ibsamuuf kan gaafataniif ulfaatina hiika jechootaatiif akka ta'e ragaa argame irraa hubachuun ni danda'aama.

Gabateen 4^{ffaa} gaaffiin 5^{ffaa} kan agarsiisu, D/ B/A/I keessatti qabiyyeen barnootichaa gara A/O tti hiikamee akka dhiyaatuuf fedhiin gama barattootaatiin jiru kun, hanga yoomitti akka itti

fufuuf gaafachuuf isaanii ilaalchisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 50 (%44.64) yeroo mara, 53(%47.32) yeroo baayyee, 6(%5.35) darbee darbee, 3(%2.67) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4 (%40) yeroo mara, 5(%50) yeroo baayyee, 1(%10) darbee darbee jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootafi barsiisota kanneen irraa argame kana madaallii qabxii olaanaa (53 fi5) tiin yemmuu xiinxallu, barattoota manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessaa, walakkaan isaanii qabiyyeen barnootichaa yeroo baayyeef gara A/O tti hiikame akka dhiyaatuuf hawwii akka qaban nama hubachiisa. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeesse keessatti, barattoonni hedduun isaanii qabiyyeen barnootichaa gara Afaan dhalootaa isaaniitti hiikamee yemmuu ibsamuuf gammachuu guddaan dhaggeeffachaa osoo baratanuu argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaate keessaa barattoonni sadii akka jedhanitti, “Bayyeen keenya D/B/A/I keessatti qabiyyeen nuuf kennamu hundinuu osoo gara Afaan Oromootti hiikamee nuuf dhiyaate nutti tola” jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaate irraa, daawwannaa geggeeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaate irraa odeeffannoo sassaabameen barattoota manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti kutaa 10^{ffaa} 11^{ffaa} barachaa jiran keessaa baayyeen isaanii Q/B/A/I yeroo baayyeef gara Afaan Oromootti hiikamee barsiifamuun isaa kan isaan gammachiisu ta’uu isaa nama hubachiisa.

Gabateen 4^{ffaa} gaaffiin 6^{ffaa} kan agarsiisu,D/B/A/I keessatti qabiyyeen barnootichaa gara A/ O tti hiikamee dhiyaachuun gahumsa A/I barattootaa irratti dhiibbaa akka qabu gorsa gama barsiisotaatiin kenname hojiirra oolchuu ilaachisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen barattoonni 42(%37.5) yeroo mara, 46(%41.07) yeroo baayyee 16(%14.28) darbee darbee, 8(%7.14) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) yeroo mara, 5(%50) yeroo baayyee, 1(%10) darbee darbee jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattoota fi barsiisonni kun kennaan kana madaallii qabxii olaanaa (46 fi 5) tiin yemmuu xiinxaluu, Q/B / A/I gara Afaan Oromootti jijjiirani barsiisuun kun gahumsa A/I barattoota kanneen irratti dhiibbaa akka qabu, gorsi gama barsiisotaatiin yeroo baayyee kennamaa akka jiru hubanna. Dabalataanis, qoratichi daawwannaa daree geggeesseen barsiisonni daree keessatti

qabiyyee barnootichaa gara Afaan Omootti hiikanii yemmuu barsiisan dhiphinni guddaan fuula barattootaa irraa akka dubbifamu hubachuu danda'ee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaateen, barattoonni sadi akka jedhanitti ,” Qabiyyee barnoota afaan tokkoon dhiyaate gara afaan birootti jijjiiranii barsiisuun dhiibbaa akka qabu qaamni nu barsiisaa jirus, nutis,ni beeknaa. Jedhaniiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffame fi afgaaffii barattootaaf dhiyaate wabeeffachuun barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} barachaa jiran kun, Q/B/A/I gara A/ O tti hiikamee barsiifamuun dhiibbaa akka qabu gama barsiisota isaaniitiin gorsi yeroo baayyee kennamaafi kan jiru, ta'ullee, fedhiin barattoota kanaa qabiyyeen barnootichaa gara afaan dhalootaa isaaniitti hiikame kennamuun isaa garii akka ta'etti ilaalaa akka jiran hubachuu dandeenya.

Gabatee 4^{ffaan} gaaffiin 7^{ffaa} kan agarsiisu, Q/B/A/I gara Afaan Oromootti hiikanii barsiisuun fedhii barattoota hedduu yoo ta'ellee, barsiisonni Q/B/A/I qofaan barsiisuun walqabatee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 7(%6.25) yeroo mara, 9(%8.03) yeroo baayyee, 31(%27.67) darbee darbee jechuun yemmuu deebisan, barsiisaan 1(%10) darbee darbee,6(%60) yeroo muraasa,3(%30) goonkumaa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootafi barsiisota kanneen irraa funaaname madaallii qabxii olaanaa (42 fi 6) tiin yemmuu xinxallu, barattoonni manneen barnoota iddatteeffaman kanneen keessatti argaman kun, Q/B/A/I gara A/O tti jijjiiranii barsiisuun fedhii barattoota hedduu akkuma ta'ee jirutti, barsiisoonni A/I manneen barnootichaas, yeroo muraasa qofa Afaan Ingiliffaattin barsiisaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen, barsiisoonni D/B/A/I keessatti, qabiyyee barnootichaa irra jireessaan A/O tti hiikanii osoo barsiisaa jiranuu arguu danda'eera . Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen barattoonni lama akka jedhanitti,” Akkuma beekamu D/B/A/I keessatti barattoonni hedduun qabiyyeen barnootichaa gara Afaan Oromootti jijjiirame barsiifamuun isaa fedhii baayyee keenyaa akkuma ta'ee jirutti, barsiisonni keenyas akkuma yaada keenyaatti qabiyyee barnootichaa hedduminaan gara A/O tti hiikanii nu barsiisaa jiruu.” Jedhanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattoota fi barsisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffame fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen akkuma Q/B/A/I gara A/O tti hiikamee barsiifamuun fedhii barattoota hedduu ta'ee akkuma jirutti, barsiisonni Afaan Ingiliffaa hedduunis, yeroo baayyee qabiyyee barnootichaa Gara afaan dhalootaa barattootaatti hiikanii barsiisaa akka jiran ragaa argame irraa hubachuun ni danda'aama.

4.2.2, Faayidaa Galmee Jechootaatti Fayyadamuun Barattoota Afaaniitiif qabu .

Bargaaffiin barattoota fi barsiisotaa lakkoofsa 8,9,10 faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun hubannoo qabiyyee hiika jechootaa Afaan Ingiliffaa keessatti barattootaaf qabu hubachiisuu fi xinxaluuf wixineeffame.

Gabatee5, Faayidaa Galmee Jechootaatti Fayyadamuun Barattootaaf Qabu Barsiisuurratti Yaada Jiru.

T.L	Qabxilee Ijoo Gaaffichaa	Filannoo Qabxii Iskeelii Kennameen	Deebistoota			
			Barattoota		Barsiisota	
			D.L	%	D.L	%
8	Q/Q/B/A/I keessatti faayidaa G/J tti fayyadamuun qabu barsiisuu.	A, Yeroo Mara	20	17.85	1	10
		B, Yeroo Baayyee	23	29.46	3	30
		C, Darbee Darbee	50	44.64	4	40
		D, Yeroo Muraasa	6	5.35	2	20
		E, Goonkumaa	3	2.67	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	50	44.64	4	40
9	Q/B/A/I keessatti faayidaa G/J fi galumsaan fayyadamurratti barumsa kennuu	A, Yeroo Mara	12	10.71	4	40
		B, Yeroo Baayyee	37	33.03	4	40
		C, Darbee Darbee	39	34.82	2	20
		D, Yeroo Muraasa	22	19.64	-	-
		E, Goonkumaa	2	1.78	-	-
		Ida,ama	112	100	10	100
		M.Q.O	39	34.82	4	40
10	Q/Q/B/A/I keessatti faayidaa G/Jtti fayyadamuun qaburratti hubannoo argachuun G/J tti fayyadamuuf murteessuu.	A, Yeroo Mara	41	36.56	2	20
		B, Yeroo Baayyee	63	56.25	3	30
		C, Darbee Darbee	8	7.14	3	30
		D, Yeroo Muraasa	-	-	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	63	56.25	3	30

Gabateen 5^{ffaa} gaaffiin 8^{ffaa} kan agarsiisu, ittifayyadamummaa hiika jechootaa barattootaatiif faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabu irratti gorsa barsiisonni barattootaaf kennuu ilaachisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen barattoonni 20(%17.85) yeroo mara,33(%29.46) yeroo baayyee, 50(%44.64) darbee darbee, 6(%5.35) yeroo muraasa, 3(%2.67) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisaan 1(%10) yeroo mara, 3(%30) yeroo baayyee, 4(%40) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisotaan kenname kana madaallii qabxii olaanaa (50 fi4)tiin yemmuu xinxallu,Q/Q/B/A/I Keessatti faayidaa G/Jtti fayyadamuun barattootaaf qaburratti gorsa barattootaaf kenname ilaalchisee, barattoonni kun ,darbee darbee gorfamaa akka jiran hubachu dandeenya. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen , barattoonni adeemsa afaan baruuf barsiisuufi qayyabannoo keessatti jechoota hiika haaraa isaan quunnamuuf, galmee jechootaatti fayyadamuu akka qaban irratti barsiisota isaaniitiin yemmuu jajjabeeffaman argee jira. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen, barattoonni sadii akka jedhanitti “D/B/A/I keessatti adeemsa baruufi barsiisuu fi qayyabannoo keessatti galmee jechootaatti akka fayyadamuu qabnu irratti barsiisonni keenya nu jajjabeessuu.” Jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffame fi afgaaffii barattoota taasifameen ragaan sassaabame akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti argaman kun adeemsa afaan Ingiliffaa baruuf barsiisuu fi qayyabannoo qabiyyee barnootichaa keessatti itti fayyadamummaa hiika jechootaatiif faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qaburratti darbee darbee gorsi kennamaa akka jiru hubachuun ni danda’ama.

Kunimmoo, yaada Bishop(2000) adeemsa hiika jechootaa afaan tokko keessatti argaman barachuu keessatti, meeshaan faayidaa olaanaa qabu galmee jechootaati. Akkuma jedhe sanatti, barattoonni manneen barnoota kanaa faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabu irraatti hubannoon gama barsiisota isaaniitiin kennamuufi akka qabu nama hubachiisa.

Akka gabateen 5^{ffaa} gaaffiin 9^{ffaa} agarsiisutti, Q/Q/B/A/I keessatti faayidaa G/J tti fayyadamuun qabufi haala galumsa himaatiin fayyadamun qabu irratti gorsi gama barsiisotaatiin barattootaaf kennamuu ilaachisee gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 12(%10.71)

yeroo mara, 37(%33.03) yeroo baayyee,39(%34) darbee darbee, 22(%19.64) yeroo muraasa, 2(%1.78) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) yeroo mara, 4(%40) yeroo baayyee, 2(%20) darbee darbee, jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootafi barsiisotaan kenname madaallii qabxii olaanaa (39 fi4) tiin yemmuu xiinxallu, Q/Q/B/A/I keessatti, faayidaa G/J tti fayyadamuun qabufi haala galumsa himaatiin fayyadamuun qayyabachuu keessatti barattoota manneen barnootaa kanaaf darbee darbee gorsi kennamaafii akka jiru hubanna. Dabalataanis, qoratichi daawwanna D/B/A/I keessatti geggeesseen barsiisonni faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabu fi darbee darbee haala galumsa himaatiin jechootaaf hiika kennuun akka danda'aamu irratti adda baasani barattootaaf hubannoo osoo kennanuu argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaateen barattoonni lama akka jedhanitti,"Barsiisonni keenya yemmuu qabiyyewwan qayyabannufi gilgaalota adda addaa hojjanutti hiika jechootaa nu quunnamuuf,tooftaa galmee jechootaatti fayyadamuu fi haala galumsa himaatti fayyadamuurratti adda baasanii hubannoo nuuf kenna jiruu." Jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffame fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif kennameen barattoota manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiraniif adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannoo qabiyyee keessatti faayidaa galmee jechootaatti fayyadamuun qabufi haala galumsaa irratti darbee darbee hubannoon kan kennamuuf akka ta'e hubachuun ni danda'aama.

Yaada kanaan walqabatee, Gaashaw(2008), Beglar fi Hunt(2005) wabeeffachuun yeroo ibsu,"*The abilty of guesing meaning from context is an essential strategy enhancing vocabulary aqusition and commonly used by successful language learner*" akkuma yaada banuu armaan olii kanaa irraa hubachuun danda'aamutti, adeemsa afaan baruuf fi barsiisuu fi qayyabannaa qabiyyee keessatti hiika jechootaa galumsairraa tilmaamuu shaakaluun fayidaa olaanaa akka qabu hubachuun ni danda'aama. Kanaaf, barattoonni manneen barnoota kanaa Q/Q/B/A/I keessatti yeroo mara eeggatummaa barsiisotaa fi galmee jechootaa dhiisanii yeroo tokko tokko haala galumsa himaatiin fayyadamuun qayyabachuu akka danda'an hubachuun barbaachisaa ta'a.

Gabateen 5^{ffa} gaaffii 10^{ffaa} kan agarsiisu, Q/Q/B/A/I keessatti, faayidaa G/J tti fayyadamuun qaburraatti hubannoo argachuun yeroo mara galmee jechootaatti fayyadamuuf murteessuu barattootaa ilaachisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 41(%36.60)yeroo mara,63 (%56.25) yeroo baayyee,8 (%7.14) darbee darbee, jechuun yemmuu deebisan, basiisonni 2 (%20) yeroo mara,3 (%30) yeroo baayyee,3 (%30) darbee darbee,2 (%20) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisotaa kanneen madaallii qabxii olaanaa (63 fi3) tiin yemmuu xiinxalamu , barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannoo keessatti faayidaa G/J tti fayyadamuun qaburratti hubannoo argachuun yeroo baayyee itti fayyadamuuf kan amaleeffatan akka ta'e ragaa argamerra ka'uun hubachuu dandeenya. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa D/B/A/I keessatti geggeessen, barattoonni yemmuu garee gareen gilgaalota shaakalanii fi qayyabatanitti galmee jechootaatti osoo fayyadamanuu argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen barattoonni afur akka jedhanitti, "Faayidaa G/J tti fayyadamuun qabuurratti hubannoo gahaa argannee qayyabannoo taasifnu hundumaa keessatti G/J tti fayyadamuuf murteessinee sirnaan itti fayyadamuutti jirra." jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffame fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessaa baayyeen isaanii yeroo baayyeef qayyabannoo keessatti faayidaa G/J tti fayyadamuun qabu hubatanii walitti fufiinsaan itti fayyadamuun qayyabachaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

4.2.3 Hubannoofi Gahumsa Hiika Jechootaa Qabaachuufi Tooftaalee Barattoonni Ofdanda'anii Hiika Jechootaa Barachuu Danda'ani Irratti Yaada Jiru.

Bargaaffiin barattootaa fi barsiisotaa lakkoofsi 11,12,13, 14,15, hubannoofi gahumsa hiika jechootaa qabaachuun faayidaa inni qabiyyee barnootaa tokko keessatti qabu xinxaluuf wixineeffaman

Gabatee 6: Hubannoofi Gahumsa Hiika Jechootaa Qabaachuufi Tooftaalee Barattoonni Ofdanda'anii Hiika Jechootaa Barachuu Danda'an Hubachiisuu irratti Yaada Jiru.

T.L	Qabxilee Ijoo Gaaffichaa	Filannoo Qabxii Iskeelii Kenname	Deebistoota			
			Barattoota		Barsiisoota	
			D.L	%	D.L	%
11	Qabiyyee Barnoota Afaan Ingilizii hubannoo gahaa waliin hangam akka qayyabatan ibsuu	A, Yeroo Mara	4	3.57	-	-
		B, Yeroo Baayyee	5	4.46	2	20
		C, Darbee Darbee	13	11.60	3	30
		D, Yeroo Muraasa	52	46.42	4	40
		E, Goonkumaa	38	33.92	1	10
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	52	46.42	4	40
12	Q/Q/B/A/I keessatti osoo galmee jechootaa fi haala galumsaatiin hin fayyadamiin gahumsa qabaniin yeroo hangam akka qayyabatan ibsuu	A, Yeroo Mara	-	-	-	-
		B, Yeroo Baayyee	27	24.10	2	20
		C, Darbee Darbee	28	25	3	30
		D, Yeroo Muraasa	42	37.5	5	50
		E, Goonkumaa	15	13.39	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O	42	37.5	5	50
13	Q/Q/B/A/I keessatti osoo G/J tti hin fayyadamin haala galumsaa qofaan yeroo hangam akka qayyabatan ibsuu	A, Yeroo Mara	10	8.92	-	-
		B, Yeroo Baayyee	25	22.32	3	30
		C, Darbee Darbee	41	36.60	3	30
		D, Yeroo Muuraasa	36	32.14	4	40
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	41	36.60	4	40
14	D/B/A/I keessatti galmee jechootaatti osoo hinfayyadamiin tooftaalee hiika jechootaa barachuuf tajaajilan kanneen biroo yeroo hangam akka baratan ibsuu.	A, Yeroo Mara	-	-	-	-
		B, Yeroo Baayyee	11	9.82	1	10
		C, Darbee Darbee	31	27.67	4	40
		D, Yeroo Muraasa	54	48.21	5	50
		E, Goonkumaa	16	14.28	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	54	48.21	5	50
15	Daree Barnoota Afaan Ingilizii keessatti tooftaalee dabalataa hiika jechootaa barachuuf tajaajilan barsiisuu	A, Yeroo Mara	8	7.14	4	40
		B, Yeroo Baayyee	53	47.37	4	40
		C, Darbee Darbee	37	33.08	2	20
		D, Yeroo Muraasa	14	12.5	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	53	47.32	4	40

Gabatee 6^{ffaa} gaaffii 11^{ffaan} kan agarsiisu,Q/Q/B/A/I keessatti, qabiyyewwan qayyabataman irraa hubannoo argachuu ilaalchisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen barattoonni 4(%3.57) yeroo mara,5(%4.46) yeroo baayyee,13(%11.60) darbee darbee,52(%46.42) yeroo

muraasa,38(%33.92) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee,4(%40) yeroo muraasa, 1(%10) goonkumaa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootaa fi barsiisotaa kanneen yemmuu madaallii qabxii olaanaa (52 fi 4) tiin xiinxallu, barattoonni kutaalee iddatteeffamani fi manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti argaman keessaa baayyeen isaanii hubannoo malee akka qayyabatanii fi waan qayyabatan irraas, hubannoo argachaa kan hinjirre ta'uu namatti agarsiisa. Dabalataanis, daawwannaa daree geggeeffamerraa ragaan argame barattoonni baayyeen isaanii adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannoo dabalatee barsiisota isaanii irraa gargaarsa guddaa akka barbadan hubachuun danda'aameera .

Akkasumas,afgaaffii barattootaaf dhiyaateen barattoonni sadii akka jedhanitti, ” Nuti Q/Q/B/A/I keessatti waan qayyabannu irraa hubannoo argachaa kan qayyabannuu yeroo muraasa qofa.kunis, qabiyyewwan sasalphaa yemmuu qayyabanudha.” Jechuun deebisanii jiru . .

Walumaagalatti, bargaaffii barattootafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa geggeeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa baayyeen isaanii yeroo baayyeef hubannoo malee Q/B/A/I akka qayyabatan namatti agarsiisa.

Gabateen 6^{ffaa} gaaffiin 12^{ffaa} kan agarsiisu, Q/Q/B/A/I keessatti barattoonni manneen barnootichaa osoo G/J fi galumsa himaatiin hinfayyadamiin gahumsa qabaniin qayyabannoo sirnawwaa qayyabachuu ilaachisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 27(%24.10) yeroo bayyee, 28(%25) darbee darbee, 42(%37.5) yeroo muraasa, 15(%13.39) goonkumaa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2 (%20) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 5(%50) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaa fi barsiisotaa kanneen madallii qabxii olaanaa(42 fi5) tiin yemmuu xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti argaman Q/B/A/I gahumsa gaariin kan qayyabatan yeroo muraasa qofa akka ta'e namatti argisiisa. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree gaggeesseen, daree barnootaa keessatti barattoonni adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannoo qabiyyee keessatti, deeggarsa barsiisotaa akka barbaadan hubachuuf danda'eera.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen barattoonni lama akka jedhaniitti, ” Nuti qayyabannoo qabiyyee barnootichaa fi adeemsa baruuf barsiisuu keessatti yeroo baayyee gargaarsa barsiisotaa fi galmee jechootaatti fayyadamna.” Jedhanii jiru, (Dabalee D ilaali).

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaan taasifameen, daawwannaa daree geggeeffame fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jira keessaa harkicaalu adeemsa baruuf barachuufi Q/Q/B/A/I keessatti deeggarsa barsiisaafi galmee jechootaatti fayyadamuu kan barbaadan akka ta’an namatti agarsiisa.

Gabatee 6^{ffaa} gaaffii 13^{ffaan} kan agarsiisu, barattoonni Q/Q/B/A/ keessatti tooftaa haala galumsa himaatti fayyadamuun qayyabachuu ilaalchisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 10 (%8.92) yeroo mara, 25 (%22.32) yeroo baayyee, 41(%36.60) darbee darbee, 36(%32.14) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisa, barsiisonni 3(%30) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 4(%40) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootaafi barsiisotaa kanneen madallii qabxii olaanaa (41 fi 4) tiin yemmuu xiinxallu, barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/ keessatti hammi tokko darbee darbee tooftaa haala galumsa himootaatti fayyadamuun akka qayyabatan hubachuun ni danda’ama. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen barattoota garee gareen qoodamanii gilgaalota hojjatan lama keessatti osoo G/J tti hinfayyadamiin hiika jechoota kennameef hamma tokko yaalan arguuf danda’eera. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifame keessaa, barattoonni sadii akka jedhanitti, ” Nuti baayyeen keenya adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannaa keessatti hiika jechootaa nuquunnamaniif yeroo baayyee G/J tti fayyadamna, darbee darbee immoo, haala galumsa himaatti fayyadamna, ” Jedhanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf taasifameen, daawwannaa daree geggeeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifame irraa ragaan argame akka agarsiisutti, barattoonni manneen barnoota kanaa qayyabannoo qabiyyee fi adeemsa baruuf barsiisuu A/I keessatti baayyeen isaanii G/J tti fayyadamuun kan qayyabatan yemmuu ta’an, darbee darbee garuu haala galumsa himaatti fayyadamuun akka qayyabatan hubachuun ni danda’ama.

Gabatee 6^{ffaan} gaaffii 14^{ffaan} kan agarsiisu, barattoonni maneen barnootichaa adeemsa baruuf barsiisuufi Q/Q/B/A/I keessatti, tooftaalee hiika jechootaa ofdanda'anii barachuuf isaan gargaaran kanneen birootti fayyadamuu fi dhiisuu ilaachisee, gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 11 (%9.82) yeroo baayyee, 31(%27.67) darbee darbee, 54(%48.21) yeroo muraasa, 16(%14.28) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisaan 1(%10) yeroo baayyee, 4(%40) darbee darbee, 5(%50) yeroo muraasa, jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisotaa kanneen madaallii qabxii olaanaa(54 fi5) tiin yemmuu xiinxallu, barattoonni manneen barnoota kanaa keessaa walakkaan isaanii Q/Q/B/A/I fi adeemsa baruuf barsiisuu keessatti tooftaa ofdanda'anii hiika jechootaa itti baratan keessaa yeroo baayyee G/J fi haala galumsaatti kan fayyadaman yemmuu ta'uu, yeroo tokko tokko immoo, tooftaalee biroottis akka fayyadaman hubachuun ni danda'aama. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen barsiisaa tooftaa jechoota lama waliin tischeessuun hiika jechootaa argachuun danda'amurratti barannoo kennu arguuf danda'eera.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaate keessaa barattoonni lama akka jedhanitti, "Adeemsa baruuf barsiisuu fi qayyabannaa keessatti, baayyeen keenya G/J tti fayyadamna, darbee darbeemmoo, galumsaanis ni gargaaramna." Jechuun deebisanii jiru.

Waumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf taasifameen, daawwannaa daree geggeeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifame irraa ragaa argame wabeffachuun, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti bargaman baayyeen isaanii adeemsa baruuf barsiisuu fi Q/B/A/I keessatti itti fayyadamummaa hiika jechootaatiif tooftaa G/J tti fayyadamuu fi haala galumsa himaatti dhimma kan bahan yemmuu ta'uu, yeroo muraasa garuu, akka yaalitti tooftaalee biroottis tajaajilamaa akka jiran namatti agarsiisa.

Gabatee 6^{ffaa} gaaffiin 15^{ffaa} kan agarsiisu, Q/Q/B/A/I keessatti, barattoonni itti fayyadamummaa hiika jechootaa isaanii akka dagaagfataniif, deeggarsa gama barsiisotaatiin kennameef ilaalchisee, gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 8 (%7.14) yeroo mara, 53(%47.32) yeroo baayyee, 37(%33.03) darbee darbee, 14(%12.5) yeroo muraasa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) yeroo mara, 4(%40) yeroo baayyee, 2(%20) darbee darbee, jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisotaa kanneen madaallii qabxii olaanaa (53 fi4) tiin yemmuu xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa kana tooftaalee ofdanda’anii hiika jechootaa barachuu irratti deeggarsi gama barsiisotaan yeroo baayyee akka kennamaafii jiru hubachuun ni danda’aama.

Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen, D/B/A/I keessatti, barsistuu haala galumsa himaatiin hiika jechootaa barsiisaa jirtu tokko argee jira. Akkasumas, afgaaffii taasifameen barattoonni sadii akka jedhanitti,”Barsiisonni keenya D/B/A/I keessatti, yeroo baayyee itti fayyadamummaa hiika jechootaa keenya akka dagaagfannuuf tooftaalee hiika jechootaa itti barachuu dandeenyu keessaa baayyinaan haala itti fayyadama G/J fi haala galumsaatiin fayyadamuu irratti hubannoo nuuf laachaa jiruu.” Jedhanii jiru,(Dabalee D ilaali).

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf taasifameen, daawwannaa daree geggeeffa meefi afgaaffii barattootaaf taasifame irraa ,ragaan argame akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman lamaan keessaatti barachaa jiran keessaa baayyeen isaanii Q/Q/B/A/I keessatti itti fayyadamummaa hiika jechootaatiif tooftaalee ofdanda’anii hiika jechootaa barachuu irratti deeggarsi gama barsiisotaatiin kennamaa akka jiru hubachuun ni danda’aama.

4.2.4 Akkaakuu Galmee Jechootaa Barsiisuu

Bargaaffileen barattootaafi barsiisotaa lakkoofsi,16,17, 18, 19, 20,21,22, 23, yaadrimee gosoota G/J Q/Q/B/A/I keessatti isaan tajaajilu beeksisuu ilaalchisee, yaada jiru qaaccessuuf wixineeffame.

Gabatee,7, Akaakuwwan Galmee Jechootaa Barattoota Barsiisuu Irratti yaada jiru.

T.L	Qabxilee Ijoo Gaaffichaa	Filannoo Qabxii Iskeelii Kenname	Deebistoota			
			Barattoota		Barsiisoota	
			D.L	%	D.L	%
16	D/B/A/I keessatti qabiyyewwan barnootichaa qayyabachuuf gosoota G/J sooftikooppiitti yeroo hangama akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	24	21.42	-	-
		B, Yeroo Baayyee	37	33.07	3	30
		C, Darbee Darbee	43	38.39	5	50
		D, Yeroo Muraasa	8	7.14	2	20
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida’ama,	112	100	10	100
		M.Q.O	43	38.39	5	50
17	Q/Q/ B/A/I keessatti gosoota G/J aflameetti yeroo hangam akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	22	19.64	2	20
		B, Yeroo Baayyee	35	32.14	4	40
		C, Darbee Darbee	43	38.39	4	40

		D, Yeroo Muraasa	12	10.71	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	43	38.39	4	40
18	Q/Q/ B/A/I keessatti gosoota G/J sadarkaa qabanitti yeroo hangam akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	23	20.5	2	20
		B, Yeroo Baayyee	30	26.78	3	30
		C, Darbee Darbee	51	45.53	3	30
		D, Yeroo Muraasa	8	7.14	2	20
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	51	45.53	3	30
19	Q/Q/ B/A/I keessatti gosoota G/J A/O tti yeroo hangam akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	28	25	1	10
		B, Yeroo Baayyee	54	48.21	4	40
		C, Darbee Darbee	20	17.85	3	30
		D, Yeroo Muraasa	10	8.92	2	20
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O,	54	48.21	4	40
20	Q/Q/ B/A/I keessatti gosoota G/J bifa kitaabaatiin maxxanfamaniiti yeroo hangama akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	12	10.71	-	-
		B, Yeroo Baayyee	18	16.07	2	20
		C, Darbee Darbee	34	30.35	3	30
		D, Yeroo Muraasa	45	40.17	5	50
		E, Goonkumaa	3	2.67	-	-
		Ida'ama,	1122	100	10	100
		M.Q.O,	45	40.17	5	50
21	Q/Q/B/A/I keessatti barattoonni G/J A/O tti akka fayyadamaniif gorsuu.	A, Yeroo Mara	27	24.10	2	20
		B, Yeroo Baayyee	48	42.85	5	50
		C, Darbee Darbee	37	33.03	3	30
		D, Yeroo Muraasa	-	-	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	48	42.85	5	50
22	Q/Q/B/A/I keessatti gosoota G/J aflameetti akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	28	25	2	20
		B, Yeroo Baayyee	35	31.25	3	30
		C, Darbee Darbee	39	34.82	3	30
		D, Yeroo Muraasa	10	8.92	2	20
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O	39	34.82	3	30
23	Q/Q/B/A/I keessatti barattoonni gosoota G/J sadarkaa qabanitti akka fayyadamaniif gorsuu.	A, Yeroo Mara	26	23.25	3	30
		B, Yeroo Baayyee	44	39.28	5	50
		C, Darbee Darbee	30	26.78	2	20
		D, Yeroo Muraasa	12	10.71	-	-
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100

		M.Q.O	44	39.28	5	50
--	--	-------	----	-------	---	----

Akka gabatee 7^{ffaa} gaaffii 16^{ffaa} tti keessatti ibsametti barattoonni manneen barnootichaa gosoota G/J sooftikooppii (galmee jechootaa meeshaalee elektirooniksii) tti fayyadamuu ilaalchisee, gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 24(%21.42) yeroo mara, 37(%33.07) yeroo baayyee, 43(%38.39) darbee darbee, 8(%7.14) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 3(%30) yeroo baayyee, 5(%50) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Ragaa barattootaafi barsiisota kanneen yemmuu madaallii qabxii olaanaa (43 fi 5) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootichaa keessaa hammi tokko Q/Q/B/A/I keessaati darbee darbee gosoota G/J sooftikooppiitti akka fayyadamaa jiran namatti agarsiisa. Gama birootiin, qoratiichi daawwannaa daree geggeesseen, daree barnootaa tokko keessatti barattoota garee gareen gilgaalota shaakalaa jiran keessatti barattoonni garee lama osoo galmee jechootaa karaa moobayiliisaaniitiin fayyadamuutti jiranii argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, barattoonni lama Akka jedhanitti,”Baayyeen keenya daree barnootaa keessatti fi qayyabannoo qabiyyee keessatti gosoota galmee jechootaa apliikeeshinii karaa moobaayilii keenyaatti fayyadamnaa”. Jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf taasifameen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattootaaf taasifameen barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti barachaa jiran keessaa walakkaan isaanii adeemsa baruuf barsiisuufi Q/Q/B/A/I keessatti, gosoota galmee jechootaa sooftikooppii moobaayilii isaanii keessaa qabanitti akka dhimma bahan hubachuun ni danda’ama.

Gabatee 7^{ffaa} gaaffiin 17^{ffaan} kan argisiisu, barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti, gosoota galmee jechootaa aflameetti fayyadamuu ilaalchisee gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 22(%19.64) yeroo mara, 35(%32.14) yeroo baayyee, 43(%38.39) darbee darbee, 12(%10.71) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) yeroo mara, 4(%40) yeroo baayyee, 4(%40) darbee darbee jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattoonnifi barsiisoonni kun kennan kana yemmuu madaallii qabxii olaanaa(43 fi4) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran

keessaa harkicaalu darbee darbee adeemsa baruuf barsiisuufi Q/A/B/A/I keessatti gosoota galmee jechootaa aflameetti fayyadamaa akka jiran hubachuu dandeenya. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeesse keessatti, barattoota D/B/A/I keessatti garee gareen gilgaalota shaakalan keessatti barattoota garee sadii keessatti barattoota galmee jechootaa Elelleetti fayyadamaa jiran argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifamee keessaa barattoonni lama akka jedhanitti,”Adeemsa baruuf barsiisuu keessatti baayyeen keenya gosoota galmee jechootaa aflame kanneen akka Elellee, Hirkoo fi k,k,f tti fayyadamnaa.” jedhanii jiru,(Dabalee D ilaali).

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf taasifameen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen ragaan argame akka argisiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko darbee darbee Q/Q/B/A/I fi adeemsa baruuf barsiisuu keessatti gosoota galmee jechootaa aflameetti fayyadamaa akka jiran namatti agarsiisa.

Gabatee 7^{ffaa} gaaffii 18^{ffaan} kan agarsiisu, barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti,galmeewwan jechootaa sadarkaa qabanitti fayyadauufi dhiisuu isaanii adda baasuuf gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen barattoonni 23(%20.53) yeroo mara, 30(%26.78) yeroo baayyee, 51(%45.53) darbee darbee, 8(7.14) yeroo muraasa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) yeroo mara, 3(%30) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisota kanneen yemmuu madallii qabxii olaanaa (51 fi3) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa walakkaan isaanii darbee darbee qayyabannoo keessatti gosoota galmee jechootaa filatamootti fayyadamaa akka jiran hubanna. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa daree geggeeseen, D/B/A/I keessatti barattoota garee gareen seerluga fi gilgaalota shaakalan keessatti, garee muraasa keessatti osoo barattoonni gosoota galmee jechootaa sadarkaa gaarii qaban kanneen akka Oxford English Dictionary fi Elelleetti fayyadamanuu argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen barattoonni sadii Akka ibsanitti,”Adeemsa baruuf barsiisuufi qayyabannoo qabiyyee keessatti galmee jechootaa sadarkaa qabanitti fayyadamna.” Jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa baayyeen isaanii darbee darbee gosoota galmee jechootaa sadarkaa qabanitti fayyadamaa akka jiran hubachuu dandeenya.

Gabatee 7^{ffaa} gaaffiin 19^{ffaan} kan agarsiisu,D/B/A/I keessatti, barattoonni manneen barnootichaa qayyabannoo qabiyyee barnootichaa keessatti gosoota G/J/ A/O tti fayyadamuufi dhiisuu isaanii adda baasuuf gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 28(%25) yeroo mara, 54(%48.21) yeroo baayyee, 20(%17.85) darbee darbee, 10(%8.92) yeroo muraasa jechuun yemmuu deebisan, barsiisaan 1(%10) yeroo mara, 4(%40) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa,jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattoonni fi barsiisonni kun kennan yemmuu madaallii qabxii olaanaa (54 fi 4) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa walakkaan isaanii yeroo baayyee Q/Q/B/A/I keessatti gosoota G/J A/O tti fayyadamaa akka jiran hubanna. Gama birootiin, qoratichi daawwannaa D/B/A/I keessatti geggesseen ,barattoota garee gareen shaakala adda addaa hojjachaa jiran keessatti, barattoonni garee sadii osoo isaan galmee jechootaa Elelleefi Hirkootti fayyadamaa jiranii argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattootta iddatteeffaman hundaaf taasifameen, barattoonni sadii yaada walfakkaattoo itti aanu kana kennaniiru, ”Q/Q/B/A/I fi gosoota barnoota biroo keessattis baayyinaan galmee jechootaa Aflamee Afaan Oromootti fayyadamna,” jedhanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootafi barsiisotaaf dhiyaaterra, daawwannaa geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifamerra odeeffannoon sassaabame akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti barachaa jiran keessaa walakkaan isaanii yeroo baayyee qayyabannoo fi adeemsa baruuf barsiisuu B/A/I keessatti gosoota G/J A/O tti akka fayyadamaa jiran hubanna.

Gabateen 7^{ffaa} gaaffiin 20^{ffaan} kan agarsiisu,barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti, G/J hardikooppii (G/J bifa kitaabaatiin maxxanfame) tti fayyadamuufi dhiisuu isaanii addaan baafachuuf gaafannoo barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 12 (10.71) yeroo mara, 18(%16.07) yeroo baayyee, 34(%30.35) darbee darbee, 45(%40.17) yeroo muraasa,

3(%2.67) goonkumaa jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 5(%50) yeroo muraasa, jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaafi barsiisotaa kanneen yemmuu madaallii qabxii olaanaa (45 fi 5) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko yeroo muraasa qofa gosoota G/J hardikooppiitti akka fayyadamaa jiran hubanna. Dabalaataanis, qoratichi daawwannaa daree geggeesseen barattoota garee gareen qoodamanii gilgaalota shaakalaa jiran keessaa garee lama keessatti, barattoota G/J Elelleefi Oxfordiin fayyadamaa jiran qabatamaan arguuf danda'eejira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen, barattoonni lama akka jedhanitti,"Adeemsa baruuf barsiisuufi Q/Q/B/A/I keessatti, yeroo tokko tokko qofa G/J hardikooppiitti fayyadamna malee harka caalu G/J sooftikooppii moobayila keenya keessaa qabnun fayyadamna." jedhaniiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen ragaan argame akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa kanneen keessaatti barachaa jiran keessaa muraasa isaanii qofatu, yeroo muraasa gosoota G/J hardikooppiitti fayyadamaa akka jiran hubanna.

Gabateen 7^{ffaa} gaaffin 21^{ffaan} kan agarsiisu,barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti, gosoota G/J A/O tti akka fayyadamaniif ,hubannoo gama barsiisotaatiin isaaniif kennamuufi dhiisuu isaa adda baafachuuf gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 27(%24.10) yeroo mara, 48(%42.25) yeroo baayyee, 37(%33.03) darbee darbee, jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 2(%20) yeroo mara, 5(%50) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, jechuun deebisanii jiru. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen barattoota daree keessatti garee gareen gilgaalota shaakalan keessaa hammi tokko darbanii darbanii hiika jechootaa yemmuu gaafataniiti, barsiisaan tokko "G/J afaan dhalootaa keessatti hiiku osoo qabaattanii haala salphaan hiika jechootaa barachuu ni dandeessu" jechuun gorsa yemmuu kennu qorataan kun arguuf danda'eera.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen, barattoonni afur akka jedhanitti," Hanqinni gama keenyaan haajiraatu malee, barsiisonni keenya sadarkaa gadaanu irraa jalqabee

hanga ammaatti B/A/I keessatti G/J afaan dhalootaa keenyatti akka fayyadamnuuf nu gorsaa turanii” jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa hedduun isaanii yeroo baayyee G/J/ A/O tti akka fayyadamaniif barsiisotaan gorfamaa akka jiran hubanna.

Gabateen 7^{ffaa} gaaffiin 22^{ffaan} kan agarsiisutti, barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti, gosoota G/J aftokkeetti fayyadamuu fi dhiisuu isaanii adda baafachuuf gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 28 (%25) yeroo mara, 35(%31.25) yeroo baayyee, 39(%33.82) darbee darbee, 10(%8.92) yeroo muraasa, jechuun yemmuu deebisanitti, barsiisonni 2(%20) yeroo mara, 3(%30) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa, jechuun deebisanii jiru.

Yaada barattoota fi barsiisotaa kanneen yemmuu madaallii qabxii olaanaa (39 fi 3) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko darbee darbee gosoota G/J aftokkeetti fayyadamaa akka jiran hubanna. Dabalataanis, qoratichi daawwannaa daree geggeesseen, barattoota garee gareen ijaaramanii shaakala garaa garaa shaakalan keessaa garee lama keessatti G/J (Oxford English) osoo fayyadamanuu argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, barattoonni lama Akka jedhanitti ,” Qayyabannoo keessatti gosoota G/J aftokkeetti fayyadamuun gahumsa hiika jechootaa afaan tokkoo beekuu keessatti faayidaa olaanaa qabaa”., jechuun ibsaniiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, odeeffannoon argame akka agarsiisutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaan} manneen barnootichaa keessaa hammi tokko darbee darbee Q/Q/B/A/I fi keessatti, G/J aftokkeetti fayyadamaa akka jiran hubanna.

Gabateen 7^{ffaa} gaaffiin 23^{ffaan} kan agarsiisu, qayyabannoo qabiyyeefi adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti G/J filatamootti akka fayyadamaniif barsiisonni manneen barnootichaa hubannoon kennuu ilaalchisee, gaafannoo barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni

26(23.21) yeroo mara, 44(%39.28) yeroo baayyee, 30(%26.78) darbee darbee, 12(%10.71) yeroo muraas, jechuun yemmuu deebisanitti, barsiisonni 3(%30) yeroo yeroo mara, 5(%50) yeroo baayyee, 2(%20) darbee darbee, jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattootaa fi barsiisotaan kenname kana yemmuu madaallii qabxii olaanaa (44 fi 5) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffaman kanneen keessatti barachaa jiran jiran keessaa hammi tokko yeroo baayyee G/J filatamootti akka fayyadamaniif hubannoon gama barsiisotaatiin kennamaafii akka jiru hubanna. Dabalataanis, qoratichi daawwannaa daree geggeesse keessatti, barattoota daree barnootaa keessatti garee gareen ijaaramuun gilgaalota shaakalaa jiran keessaa garee lama keessaa G/J filatamoo kanneen akka (Oxfordi fi Elellee) tti osoo fayyadamanii argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen barattoonni sadii akka jedhanitti,” Q/Q/B/A fi adeemsa barachuufi barsiisuu keessatti gosoota G/J hundatti fayyadamuu osoo hintaane kanneen beekamtii qabanitti akka fayyadamanuuf barsiisonni keenya nu jajjabeessu” jechuun deebisanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaafi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffameefi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen ragaan argame barattoota kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootichaa keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko yeroo baayyee G/J sadarkaa qabanitti akka fayyadamaniif hubannoon gama barsiisotaatiin kennamaa akka jiru hubanna.

4.2.5 Qajeelfama fi Odeeffannoo Haala Itti Fayyadama Galmee Jechootaa Irratti Hubannoo Laachuu.

Bargaaffileen barattootaafi barsiisotaa lakkoofsi, 24, 25, 26, qajeelfamafi odeeffannoo haala itti fayyadama galmee jechootaa irratti hubannoo laachuu fi akka itti fayyadamaniif kaka'umsa uumuuf wixineeffame.

Gabatee, 8, Qajeelfamafi Odeeffannoo Haala Itti Fayyadama Galmee Irratti Hubannoo Laachuu Ilaalchisee Yaada Jiru

T.L	Qabxilee Ijoo Gaaffichaa	Filannoo Qabxii Iskeelii Kenname	Deebistoota			
			Barattoota		Barsiisota	
			D.L	%	D.L	%
24	Q/Q/B/A/I keessatti G/J tti osoo hin fayyadamiin qajeelfamaa fi odeeffannoo kitaabichaa yeroo hangamiif	A, Yeroo Mara	9	8.03	-	-
		B Yeroo Baayyee,	16	14.28	4	40
		C, Darbee Darbee	41	36.60	3	30
		D Yeroo Muraasa,	37	33.04	3	30

	akka dubbisan ibsuu	E, Goonkumaa	9	8.03	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O	41	36.60	4	40
25	Q/ Q/ B/A/I keessatti G/J tti yeroo hangamiif haala sirnaawaan akka fayyadaman ibsuu.	A, Yeroo Mara	5	4.46	-	-
		B, Yeroo Baayyee	27	24.10	3	30
		C, Darbee Darbee	46	41.46	4	40
		D, Yeroo Muraasa	34	30.35	3	30
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama,	112	100	10	100
		M.Q.O	46	41.46	4	40
26	Q/Q/B/A/I keessatti G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfamaa fi odeeffannoo sirnaan akka dubbisaniif gorsa kennuu	A, Yeroo Mara	-	-	-	-
		B, Yeroo Baayyee	25	22.32	4	40
		C, Darbee Darbee	47	41.96	4	40
		D, Yeroo Muraasa	40	35.71	2	20
		E, Goonkumaa	-	-	-	-
		Ida'ama	112	100	10	100
		M.Q.O	47	41.96	4	40

Gabatee 8^{ffaa} gaaffii 24^{ffaan} kan agarsiisu, barattooni manneen barnootaa iddatteeffaman keessatti barachaa jiran Q/Q/B/A/I keessatti, G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfamaafi odeeffannoo haala itti fayyadama G/J dubbisani hubachuu waliin walqabatee, gaafannoo barattootta fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattooni 9(%8.03) yeroo mara, 16(%14.28) yeroo baayyee 41(%36.60) darbee darbee, 37(%33.04) yeroo muraasa, 9(%8.03) goonkumaa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisonni 4(%40) yeroo baayyee, 3(%30) darbee darbee, 3(%30) yeroo muraasa, jechuun deebisani jiru.

Deebii barattoota fi barsiisota kanneen yemmuu M.Q.O (41 fi 4) tiin xiinxalamu, barattooni manneen barnootaa iddatteeffaman kana keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko darbee darbee G/J fayyadamuun duratti qajeelfamaafi odeeffannoo haala itti fayyadaa G/J dubbisani hubannoo isaanii cimsachaa akka jiran hubachuun ni danda'aama. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen D/B/A/I keessatti, barattoota qajeelfama haala itti fayyadama G/J dubbisaa jiran arguu baatullee, jechoota hiikaaf barbaadan haala salphaan G/J keessaa argatanii hiika jechootaa gaafatamaniif yemmuu deebii kennaan argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf taasifameen barattooni sadii Akka jedhanitti,"G/J tti fayyadamuun duratti haala itti fayyadama G/J irratti qajeelfamaafi odeeffannoo haala ittifayyadama darbee darbee ni dubbifna" jedhanii jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattoota fi barsiisotaaf godhameen, daawwannaa daree geggeeffamee fi afgaaffii barattoota taasifame irraa ragaan argame akka ibsutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootichaa keessaa hammi tokko darbee darbee G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfamaafi odeeffanno haala itti Fayyadama isaarratti hubannoo horatanii sirnaan itti fayyadamaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

Gabatee 8^{ffaa} gaaffii 25^{ffaan} kan agarsiisu,Q/Q/B/A/I keessatti, barattoonni maneen barnootichaa G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfamootaafi odeeffannowwan haala itti fayyadama isaa dubbisanii hubachuun hangam sirnaan fayyadamaa jiru gaaffii jedhurratti gaafannoo barattoota fi barsiisotaaf dhiyaateen, barattoonni 5(%4.46) yeroo mara, 27(%24.10) yeroo baayyee, 46(%41.46) darbee darbee, 34(%30.35) yeroo muraasa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisoonni 3(%30) yeroo baayyee, 4(%40) darbee darbee, 3(%30) yeroo muraasa, jechuun deebisanii jiru.

Deebii barattoota fi barsiisota kanneen yemmuu M.Q.O (46 fi 4) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa kanneen keessatti barachaa jiran keessaa walakkaatti kan dhiyaatan darbee darbee qajeelfama fi odeeffannoo haala itti fayyadama G/J irraa hubannoo horatanii sirnaan itti fayyadamaa akka jiran namatti agarsiisa.

Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen daree barnootaa lama keessatti barsiisota faayidaa fi haala itti fayyadama G/J irratti barattoota haala salphaa ta'een jechoota hiikaaf barbaadan argatanii gaaffii gafatamaniif deebii kennan arguu danda'eera. Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffaman hundaaf dhiyaateen, barattoonni sadii akka jedhanitti," G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfama haala itti fayyadamaaf nama deeggaru argachuuf odeeffannoo dhiyaate dubbisnee haala salphaan akka fayyadamuu dandeenyurratti darbee darbee qajeelfamoota dubbisaa waan jirruuf hubannoo qabnu cimsannee jirra" jedhanii jiru .

Walumaagalatti, bargaaffii barattoota fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffamee fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif dhiyaateen, ragaaleen sassaabaman akka agarsiisanitti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootichaa keessatti barachaa jiran keessaa baayyeen isaanii darbee darbee muuxxannoo haala itti fayyadama G/J ilaalchisee qajeelfamootaa fi odeeffannowwan dubbisanii itti fayyadamaa turaniin yeroo amma kana haalaan itti fayyadamaa akka jiran namatti agarsiisa.

Gabatee 8^{ffaa} gaaffii 26^{ffaan} kan agarsiisu, barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I tif G/J tti fayyadamuun duratti qajeelfamootaa fi odeeffannowwan kutaa jalqabaa kitaabichaa irratti argaman dubbisaniif hubannoo akka gabbifataniif gorsi kennamaa jiraachiif dhabuu adda baasuuf, gaafannoo dhiyaateen, barattoonni 25(%22.32) yeroo baayyee, 47(%41.96) darbee darbee, 40(%35.71) yeroo muraasa, jechuun yemmuu deebisan, barsiisoonni 4(%40) yeroo baayyee, 4(%40) darbee darbee, 2(%20) yeroo muraasa, jechuun deebisaniif jiru.

Yaada barattootaafi barsiisotaa kanneen yemmuu M.Q.O (47 fi 4) tiin xiinxallu, barattoonni manneen barnootaa iddatteeffamana kanneen keessatti barachaa jiran keessaa hammi tokko darbee darbee gorsaafi hubannoo barsiisota isaanii irraa argataniin G/J tti sirnaan fayyadamaa akka jiran hubachuun ni danda'aama. Gama birootiin, daawwannaa daree geggeeffameen daree barnootaa lama keessatti barsiisota barannoo hiika jechootaairratti haala salphaan G/J keessaa jechoota barbaadan argachuun akka danda'aamu irratti hubannoo osoo kennan argee jira.

Akkasumas, afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifameen, barattoonni afur akka jedhanitti,” G/J tti fayyadamuun duratti gosoota jechaa , garee jechootaa , haala itti fayyadamaa fi haala jechoonni sun itti dubbifamaniifi kanneen biroo irratti hubannoo horachuuf qajeelfama kutaa jalqabaa G/J hedduu irratti qophaa'e dubbifnee hubannoo achirraa arganneen sirnaan itti fayyadamnee gahumsa hiika jechootaa keenya guddifachuu akka dandeenyu ratti barsiisoonni keenya hubannoo nuuf laatu”. Jechuun jiru.

Walumaagalatti, bargaaffii barattootaa fi barsiisotaaf dhiyaateen, daawwannaa daree geggeeffameen,fi afgaaffii barattoota iddatteeffamaniif taasifame irraa ragaan argame akka ibsutti, barattoonni kutaa 10^{ffaa} fi 11^{ffaa} manneen barnootichaa keessatti barachaa jiran keessaa, walakkaatti kan dhiyaatan gorsaa fi hubannoo barsiisota isaanii irraa argataniin darbee darbee qajeelfamaafi odeeffannoo haala itti fayyadama G/J irratti hubannoo horataniin sirnaan itti fayyadamaa akka jiran hubachuun ni danda'aama.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaa kana jalatti, yaada cuunfaa fi argannowwan qorannichaa irratti hundaa’uun yaboon (yaanni furmaataa) dhiyaatee jira.

5.1 Cuunfaa

Kaayyoon qorannoo kanaa haala itti fayyadama G/J A/ Oromoo qayyabannaa B/A/I barattoota M/B Saqqaa Sadarkaa Lammaffaafi Qophaa’inaa keessatti Sadarkaa maalirra akka jiru sakatta’uun ibsuudha. Ka’umsi qorannoo kanaas, komii barsiisota Afaan Ingilizii,taajjabii qoratichaa fi yaada barnootichaa baayyeen isaanii kaasan irratti kan xiyyeeffatedha. ka’umsa dhimma qabiyyeen barnootaa afaan tokkoon qophaa’e gara afaan birootti hiikamee barsiifamu kana baruuf qorannoo kana geggeessuuf kaka’umsa kan horatedha. Kanaaf, qorataan kun qorannoowwan aantee fi ragaa barattootaafi barsiisotaa manneen barnoorichaa sakatta’uun qorannoo kana geggeessee jira.

Akkasumas, kaayyoo qorannoo kana galmaan gahuuf, malleen odeeffannoon ittin funaaname bargaaiffii barattoota fi barsiisotaa, daawwannaa daree fi afgaaffii barattootaatti dhimma bahuun kan geggeefamedha. Qoratichi, bargaaiffii keessatti,gaaffiwwan yaanni isaanii walfakkaatan, barattoota 112 fi barsiisota 10f raabsuun hunda isaanii harkaa funaanee deebii isaan kennan lakkoofsa deebisootaa gabateerratti dhibbeentaatti erga jijjiireen booda, yaanni deebii isaanii maal akka fakkaatu madaallii qabxii olaanaatti gargaaramuun hiika itti kennee jira.

Kanarra darbees, daawwannaa daree keessatti, cheekliistii mirkaneeffannaa raawwii daree fayyadamuun qabxii mirkaneeffata daawwannaa daree keessatiin odeeffannowwan bargaaiffii fi afgaaffiitiin argate qabatamummaa isaanii mirkaneeffateera.

Akkasumas, qoratichi afgaaffidhan immoo, deebii bargaaaffidhaan kenname qulqulleeffachuuf, gaaffilee barattoota 6f dhiyeessee yaada irraa argatee jira. Gama birootiin, odeeffannoon qorannoo kanaa malleen akkamta fi hammamtaatiin ibsame. Kana booda, iddattoo filataman irraatti hundaa’uudhaan ragaalee qorannoo kana keessatti funaanamanirraa yaadolee guduunfaa ykn argannoo qorannichaa akka armaan gadii kanatti tarreeffaman kana irra gahaamee jira.

5.2 Argannoo Qorannichaa

1, Barattoonni manneen barnoota kanaa baayyeen isaanii yeroo baayyeef iddattoo fudhatame irraa ka’uun akka daree barnootichaafi manneen barnootichaatti Q/B/A/I gara A/ O tti hiikamee

akka dhiyaatuuf akka gaafatan hubatamee jira. Kanarraa ka'uun, qorataan kun komiin barsiisota A/ I manneen barnootichaa sirrii ta'uu isaa mirkaneeffachuu danda'ee jira.

2, Barattoonni manneen barnootichaa faayidaa G/J tti fayyadamuun qayyabachuun qaburratti darbee darbee gorsa fudhachaa akka jiran ragaa argame irraa ka'uun hubachuun danda'aameera.

3, Barattoonni kun tooftaalee ofdanda'aanii hiika jechootaa itti barachuu danda'an ilaalchisee, faayidaa G/J tti fayyadamuun qabu fi tooftaa haala galumsa himaatti fayyadamuu irratti hubannoon darbee darbee kennamu fi hubannoo duraan qabanitti fayyadamuun tajaajilamaa akka jiran namatti agarsiisa..

4, Barattoonni manneen barnootichaa Q/Q/B/A/I keessatti, tooftaalee ofdanda'anii hiika jechootaa itti barachuu danda'anilaalchisee kanneen gahumsa hiika jechootaa qaban baayyee muraasa akka ta'an ragaan argame ni ibsa.

5, Barattoonni manneen barnootaa kun adeemsa baruuf barsiisuufi Q/Q/B//A/I keessatti, baayyeen isaanii yeroo baayyeef gosoota G/J aflame A/Oromooti tajaajilamaa akka jiran ragaa argame irraa ka'uun hubachuuf danda'ee jira.

6, Barsiisonni A/I manneen barnootichaa darbee derbee haala ittifayyadama G/J irratti hubannoo kennaa akka jiran hubachuun danda'aamee jira.

5.3 Yaboo(Yaada furmaataa)

Yaadolee argannoo qorannoo kana keessatti dhiyaatan kana bu'uura godhachuun hanqinoota argannoo kana keessatti eeraman furuuf, qorataan kun yaadawwan furmaata ta'u jedhee yaade akka armaan gadii kanatti dhiyeessee jira. Isaanis:

1, Barsiisonni A/I manneen barnootichaa daree barnootaa keessatti qabiyyeen barnootichaa yeroo baayyeef gara A/O tti hiikamee akka dhiyaatuuf gaaffi barattoonni kaasan irratti komii dhiyeeffachuu qofa osoo hintaane, sababa rakkoo barattoota kanaa adda baasuun irraatti hojjachuun gaarii ta'a..

2, Barsiisonni Afaan Ingiliffaa manneen barnootichaa rakkoon barattoonni kun qaban ulfaatina hiika jechootaa qabiyyee barnootichaa akka ta'e hubatanii gahumsa itti fayyadamummaa hiika

jechootaa barattoota kanaa dabaluufta tooftaalee barbaachisan hundumaa irratti xiyyeeffannoo guddaa kennuun irratti hojjachuun barbaachisaa ta'a.

